# XIINXALA HOJIIRRA OOLMAA BARNOOTA AFAAN OROMOO, SADARKAA TOKKOFFAAN DURAA KEESSATTI: HANQINOOTAAFI DANQAALEE GODINA ARSII, AANAA MUUNESSAATTI

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFAA (MA)**

**AHIMAD AMAAN NUUREE**

**HAGAYA 2024**

**YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA, HARAMAAYAA**

# XIINXALA HOJIIRRA OOLMAA AFAAN OROMOO, BARNOOTA SADARKAA TOKKOFFAAN DURAA KEESSATTI: HANQINOOTAAFI DANQAALEE GODINA ARSII, AANAA MUUNESSAATTI

**Qorannoo Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA) Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi Qunnamtiif Dhihaate**

**QAJEELCHA SAGANTAA DIGIRII DURAAN BOODAA YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA**

**Ulaagaa Ittiin Guuttannaa Gartokkee Digirii 2^ffaa Afaan Oromoofi Ogummaa Barsiisuutiin**

**AHIMAD AMAAN NUUREE**

**HAGAYA 2024**

**YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA, HARAMAAYAA**

**YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA**

**QAJEELCHA SAGANTAA DIGIRII DURAAN BOODAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFAA GUUTTACHUUF KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAAWWANIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGUMAAFI QUNNAMTIIF QOPHAA'EE DHIHAATE**

| | | |
|---|---|---|
| Jeeylaan Amaan (PhD) | ____________ | ____________ |
| Gorsaa Ijoo | Mallattoo | Guyyaa |
| Garramaaw Caalaa (Gargaaraa Piroofeesaraa) | ____________ | ____________ |
| Gorsaa Aantee | Mallattoo | Guyyaa |

Akka miseensota koree madaaltotaatti waraqaan qorannoo kun ulaagaa digirii lammaffaa Afaan Oromoo, Ogumaafi Qunnamtii guuttachuuf kan qophaa'e ta'ee nutis waraqaa qorannoo ahimad amaan kun kan mirkanaa'eefi ulaagaa kan guutu ta'uu ni mirkaneessina

Koree Madaaltotaa

| | | |
|---|---|---|
| ____________________ | ____________ | ____________ |
| Barreessaa | Mallattoo | Guyyaa |
| ____________________ | ____________ | ____________ |
| Qoraa Alaa | Mallattoo | Guyyaa |
| ____________________ | ____________ | ____________ |
| Qoraa Keessaa | Mallattoo | Guyyaa |
| ____________________ | ____________ | ____________ |

Itti Gaafatamaa Muummee Ykn Qindeessaa Sagantaa Eebba Boodaa

## IBSA QORATAA

An qorataan maqaan kiyyaafi mallattoon kiyya armaan gaditti tuqame, waraqaa qorannoo kun hojii kiyya ta’uufi kanaan dura yuunivarsiitii kamuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhihaanne ta’uusaafi qorannoo kanaaf wabiilee adda addaa kitaabilee wabii mata duree kiyyaan walitti dhihaatan wabiilee keessa kaa’uufi hojii kun kiyya ta’uu ni mirkaneessa.

Maqaa ______________________________

Mallattoo____________________________

Guyyaa______________________________

Iddoo: Yuunivarsiitii Haramaayaa

# SEENAA QORATAA

Qorataan Onkoloolessa 15 bara 1981 godina Arsii Lixaa bulchiinsa magaalaa Nageellee Arsii ganda Eddo Jigeessaa iddoo addaa Qiiqicha jedhamutti abbaa isaa Obboo Amaan Nuuree Maattichaa haadha isaa Aaddee Shumbaa Muhaammad Buttaa irraa dhalate. Akkuma umriin barnootaaf gaheen bara 1988 mana barnoota Buura Garaa jedhamutti kutaa 1ffaa hanga kutaa 6ffaa barate. Erga gara kutaa 7ffaatti darbee mana barnoota yeroo durii  Nageellee Arsii Lakkoofsa 2 jedhamu kan yeroo amma mana barnoota Eddoo Warqaa jedhamutti kutaa 7-8 baratee bara1995 qormaata biyyoolessaa kan naannoo fudhate.

Bara 1996-1997 kutaa 9ffaa fi 10ffaa mana barnoota Nageellee Arsiitti baratee dhuma bara 1997 qormaata biyyoolessaa biyyaa fudhate. Bara 1998-1999 kutaa 11ffaa-12ffaa mana barnoota qophaa’inaa Nageellee Arsiitti baratee dhuma bara 1999 qormaata biyyoolessaa biyyaa kan seensa barnoota olaanaa ykn yuunivarsiitii fudhatee qorumsicha darbe.

Bara 2000-2002tti yuunivarsiitii Finfinnee muummee Afaan Oromoo seenee xumura bara 2002 digirii duraatiin eebbifame. Bara 2007 yuunivarsiitii  Haramaayaa koolleejjii Barnootaafi Saayinsii Amalaa muummee Karoorafi Hoogganssa  Barnootaa Sagantaa Dursaa Mana Barnootaan baratee bara 2009 milkaa’ina olaanaadhaan xumure. Bara 2010 dorgomee carraa barnoota digirii 2ffaa argatee yuunivarsiitii Haramaayaa Muummee Afaan Oromoo,Ogumaafi Qunnamtii seene.

# GALATA

Hunda dura Rabbi guddaa tokkicha abbaa hundaa waa mara na dandeessisee qorannoo kana akka xumuruuf dandeettii naa qoshore galata guddaa isaaf galcha. Itti aansuun gorsaa ijoo kiyya Jeeylaan Amaan (PHD)fi gorsaa aantee kiyya kan ta'an Garramaaw Caalaa (Gargaaraa Piroofeesaraa) yeroo isaanii aarsaa godhanii mata duree qorannoo filachuu irraa kaasanii qorannoon kun akka milkaa'uufi kaayyoo kiyya akka galmaan gahuuf gorsa abbummaafi obbolummaa waan naa kennaa turaniif galata onnee irraa madde galchaaf.

Barsiisota Yuunivarsiitii Haramaayaa Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi Qunnamtii barsiisan kan yeroo adda addaa waan gaafadhe mara naaf kennuun na cinaa dhaabatan galata guddaa ana biraa qabu. Haadha warraa tiyya barsiistuu Xayyibaa Guyyee Badhaasoo yeroo qorannoo kana gaggeessu barreeffama koompitaraanis haa ta'uu yaada ragaalee funaanamanii qindeessuun milkaa'ina qorannoo kiyyaaf waan na utubdeef galanni guddaadha.

Barsiisota, dura bu'oota manneen barnoota qorannoon keessatti gaggeeffamee, itti gaafatamtoota waajjira barnootaafi ogeeyyii barnoota sadarkaa tokkoffaan duraafi afaan dhalootaa irratti hojjatan yeroo odeeffannoo funaanu of qusannoo tokko malee ragaa qorannoo naaf kennuun deeggarsa naaf godhaniif galata galchaaf. Itti aansuun abbaa kiyyaa obboo Amaan Nuuree Maattichaafi haadha tiyya aadde Shumbaa Muhaammad Buttaa yeroo mara na cinaa hin dhabamneefi milkaa'ina barnootaa jalqabarraa kaasanii hanga ammaatti na cinaa jiraniif galata guddaa ana biraa qabu.

## IBSA GABAAJEEWWANII

BSTD: Barnoota Sadarkaa Tokkoffaan Duraa

BBO: Biiroo Barnoota Oromiyaa

DhSBAMG: Dhaabbata Saayinsii,Aadaafi Barnoota Mootummoota Gamtoomanii

GQIBA: Guddina Qooddii Istaandardii Barnoota Addunyaa

MBI: Ministeera Barnootaa Itoophiyaa

KBDG: Kunuunsaa Fi Barnoota Daa’immanii Ganamaa

FBDA: Fooramii Barnoota Dubartoota Afrikaa

WGMB: Wirtuu Gurmuu Manneen Barnootaa

## BAAFATA

**QABIYYEEWWAN** **FUULA**

**IBSA QORATAA ..................................................................................................iv**

**SEENAA QORATAA ..........................................................................................v**

**GALATA ..........................................................................................................vi**

**IBSA GABAAJEEWWANII ................................................................................ vii**

**IBSA GABATEEWWAN ....................................................................................xi**

**AXEREERA..................................................................................................... xii**

**1.SEENSA..........................................................................................................1**

1.1 Seenduubee Qorannichaa ................................................................................ 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa ..................................................................................... 2

1.3 Gaaffilee Qorannichaa ..................................................................................... 4

1.4 Kaayyoo Qorannichaa ..................................................................................... 5

1.4.1 Kaayyoo Gooroo ............................................................................................ 5

1.4.2 Kaayyoo Gooree ............................................................................................ 5

1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa ....................................................................... 5

1.6 Daangaa Qorannichaa ..................................................................................... 6

1.7 Hanqina Qorannichaa ...................................................................................... 6

**2. SAKATTA'A BARRUULEE FIROOMAA ...........................................................7**

2.1 Hojiirra Oolmaa Barnoota Afaanii ..................................................................... 7

2.2 Barnoota Sadarkaa Tokkoffaan Duraa Keessatti Afaan Barsiisuu ........................ 8

2.3 Bu'aa BSTD Keessatti Afaan Oronoo Barsiisuun Booda Eeggamu ......................... 8

2.4 Hanqinoota Hojiirra Oolmaa Barnoota Afaanii ................................................. 10

2.4.1 Hanqina Gama Sirna Barnootaatiin Jiru ........................................................ 10

2.4.2 Hanqina Hubannoo Gama Faayidaa BSTD Keessatti Afaan Barsiisuutiin Jiru ...... 12

2.4.3 Hanqina Gama Leenjii Barsiisota Afaan Barsiisaniin Jiru ................................. 14

2.4.4 Hanqinoota Gama Mala Afaan Barsiisuutiin Jiru ........ 15
2.4.5 Hanqina Gama Meeshaalee Barnootafi Deeggarsa Barnootaan Jiru........ 18
2.4.6 Hanqina Gama Madaallii Walitti Fufaatiin Jiru........ 20
2.5 Danqaalee Hojiirra Oolmaa Barnoota Afaanii Bstd Keessatti ........ 21
2.5.1 Danqaa Gama Maatiifi Umrii Daa'immaniin Jiru........ 21
2.6 Madda Hanqinootaafi Danqaalee........ 23
**2.7 Yaaxxina Qorannichaa ........24**
**3. XIINMALA QORANNICHAA........25**
3.1 Saxaxa Qorannichaa........ 25
3.2 Madda Ragaalee Qorannichaa ........ 25
3.3 Iddattoofi Malleen Iddatteessuu Qorannichaa ........ 25
3.3.1 Iddatoo Qorannichaa ........ 26
3.3.2. Malleen Iddatteessuu Qorannichaa ........ 27
3.4 Malleen Funaansa Ragaalee........ 28
3.4.1 Afgaaffii ........ 28
3.4.2 Hubdaawwannaa ........ 28
3.4.3 Marii Garee ........ 29
3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 30
3.6 Naamusa Qorannichaa ........ 32
**4. DHIHEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE........33**
4.1 Hanqinoota BSTD Keesatti Mul'atan ........ 33
4.1.1 Hanqina Gama Hubannootiin Jiru........ 33
4.1.2 Hanqina Gama Meeshaalee Barnootaafi Deeggarsa Barnootaatiin Jiru........ 35
4.1.3 Hanqina Gama Malleen Baruu Barsiisuutiin Jiru........ 38
4.1.4 Hanqina Gama Malleen Madaalliifi Iyyaafannoo Walitti Fufaatiin Jiru........ 41
4.2 Danqaalee Gulanta BSTD Afaan Oromoo Barsiisuu Keessatti Mul'atan........ 46
4.2.1 Danqaalee Gama Sirna Barnootaatiin Jiru ........ 46
4.2.2 Danqaalee Gama Barsiisota Gosa Barnoota Afaan Oromootiin Leenji'aniin Jiru........ 47

4.2.3 Danqa Gama Deeggarsa Maatii Ykn Guddistoota Daa’immaniitiin Jiru ............................. 48
4.2.4 Danqaa Gama Seenduubee Daa’immaniitiin Jiru................................................................ 50
4.3 Madda Hanqinootaafi Danqaalee Barnoota Afaan Oromoo BSTD ........................................... 51
4.4 Miidhaa Hanqinoonniifi Danqaaleen Fiduu Danda’an ............................................................ 53
**5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA ..................................................56**
5.1 Cuunfaa ..................................................................................................................................... 56
5.2 Argannoo.................................................................................................................................... 59
5.3 Yaada furmaataa ........................................................................................................................ 61
**DABALEE A: AFGAAFFII HOOGGANTOOTA WAAJJIRAA......................................66**
**DABALEE B: MIRKANEEFFANNAA HUBDAAWWANNAA GOLAA.....................67**
**DABALEE C: GAAFFILEE MARII GAREE XIYYEEFFANNOO .................................69**
**DABALEE D: RAGAAFI ODEEFFANNOO IDDATOOWWANII ...............................70**

## IBSA GABATEEWWAN

Gabatee 1 Argamiinsa Meeshaalee Barnootaafi Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa 37

Gabatee 2 Dhihaatina Malleen Baruu Barsiisuu Hojiirra Oolaa Jiru 39

Gabatee 3 Hojiirra Oolmaa Madaalliifi Iyyaafannoo Walitti Fufaa Adda Baasu 43

Gabatee 04 Baay'ina Daa'immanii Manneen Barnooota Filamanii Umriidhaan 70

Gabatee 05 Hooggantoota Waajjiraa, Ogeeyyii, Dura Taa'otaafi Barsiisota Filataman 70

Gabatee 06 B/B Itti Gaafatamaafi B/B Itti Aanaa Waajjiraa Afgaaffiirratti Hirmaatan 70

Gabatee 07 Guyyoota Manneen Barnootaa Daawwannaan Itti Gaggeeffame 71

Gabatee 08 Iddatoofi Iddatteessuu 71

Gabatee 09 Miseensota Marii Garee 1ffaa fi 2ffaa Keessatti Hirmaataniifi Gahee Isaanii 71

***Hojiirra Oolmaa Afaan Oromoo, Barnoota Sadarkaa Tokkoffaan Duraa Keessatti: Hanqinootaafi Danqaalee Godina Arsii, Aanaa Muunessaatti***

## AXEREERA

*Kaayyoon qorannoo kanaa hanqinootaafi danqaalee hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo, barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa godina Arsii aanaa Muunessaa keessatti mul'atan adda baasuun ibsuudha. Qorannoo kana gaggeessuuf saxaxni qorannoo hojiirra oole saxaxa qorannoo addeessaati. Malli xiinxala ragaalee hojiirra oole immoo mala akkamtaati. Maddeen ragaa qorannoo kanaa itti gaafatamaafi itti aanaa waajjira barnootaa mala iddatteessuu hammargeen, ogeeyyii waajjira barnootaa, hooggantoota manneen barnootaa mala iddatteessuu hammargeen barsiisota barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa barsiisan mala iddatteessuu akkayyootiin fudhatamaniiru. Meeshaaleen funaansa ragaalee afgaaffii, hubdaawwannaa fi mariin garee hojiirra ooleera. Meeshaalee barnootaa fi deeggarsa barnootaa guutamuu dhabuu, hanqinni barsiisotaa jiraachuu, leenjii barsiisotaaf kennamuu dhabuu, malli baruu barsiisuu kan daa'imman giddu galeessa hin godhanne ta'uu, malli madaalliifi iyyaafannoo walitti fufaa laafaa ta'uu, lakkoofsi daa'immanii kutaa barnootaa keessatti baayyachuurraa gahumsa daa'immanii gama dandeettiiwwan afaaniin qaban irratti barsiisonni adda baasuu dadhabuu, sirni barnoota Afaan Oromoo addatti umriin qoodamee daa'immaniif qophaa'uu dhabuun adda baheera. Hanqinoonniifi danqaaleen kunneen dandeettiiwwan afaanii keessaa dubbisuufi barreessuu daa'immaniirratti gahumsi isaan horatan gadaanaa ta'uufi gulantaa barnoota itti aanuttis milkaa'inni isaanii laafaa akka ta'e hubatameera. Meeshaaleen barnootaafi deeggarsa barnootaa daa'immaniifi barsiisotaa dhihaachuu qaba. Malli baruu barsiisuu, malli madaalliifi iyyaafannoo walitti fufaa daree keessaa kan umrii daa'immanii waliin walgitiinsa qabu akka qophaa'u, hayyoonni sirna barnootaa sadarkaa biyyaatti bocan, hooggantoonni, ogeeyyiin sadarkaan jiran gulantaa barnoota kana keessatti Afaan Oromoo bu'uura ta'uu beekanii barsiisota leejii gahaa qaban ramaduu akka qaban eerameera Barsiisonni gulantaa barnootaa sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti gosa barnoota Afaan Oromoo bifa milkaa'ina qabuun daa'imman barsiisuun bu'uurawaan ta'eef daa'imman umriifi seenduubee adda addaa irraa dhufaniif barnoota walgitiinsa mirkaneessu daretti dhiheessanii dandeettiiwwan afaanii akka fooyya'u irratti hojjachuu akka qaban eerameera.*

# 1.SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Afaan tokko manneen barnootaa, dhaabbilee amantaa, akkasumas dhaabbilee hawaasaa keessatti yoo tajaajilarra ooluu baate, daa'imman carraa afaan sana barachuu hin argatan, carraan guddina afaanichaas dhiphaa ta'a (Worthy, 2003). Adeemsa guddina afaanii kana keessatti immoo barnoonni gulantaa adda addaatti qoodamee kennamu keessaa barnoonni sadarkaa tokkoffaan duraa iddoo olaanaa qaba.

Gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraatti daa'imman carraa barnootaa afaanii barachuu argannaan dandeettiiwwan afaanii goonfatu. Jiruufi jireenya, bilisummaa xiinsammuu dagaagsuufi guddina afaanichaa saffisaa jiru cimsuu keessatti gahee olaanaa taphata. Afaan gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti barsiisuun, carraa daa'immanii fuulduraa murteessuu, guddina hubsammuu, hawaasummaa, currisaafi guddina qaamaa bira darbee guddina afaanii keessatti iddoo olaanaa qaba (Gezahagne, 2005). Yaada kanarraa wanti ifatti hubatamu gulantaan barnootaa kun bu'uura irraa dandeettiiwwan daa'immanii gama afaan barachuutii qaban akka cimsuu danda'uudha.

Barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti xiyyeeffannoon tapha kalaqaa, walsimannaa hawaasummaafi yoomessa uumamaa keessatti of ibsuu, dandeettiiwwan hawaasummaa barsiisuu, daa'imman kutaa itti aanuuf barnoota isaanii bu'uura waan ta'u hundeessuudhaan dandeettiiwwan afaanii akka cimsatan taasisuudha (Morrison and Perry, 1961). Umriin daa'imummaa waggaa 4-6 gidduu jiru yeroo umrii daa'imummaa lammaffaa ta'ee yeroo guddinni qaamaa, sammuu, xiinsammuu, hawaasummaa, afaaniifi guddinni currisaa itti saffisu waan ta'eef gulantchaaf xiyyeeffannoo kennuun murteessaadha (FDRE, 2022).

Yaada hayyuu asii oliirraa wanti hubannu, gulantaa kanatti daa'imman dandeettiiwwan afaanii manatti maatii isaaniirraa argatan cinatti dandeettii barreeffama ykn qubee sagaleen wal simsiisanii dubbisuufi qubeewwan barreessuu kan itti goonfataniifi hariiroo isaan naannoo keessa jiraatan waliin kan itti uumaniidha. Saffisni isaan dafanii waa qabachuus olaanaadha.

Kunuunsaa fi barnootni daa'immanii ganamaa/KBDG/ akka yeroo murteessaa, xiyyeeffannoo addaa barbaaduu fi misooma isa guddaa gochuun beekamtii kenneera daa'imman osoo kutaa tokkoffaa hin seenin barnoota sadarkaa tokkoffaan duraatti haalli mijaa'ee afaan baratan galma gahiinsi isaanii olaanaadha. Dandeettiiwwan akka dubbisuufi barreessuu gosa barnoota Afaan Oromootiin qaban bu'urarraa furuuf gulantaan kun daa'immaniif murteessaadha.

Kaayyoon isaas yaadqalbii, ilaalama, sochii qaama miiraa qalbifachuun raawwachuu, hubachuu, currisa hawaasummaaf bu'uura qophii barnootaafi jireenya daa'immaniifi dandeettiiwwan afaanii walsimatee akka cimu taasisa (BBO, 2018). Daa'imman akka naannoo mana barnootatti madaqaniif karaa saaqa, taphaan akka baratanii fi ilaalcha daa'imman afaan barachuurratti qaban gara eeyyantaatti akka dhufu dhiibbaa taasisa. Daa'imman waa uumuu, currisa ofii too'achuu fi hamilee cimsachuu keessatti gahee qaba. (Suzanne, Krogh, Kristine and Slentz, 2001). Yaada kanarraa wanti hubannu, gulantichi ilaalcha daa'imman afaan barachuurratti qaban gara eeyyantaatti kan fidu ta'uusaati.

Daa'imman afaan saffisaan barachuuf qophaa'oo waan ta'aniif guddinaafi dagaagina dandeettiiwwan afaanii bu'uurarraa cimsuu bira darbee guddina afaaniif iddoo guddaa qaba. Afaan Oromoo afaan guddina irra jiru waan ta'eef, gulantaan barnootaa kun akka bu'uraatti laallama. Hanqinoonniifi danqaaleen kunneen maal akka ta'an? Maddi isaanii maal fa'a akka ta'an? miidhaa akkamii fiduu akka danda'an? kan jedhuufi hubannoon dhimmamtoota maal akka ta'e? adda baasuun murteessaa ta'uu amanee qorannoon gaggeeffameera.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti daa'imman dandeettiiwwan afaanii bu'uura irraa dagaagfannaan gulantaa barnoota itti aanuu keessatti milkaa'oo ta'u. Akka imaammanii barnootaafi leenjii Itoophiyaa jedhutti; guddinni saffisaa umrii daa'imummaa waggaa 4-6 gidduu jiru bu'uura milkaa'ina egereeti; bu'aaleen milkaa'ina kanaan dhufan immoo fayya qabeessummaa, oomishtummaa, dandeettii, naamusaafi lammii itti gaafatamummaan itti dhagahamu akka ta'e beekamaadha. Milkaa'ina kan fiduudhaaf barnoonni sadarkaa tokkoffaan duraa murteessaafi isa ijoodha (FDRE, 2022). Daa'imman biyya keessa jiran kanneen umrii BSTDtiif gahan kutaa hawaasaa yookiin afaan kam irraallee haa dhufanii hunduu mirga mana barnootaa seenanii barnoota hordofuu qabu.

Daa’imman dandeettiiwwan afaanii dagaagfachuufi afaan isaaniitiin barachuun milkaa’ina barnoota biroof, guddina Afaan Oromoo utubuuf gulantaan barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti Afaan Oromoo barsiisuun bu’uura. Dandeettiiwwan afaanii daa’imman gonfatan immoo milkaa’ina egeree daa’immaniitiif murteessa. Yaadota armaan oliirraa wanti hubannu daa’imman umrii waggaa 4-6 gidduu jiran kanneen dandeettiiwwan afaanii bu’uurarraa hin dagaagfanne; hanqina dandeettii waliigaltee, hawaasummaa, xiinsammuu, dandeettii ofiifi naannoo keessa jiraatan ibsuufi hubsammuuf saaxilamuu akka danda’aniidha.

Daa’imman gulantaa barnootaa kana keessatti dandeettiiwwan afaaniirratti gahumsa horatan kutaa tokkoffaa gaafa seenan kanneen gulantaa kana keessa hin dabarre caalu. Daa’imman afaan dhalootaa akka guututti goonfatan, aadaa isaanii akka hin daganne, mirga namoomaa akka goonfatan, badiirraa akka bilisooman taasisa. Mirga daa’immanii maatii isaanii waliin ta’anii eeguuf, fedhii daa’immanii gama afaan barachuutiin qaban duudhaaleefi sona akkasumas rakkoolee gama afaan barachuutii daa’imman muudachuu danda’aniifi kanneen afaan hiikkachuurratti rakkoo hubannoo qabanis akka yaala isa duraatti laallama (UNESCO, 2021). Daa’imman rakkoo dandeettii afaanii qaban gulantaa BSTD kanatti rakkoo isaanii bu’uurarraa furachuu danda’u.

Maatiin ykn guddistoonni daa’imman barsiifachuun akka mirgaa osoo hin taane dirqama ta’uu akka beekaniifi daa’imman carraa kana argachuun mirga namoomaa akka ta’eedha. Gosti barnoota Afaan Oromoo, barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti bifa milkaa’ina qabuun daa’imman barachuu yoo baatan dandeettiiwwan afaanii sadarkaa itti aanutti cimsachuun itti ulfaata. Daa’imman gosa barnoota birootiinis gahumsa akka hin goonfanne taasisa. Daa’imman umriin isaanii barnoota sadarkaa tokkoffaan duraatiif gahan gara mana barnootaatti erguurratti kaka’uumsi jiru laafaa ta’uurraa daa’imman gulantaa kana keessatti dandeettiiwwan afaanii osoo hin dagaagfatin kutaa tokko seenuun ni mul’ata.

Gosa barnoota Afaan Oromoo akkaataa barbaadamuun daa’imman barsiisuun guddina afaanichaa utubuudha. Umrii daa’immanii ganamaa keessatti dandeettiiwwan afaanii daa’imman goonfachiisuun murteessaa ta’uufi gulantaa barnootaa kana keessatti Afaan Oromoo akkamitti hojiirra oolaa jira? kan jedhu akka ka’uumsa qorannootti fudhatameera.

Qorannoowwan mata duree qorannoo kanaan walfakkaatu kanneen armaan gadiiti. Inni duraa mata duree qorannoo hojiirra oolmaa Afaan Oromoo barnoota idileen duraa keessatti Zawudinesh Balaachootiin hojjatame. Kaayyoon qorannichaa hojiirra oolmaa Afaan Oromoo manneen barnoota dhuunfaa magaalaa Duukam sakatta'uudha. Barnoonni Afaan Oromootiin akkamitti kennamaa jira kan jedhu irratti xiyyeeffata. Argannoon qorannoo kanaa manneen barnoota dhuunfaa keessatti Afaan Oromoon kan hojiirra oolaa hin jirre ta'uudha.

Qorannoo biroo 'Danqaalee barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa manneen barnoota magaalaa Finfinnee' Hayiluu Dinqaatiin bara 2017 hojjatame. Kaayyoon qorannoos danqaalee BSTD haala waliigaa keessa jiruufi sirna barnootaa irratti xiyyeeffata. Qorannoon lachuu gosa barnoota Afaan Oromoo yookiin barnoota afaanii irratti hin xiyyeeffatan waan ta'eef qorannoon amma gaggeeffame immoo gosti barnoota Afaan Oromoo akka gosa barnoota afaaniitti qabatama gulantaa barnootichaa keessatti hojiirra oolmaa isaarratti fuulleffata.

Gulantaa BSTD mootummaa keessatti gosti barnoota Afaan Oromoo gulanticha keessatti akkamitti barsiifamaa jira? Gulanticha keessatti afaan barsiisuun hagam hubatame? wantoota rakkisan adda baasuuf qoratichi akka yaada ka'uumsaatti fudhate. Daa'imman Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti dandeettiiwwan afaanii yoo cimsatan dorgomaa ta'uu akka danda'an beekamaadha.

## 1.3 Gaaffilee Qorannichaa

Qorannoon kun yaadota seenduubee qorannichaafi ka'umsa qorannichaa armaan olitti tuqaman bu'uurfachuun gaafilee armaan gadii deebisuuf gaggeeffame.

1. Hanqinoonni hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo, sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti mul'atan maal fa'a?
2. Danqaaleen hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo, sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti mul'atan maal fa'a?
3. Maddi hanqinootaafi danqaalee hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo maal?
4. Hanqinoonniifi danqaaleen hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo miidhaa akkamii geessisuu danda'u?

## 1.4 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa kaayyoo gooroofi gooreetti qoodame. Lameenuu asii gaditti ilaalla.

### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo, sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti hanqinootaafi danqaalee mul'atan adda baasuu.

### 1.4.2 Kaayyoo Gooree

1. Hanqinoota barnoota Afaan Oromoo, barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti mul'atan adda baasuun tarreessuu.
2. Hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo gulantaa sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti wantoota danqaa ta'an adda baasuun ibsuu
3. Hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo keessatti maddi hanqinootaafi danqaalee kanneenii maal maal akka ta'an adda baasuun ibsuu
4. Hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo keessatti hanqinoonniifi danqaaleen miidhaa fiduu danda'an eeruu kennuu.

## 1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa hanqinootaafi danqaalee irratti hjjatamuuf deemu kun qorattoota mata duree kanaa fi kanaan wal fakkaatan irratti qorannoo gaggeessan akka madda ragaatti ni gargaara. Bu'aan qorannoo kanaa ciicata raawwii sirna barnootaa waan ta'eef ogeeyyii sirna barnootaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa irratti xiyyeeffachuun barnoota Afaan Oromoo irraatti hojjatan ni gargaara

Barsiisota, hooggansa barnootaa sadarkaan jiran, dhaabbilee barnoota mootummaa, miti mootummaafi dhuunfaa kunuunsaa barnoota daa'immaniifi barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa irratti hojjataniif akka qajeeltootti gargaaramuu danda'u. Sababni isaas hundi isaanii qooda fudhattootaa waan ta'aniif ni gargaara. Ogeeyyiin sirna barnootaa bocan qorannoo bu'uura godhatu. Kanaaf immoo bu'aa qorannichaa akka madda ragaatti gargaaramuun gulantaa barnootaa kanaaf sirna barnoota Afaan Oromoo ifa ta'e bocuu danda'u.

## 1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan adeemsifame aanaalee godina Arsii jiran keessaa aanaa Muunessaati. Mata dureen immoo hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo, barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa hanqinootaafi danqaalee kan jedhurratti daangeffame. Aanaan Muunessaa manneen barnoota mootummaa sadarkaa tokkofaan duraa kan mana barnoota sadarkaa tokkoffaa keessatti hammatame 54, mana barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa kophatti 1 yoo ta'u, manneen barnootaa gulantaa barnootaa hojiirra oolchaa jiran 55 yoo ta'an barnootaa sadarkaa tokkoffaa keessatti hammatamee hojiirra oolaara.

Manneen barnoota kanneen hundarratti qorannoo gaggeessuu waan ulfaatuuf manneen barnoota 55 keessaa mana barnoota giddu gala wirtuu gurmuu afurtu filatame. Manneen barnoota afran hundarratti haala kenniinsa barnoota Afaan Oromoo irratti qorannoo gaggeessuun barbaachisaa ta'ee argamus hanqina yeroo fi baajataa bu'uura godhachuun isaan keessaa haala kenniinsa barnoota Afaan Oromoo barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa irratti kan xiyyeeffatuudha. Sababni mata dureen kun filatameefis gulantaa barnootaa kana keessatti akkaataa milkaa'ina qabuufi dagaagina dandeettii afaanii guddisuun barsiisuun daa'immaniifi guddina Afaan Oromootiif murteessaa waan ta'eef mata duree qorannootti daangeffamee .

## 1.7 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun mata duree qorannoo hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo sadarkaa tokkogffaan duraa keessatti kan jedhurratti xiyyeeffate. Aanaan filatame tokko yoo ta'u manneen barnootaa filatamanis afur. Qorannoon kun aanaa tokkoofi manneen barnoota muraasa qofatrratti osoo xiyyeeffachuu baatee godinootaafi aanolee heddu irratti gaggeeffamee bu'aan inni buusu olaanaadha. Hanqina baajataafi yeroo bu'uura godhachuun qoratichi aanaa tokkoofi mana barnootaa afur irratti xiyyeeffate. Addeemsa qorannoo gaggeessu keessatti immoo hanqina baajataa muudate qaamolee adda addaa hirmaachisuun akka qorannichi milkaa'u taasiseera. Hanqina yeroo immoo sagantaa addaa baasuun yeroo odeeffannoo funaanuufi qaaccessu hojii idileerraa ramaduun qorannichi akka milkaa'u taasise.

# 2. SAKATTA'A BARRUULEE FIROOMAA

## 2.1 Hojiirra Oolmaa Barnoota Afaanii

Barnoonni afaanii gulantaa barnootaa adda addaa keessatti akka gosa barnoota tokkootti seerotaafi caaseffama afaanii akkaataa sirna dubbiifi barreeffamaan wal simuu danda'uun kan raawwatamuudha. Keessattuu gulantaalee barnootni afaanii itti kennamu keessaa gulantaan barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa daa'immaniif murteessaadha. Akka yaaddiddama hayyuu 'Piaget' daa'imman erga dhalatanii gulantaalee adda addaa keessa darbuun afaan barachuu danda'u. Gulantaaleenis umrii giddu galeessa kan godhatuudha.

Gulantaa sochii miiraa/sensory motor stage/ji'a 18 hanga waggaa lamaa/ umrii kana keessatti dhalli namaa/daa'imman/ qaamolee miiraa gargaaramuun addunyaan wal baru, gulantaa raawwannaa duraa/preoperational stage/ umrii waggaa 2 hanga 7 afaanitti gargaaramuun addunyaa maal akka taate osoo hin taane maal akka fakkaattu beekuuf yaalu, gulantaa raawwannaa sirrii/operational stage/ waggaa 7 hanga 11/ yeroo kana daa'imman yaada madaalragaan deeggaramee addunyaa baru, gulantaa raawwannaa idilee /formal operational stage/waggaa 11 ol/ umrii immoo daa'imman sababeessuu saayinsaawaa ta'een waan naannoo isaaniitti argamu afaanitti gargaaramuu baru (Paiget, 1969). Yaada kanaarraa wanti hubatamu daa'imman umrii gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti afaanitti gargaaramuun addunyaa baruu danda'uu isaaniiti. Yeroo kana afaan barachuuf gahumsi isaan qaban olaanaadha. Yeroo kana barsiisonnis haa ta'uu guddistoonni daa'immanii umriin yookiin gulantaan kun guddina dandeettiiwwan afaaniitiif murteessaa ta'uu beekanii, daa'immaniif xiyyeeffannoo addaa kennuun murteessaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Daa'imman irra deddeebiidhaan jechoota, gaalee, walaloo, sirboota naannoo isaanii irraa dhagahan akkeessuu bira darbanii hubsammuu cimaa ta'een jechoota irra deebi'anii uumuun yookiin jechoota sirrii ta'e ijaaruu irratti gahumsa horatu. Yeroo kana sagalee jechaa yookiin gaalee walfakkaatoo ta'an kan isaaniif hiika kennu karaa salphaa ta'een bakka buusuu danda'u. Daa'imman tokko yoo dhalatan uumamaan dandeettii afaan baruu waliin dhalatanii afaan naannotti dubbatamu akka ciicataatti gargaaramuun naannoo isaanii waliin walii galu, umrii waggaa afurii hanga waggaa jahaatti waa akkeessuudhaan saffisni afaan barachuu isaanii olaanaadha (Chomisky, 2006).

Yaaddiddama hayyuu armaan oliirraa wanti hubannu umriin daa'imummaa dandeettii afaan barachuuf qaban olaanaa ta'uufi qabatama yookiin raawwii kutaa barnoota afaanii kan ammaa waliin yoo laallu wal fakkeenya guddaa qaba. Sadarkaa mana barnootaatti daa'imman dandeettiiwwan afaanii gabbifachuu danda'an kan akka dubbisuufi barreessuu akkuma dhaggeeffachuufi dubbachuu maatii keessatti saffisaan baratan mana barnootaa keessattis dandeettii dubbisuufi barreessuu saffisaan dagaagfachuu akka danda'an hubachuun ni danda'ama. Yeroo kanatti daa'imman ciicata barbaadu haalli yoo mijateef daran milkaa'u.

## 2.2 Barnoota Sadarkaa Tokkoffaan Duraa Keessatti Afaan Barsiisuu

Barnoonni sadarkaa tokkoffaan duraa kan daa'imman mana barnoota sadarkaa tokkoffaa yookiin kutaa tokkoffaa osoo hin seenin gulantaa adda addaatti qoodamuun kennamuudha. Imaammanni barnootaafi leenjii Itoophiyaa haaraan dhimma barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa ilaalchisee akka jedhutti barnoonni sadarkaa tokkoffaan duraa daa'immaniif akka qophaa'inaatti umrii wagaa afurii hanga jahaa (4-6)tti ta'uu danda'a (MOE, 2002).

Dagaagina afaan barachuu 'piaget' kaa'e waliin kan wal fakkaatuufi barnoonni gulantaa umrii daa'immanii ganamaa keessatti kennamu waa kalaquu, abuuruu, hirmaachuu, carraa kennuu, mala rakkoo furuu, kaka'uumsa, gargaarsa, muuxannoo walii qooduu, gamtaafi walitti dhufeenya daa'imman keessatti dagaaguun kan murtaa'uudha (Bibi W. 2012). Daa'imman gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti, rakkoole isaan muudatuuf akka falaatti kan ilaalamufi yaadqalbii daa'immanii irratti hundaa'ee barnoonni kan kennamu ta'uusaati.

## 2.3 Bu'aa BSTD Keessatti Afaan Oronoo Barsiisuun Booda Eeggamu

Akka Dhaabbanni Saayinsii, Barnootaafi Aadaa Mootummoota Gamtoomanii(Dh.SBAMG) (UNESCO) jedhutti barnoonni sadarkaa tokkoffaan duraa haala barbaadamuun hojiirra oollaan daa'imman walitti dhufeenya walii, walii cimsuun dandeettii fayyadama afaaniifi dandeettii hawaasummaa itti fooyyessan, madaalragaafi dandeettii sababeessuu dagaagfachuu kan itti jalqabaniifi dubbii keesatti dandeettii waa yaaduu ni gabbifatu (UNESCO, 2021). Yaadni kun kan nutti mullisu daa'imman umrii ganamaa keessatti dandeettii bu'uuraa gabbifachuu akka danda'aniifi gahumsa gama afaaniin qaban dagaagfachuuf salphaa akka ta'eedha.

Akka imaamanni barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa Itoophiyaa jedhutti gulantaan barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa bu'aalee heddu qabaachuu ibsa. Fedhii daa'imman adeemsa baruu barsiisuu keessatti qabaniifi deeggarsa barbaadan yeroodhaan adda baasuufi carraa barachuu akka argatan gochuuf, egeree boruu murteeffachuu akka danda'an gochuuf, qisaasa'ama barnootaa gama harcaatiifi haftee barattootaan dhufan hirrisuuf, carraa hojii argachuufi hojii uumachuufi naamusa gaariidhaan akka daa'imman qajeelan taasisuun sadarkaa maatiitti ilaalcha eeyyantaa akka horatan gochuu keessatti barnoonni sadarkaa tokkoffaan duraa gahee olaanaa taphata; kanaaf hojiirra oolchuun akka filannootti ilaalamuu hin qabu (FDRE 2023).

Gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti afaan barataniin booda bu'aalee hedduun ni eeggama. Bu'aalee eeggaman keessaa daa'imman dandeettiiwwan afaanii irrattiifi dandeettii hawaasummaa irratti hubannoo gadi fagoo argachuu akka danda'aniifi waa barreessuu, dubbisuufi dhaggeeffatanii waa deebisuurratti cimuun barnoota sadarkaa tokkoffaaf qophii taasisuu danda'u, rakkoolee barnoota sadarkaa tokkoffaa keessatti muudatuuf akka furmaataatti kan ilaalamuudha (FDRE MOE, 2009).

Qabiinsi daa'immanii barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti gadaanaa taanaan afaan, guddina hawaasummaa, gahuumsa barachuu sadarkaafi umrii isaanii keessatti goonfachuu qaban irrattiifi barnoota sadarkaa tokkoffaaf qophii gochuu isaaniirratti dhiibbaa gadhee fiduuf akka danda'u hubanna. Daa'imman gulantaa barnootaa kana keessatti afaan irratti gahumsa qabaannaan jiruufi jireenyi daa'immanii gara fuula duraa fooyya'aa ta'uu akka danda'uudha.

Qabiinsi daa'immanii gaarii ta'e immoo dhiibbaa eeyyantaa akka milkaa'ina barnootaa, haftee fi harcaatii tokko malee barnootaaf xiyyeeffannoo akka kennan, badii irraa bilisa akka ta'an, qabiyyee baratan akka qayyabatan, fedhii addaa isaan qaban karaa salphaa ta'een akka hubatamuufi kutaa barnootaatti hanqina dandeettiiwwan afaaniif akka hin saaxilamne ittisa.

Akka sagantaan misooma sektara barnoota itoophiyaa jedhutti gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti daa'imman dandeettiiwwan barachuufi afaanii isaan bu'uraa barnoota sadarkaa tokkoffaa keessatti goonfatan taasisuu keessatti bakka guddaa qaba. Haftee barattootaa hirrisuu irra deddeebii barnootaa hambisuufi gahumsa keessoo barnoota isaan irratti qaban akka cimu gochuu keessatti gulantaan kun gulantaa barnootaa kamuu caalaa murteessaadha (FDRE MOE 2008).

Yaadni kunis gulantaa barnootaa kana keessatti daa'imman dandeettiiwwan afaanii yoo dagaagfatan sadarkaa tokkoffaa keessatti milkaa'oo akka ta'aniifi hafteefi harcaatii barnoota keessatti uumamu hambisuu danda'a. Walumaagalatti akka Mootummoota Gamtoomanitti Dhaabbanni Barnootaa,Aadaafi Saayinsii fi ministeerri barnoota Itoophiyaa ibse, bu'aa barnoota Afaan Oromoo BSTD kennuun adda miti. Kunis daa'imman gulantaa BSTD keessatti dandeettiiwwan afaanii Afaan Oromoorratti dagaagfannaan barnoota birootiinis milkaa'uu akka danda'aniidha.

## 2.4 Hanqinoota Hojiirra Oolmaa Barnoota Afaanii

Hanqinoonni hojiirra oolmaa barnoota afaanii gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti mul'atan kan imaammata barnootaa, qajeelfamoota, seerotaafi dambiiwwaan ittiin bulmaata adeemsa baruu barsiisuu sadarkaa kam irratti gaggeeffamu hordofuuf bahu bu'uura kan godhatuudha. Daa'imman umriin isaanii waggaa 4-6 ta'an gulantaa guddina hubsammuu yookiin raawwannaa duraa keessatti ramadamanis hubsammuun isaanii adda addummaa qaba.

Barnoonni sadarkaa tokkoffaan duraas bakka saditti (waggaa 4 5fi 6) qoodamee ilaallama. Adeemsa baruu barsiisuu keessatti kophaa irra, wal irraa baratu waan ta'eef taphoota adda adda wal keessa makuun qabiyyee barnootaa waliin wal simsiisuu dhiheessuun murteessaadha (FDRE 2009). Akka imaammata kanaatti daa'imman akkaataa umriitiin golatti addaan qoodamanii barachuu akka qabaniidha.

### 2.4.1 Hanqina Gama Sirna Barnootaatiin Jiru

Sirni barnootaa sagantaa itti yaadamee qabiiyyeewwan barnootaa qooduun karoorfamee baruu barsiisuun akka bu'a qabeessa ta'u gochuuf qajeelfama bahuudha. Sirni barnootaa umrii barnootaa ganamaaf qophaa'u dandeettii daa'immanii gama afaanii, yaaduu fi rakkoo furuu irratti xiyyeeffachuun akka walitti dhufeenyaan, abuuruun,yaaluu fi ofii isaaniin waa kalaquun baratan itti yaadamee naannoorratti rarra'ee kan wixineeffamuudha (Landry, 2007).

Yaadni kun kan nutti mullisu sirni barnootaa yoo wixineeffamu umrii daa'immanii giddu galeessa godhachuu akka qabuufi gulantaa guddina isaanii ilaaluun murteessaa akka ta'eedha. Sirni barnootaa daa'imman bu'uurfatee bahu bu'aa olaanaa qaba. Aadaan naannoo daa'mmanii jiru akka madda mata duree filannoo sirna barnootaafi guddina daa'immanii deeggara.

Gama birootiin akka walii qoodiinsa odeeffannoo fi jijjiirama eeyyantaa amalaa ta’ee akka meeshaatti tajaajila. (MOE, 2009) Daa’imman sochiiwwanii fi hojiiwwan adda addaa raawwachuun qaamni isaanii akka gabbatuu fi jabaatu, yaadni sammuu, dandeettiin afaanii, walitti dhufeenyi hawaasummaa, dandeettiin dubbisuu, barreessuu fi herreeguu isaanii gabbachuu akka danda’u (BBO, 2018). Kallattiiwwan xiyyeeffannoo barnootaa gulantaa kanaa hubsammuu daa’immanii cimsuudha. Sirni barnootaa ifaa ta’e bocamuu baannaan akkaataan raawwii adeemsa baruu barsiisuu gufachuu danda’a.  Sirni barnootaa  haala umrii daa’immaniin   qophaa’uu akka  qabuudha.

Daa’imman bu’uurarraa addunyaa barnootaa  wal barsiisuun hawaasa kamuu keessatti ulfaataa ta’us, rakkoo kanaaf furmaata kan kennu imaammata barnootaa baastonnii fi raawwattoonni sagantaa barnootaa beekumsa keessoo daa’immaniitti gargaaramuun daa’imman barnootatti akka madaqan taasisuu keessatti gahee bakka hin bu’amne taphatu (Tsegaye, 2014). Yaada kanarraa wanti hubannu gulantaan barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa rakkoolee adeemsa baruu barsiisuu addunyaa barnootaa keessatti uumamaniif furmaata akka ta’eefi gulantaa kana keessa hin dabarre dandeettiiwwan afaanii    akka hin guddifanne gufuu akka ta’uudha. Itoophiyaa keessatti sadarkaa tokkoffaatii hanga yuunivarsiitiitti adeemsi dhiyeenya raawwii saxaxa sirna barnootaa afaanii gubbaa gara gadiiti. Kanaaf,  bifa walfakkaataan gadi bu’iinsa qulqullina barnootaaf ka’umsa ijoo ta’e (Jeilan, 2013).

Sirna barnootaa saxaxamu keessatti qabiyyeen hammatamu galumsa aadaa-hawaasaa, muuxannoo addunyaa dhugaa fi afaan tokkoffaa barattootaa yaada keessa galchuu akka qabu irratti waliigalu (Margaa, 2019).  Yaadota armaan olii irraa wanti hubannu baroota darban keessa sirni barnoota Afaan Oromoo sirna barnootaa keessatti saxaxamuu dhabuu, saxaxni ammaas kan saayinsawa hordofe akka hin taaneefi sirni barnootaa gubbaa gadi ta’uunis akka gufuutti kan ilaalamu ta’uufi sirni barnoota Afaan Oromoo  kan saxaxamu afaan dhalootaa barattootaa ykn daa’immanii giddu galeeffachuufi adeemsi saxaxaa karaa saayinsiifi saayinsii yoo hordofuu baate dandeettiiwwan afaanii daa’immanii akka hin dagaagneefi ofitti amanamummaan gama aadaa, seenaa, eenyummaafi gahuumsa keessoo barnootaa miidhuu akka danda’uudha.

### 2.4.2 Hanqina Hubannoo Gama Faayidaa BSTD Keessatti Afaan Barsiisuutiin Jiru

Daa'immaniif barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa akka maatii isaanii kabajan, aadaa fi sona biyoolessummaa akkasumas duudhaa biyya keessa jiraatanii, afaan haadhaa ykn afaan dhalootaa, afaan hojii mootummaa fi aadaa ofii isaaniifi kan hawaasa biroo akka kabajan taasisa. Mirga namoomaa fi bilisummaa bu'uuraa akka kabajan, hawaasa jiruu bilisummaa qabuuf qopheessa, akkasumas ilaalcha walqixxummaa sabaafi sablammootaa qabatanii akka guddatan taasisuu keessatti gahee olaanaa taphata akkasumas afaanota naannoo isaaniitti dubbatamaniif kabaja akka kennaniif dhiibbaa eeyyantaa godha (Gordon and Browne,2016).

Daa'imman gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessa darban ilaalcha biyyaafi eenyummaa isaanii tikfachuurratti qaban gara eeyyantaatti akka dagaagu haala mijeessa. Daa'imman waan ija isaaniitti babbareedu dhiheessuun akka isaan qubeefi lakkoofsa barreessuu shaakalan gochuun qophii barnoota sadarkaa tokkoffaaf daa'imman taasisan of keessatti hammata. Maatiin daa'immanii dandeettii ofitti amanamummaa gorsaa fi yaadqalbii daa'immanii tiksuuf akka ijootti laallamu. (Gordon and Browne, 2016).Yaada armaan oliirraa wanti ifatti hubatamu umriin ganamaa daa'immanii maatiidhaaf, barsiisota isaan barsiisaniif, bulchitootaa fi kunuunsitoota daa'immaniif yeroo murteessaafi hiika qabeessa.

Umrii daa'immanii murteessoo kana keessatti afaan barachuun immoo afaan itti hiikkatan sodaa tokko malee ofitti amanamummaa akka gabbifatan, afaan dhalootaa isaaniirratti ilaalcha eeyyantaa akka gabbifatanfi dandeettiiwwan afaanniirratti rakkoo yoo qabaatan furmaata argachuu danda'u. Daa'imman umrii isaanii ganamaa keessatti barnoota akka baratan gochuun misooma isa guddaafi barnoota itti aanuuf akka of qopheessan karaa saaqa.

Barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa akka addunyaatti barnoota sadarkaa tokkoffaatiif harcaatii barattootaa hirrisuuf akka tarsiimoo isa duraatti kan ilaalamuufi gahuumsi barattootaa akka cimu gochuuf sagantaa xiyyeeffannoo addaa barbaaduudha(UNESCO, 2021). Yaada kun gulantichi barnootaa kun haftee daa'immanii hirrisuun gulantaa itti aanuuf murteessaa ta'uufi gulantaa kanatti daa'immaniif carraa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa kennuun dirqama akka ta'eefi guddina biyyaatiifi gahee akka bahaniif bu'uura uumuufi daa'immaan bu'urarraa ilaalcha eeyyantaan akka guddataniif gulantaan barnootaa kun murteessaa ta'uu agarsiisa.

Daa’imman yemmuu barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti qophii barbaachisu gochuun gara kutaa tokkoffaatti cee’an dandeettiin isaanii kan BSTD keesatti hin baratin gara kutaa tokkoffaatti cee’an caalu (Mhabiswas,2016). Yaada kanarraa wanti hubannu milkaa’ina egeree daa’immaniif gulantaan barnootaa kun murteessaa ta’uuufi xiyyeeffannoo addaa kan barbaaduudu akka ta’eedha.

Akka guddina qooddii istaandardii barnoota addunyaatti tarsiimoo sadarkeessuu gulantaan kun kan wixineeffamu dhihaatina guddina hubsammuu, qaamaa, hawaasummaafi currisaa daa’immanii ganamaa galumsa maatii isaaniin alatti carraa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa argatan jiruufi jireenya isaanii fooyyessuufis haa ta’uu rakkoolee umriin dargaggummaa ykn shamarrummaa fiduu danda’an jalaa miliquu ykn baraaramuu danda’u (ISCED, 2011). Gulantaa barnootichaa keessatti dhimmi koorniyaa ykn garaagarummaan dhiiraafi dubara gidduu jiru akka hin bal’anneefi umrii malee akka hin heerumneef haala mijaa’aa uumuu akka danda’uudha. Qophii fi beekumsa qalamaaf daa’imman osoo sadarkaa tokkoffaatti hin cee’in qopheessuu, egeree daa’immanii gara eeyyantaatti fida. Kun immoo fedhii daa’imman gara fuula duraa afaan barachuuf qaban dagaagsaa deema.

Barnoonni sadarkaa tokkoffaan duraa barsiisotaaf, qulqulina barnootaafi daa’immaniif akka wixinee bu’uuraatti ilaallama. Barnoonni sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti afaan barsiisuun karaa qulqulina qabuun yoo hojiirra oole dandeettii fi namummaa daa’immanii wixineessuun cimsuu, walsimannaa kaayyoo barnootaa, malleen baruu barsiisuu fooyyessuu, dandeettiiwwan afaanii isaan ijoo ta’an daa’imman goonfachiisuu, meeshaalee barnootaa akkaataa hojiirra oolchuufi barsiisota leenjii idilee fi muuxannoo qabaniif gahee qaba.

Daa’imman umriin isaanii gulantaa barnootaa kanaaf gahan carraa yoo argatan bu’aa bahii jireenya hawaasummaa fi aadaa fudhatamummaafi beekamtii akka argatu gochuu keessatti gahee guddaa taphata. Carraa hawaasa aadaa hedduu qabuun walitti makamuun naannoo isaanii akka hubatan, afaan sodaa malee akka barataniifi muuxannoo mana barnootaatti fiduun beekumsa isaanii akka dagaagfatan taasisa waan ta’eef xiyyeeffannoo barbaada (MOE, 2008).

Dandeettiiwwan barachuu bu'uuraa daa'immanii adeemsa baruu barsiisuu keessatti barnoota sadarkaa tokkoffaaf akka qophaa'an taasisuu fi addunyaa barnootaa keessatti akka daran milkaa'an taasisa. Daa'imman yeroo umrii daa'imummaan boodaa barsiisuu caalaa yeroo umrii daa'imummaa barsiisuun milkaa'ina daa'immaniif murteessaadha (MOE, 2008). Yaadni kunis kan nutti agarsiisu daa'imman kunuunfamuun qophii godhanii gara barnoota sadarkaa tokkoffaatti yoo cee'an irra deebii fi harcaatii barnoota sadarkaa tokkoffaa keessatti muudatu hirrisuun adeemsaan akka dhabamu taasisuu keessatti gahee olaanaa qabaachuusaati.

Umriin daa'immanii ganamaa yaadrimeewwan, dandeettiiwwanfi ilaalchota hundeeffama jiruu barnootaa itti hiikkachuuf baay'ee murteessaadha. Umriin daa'imummaa yeroo cee'umsa baay'ee saffisa gama guddina qaamaa, hubsammuu, afaanii, hawaasummaa fi currisa too'achuu keessatti yeroo murteessoodha (UNESCO, 2010). Adeemsa afaan barachuu keessatti leenjiin maatii, barnoonni, aadaafi hawaasummaan daa'immanii akkaataa isaan itti of ilaalaniifi akkamitti taayitaa isaanii namoota birootiif ibsatan cimsuuf gahee olaanaa taphata.

Barsiisonni seenessa adda addaa fayyadamuun calaqqeen beekumsa daa'immanii ijaaruu danda'a (Joseph, Caruso and Temple Fawcett, 2007). Yaadni kunis kan nutti mullisu daa'imman yemmuu afaan baratan barsiisonni dandeettii dubbachuu akka cimu gochuuf daa'imman waliin dubbitti dhimma bahuu akka qabuufi daa'imman bilisummaan akka waa barachuu danda'an taasisu. Yeroo kana daa'imman dandeettii dubbachuu daran dagaagfatu. Yaadota armaan olitti hayyoonni adda addaa kaasaniifi qabatama biyya keenyaa wal bira qabnee yoo laalle barbaachisummaa gulantaa barnootichaa keessatti afaan barsiisuun jiruufi xiyyeeffannoon jiru laafaadha. Kun immoo gulantaa barnootaa itti aanu keessatti daa'imman dandeettiiwwan afaanii hunda galeessa goonfachuurratti ni rakkatu.

### 2.4.3 Hanqina Gama Leenjii Barsiisota Afaan Barsiisaniin Jiru

Barsiisonni barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti afaan barsiisan kanneen gulantaalee barnootaa birootiin adda addummaa qabu. Barsiisonni manneen barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti barsiisan harki caalaan leenjii barnoota sadarkaa tokkoffaan duraarratti leenjii kan fudhachaa hin jirreedha. Biyyoota adda addaa keessatti guddinni barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa kan danqamuun rakkoo leenjii barsiisota gahuumsa qabaniin.

Barsiisonni gulantaa barnootaa kana keessatti barsiisan kanneen afaan dhalootaa fi aadaa daa'imman keessaa dhufan beekan yoo ta'e eenyummaan daa'immanii tikfamuu danda'a (Whitebread, 2012). Yaada kanarraa wanti hubatamu leenjiin barsiisotaaf kennamuufi daa'imman afaan dhalootaa isaanii baratan dagaaginni hubsammuu ni cima; eenyummaa isaaniis hin dagatan.

Barsiisonni, hooggantoonni barnootaafi manni barnootaa kaayyoofi bu'aa imaammata afaanii bahee idilaaye  fudhatanii hojiirra oolchuun guddina afaan tokkoo keessatti hammatamanii gaheesaanii bahuu qabu (Corson D., 1999). Kunis imaammanni afaanii bahee hojiirra oolu guddina afaaniitiif gahee qaba. Leenjiin bu'uuraa dhimma afaanii irratti adeemsa keessa barsiisotaaf kennamu imaammata barnoota afaanii manneen barnootaa keessatti hojiirra ooluuf akka tooftaa walootti kan ilaalamuudha.

Imaammatni barnootaafi leenjii Itoophiyaatti kunuunsaafi barnoota daa'immanii ganamaa keessatti gahumsiifi leenjii barsiisotaa murteessaa fi xiyyeeffannoo guddaa kan barbaaduudha (Hailu, 2017).  Yaadni kun kan nutti mul'isu; imaammatichi kunuunsaafi barnoota daa'immanii ganamaa barnoota afaaniitiif xiyyeeffannoo kan kennuufi barnoota birootiifis akka bu'uura ta'e nutti agarsiisa. Haata'u malee qabatamummaan gama barsiisota leenjii gahaa qaban kanneen kunuunsaafi barnoota daa'immaniirratti muuxannoo qaban ramaduu dhabuun  akka mul'atuudha. Sababni gahumsi daa'imman gama dandeettii afaaniitiin agarsiisan gahumsa barsiisotaa bu'uura godhata.

### 2.4.4 Hanqinoota Gama Mala Afaan Barsiisuutiin Jiru

Malli afaan barsiisuu tooftaalee, falaasamaafi tarsiimoo hojiirra oolmaa qabiyyee barnootaati. Daa'imman barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti afaan baratan waa'ee barachuu isaaniifi naannoo daree barnootaa irratti murtii mataa isaanii kennuufi karaa haasaa dimookiraatawaan hirmaachuu qabu. Daa'imman namoota biroo dhagahuufi dhaggeeffachuu, xiyyeeffannoon gochaafi jecha iyyaafachuu, akkasumas carraa daree barnootaafi sochii guutuu mana barnootaa keessatti hirmaachuu qabu (European Commission, 2011).

Malli baruu barsiisuu tooftaalee, karaalee fi akkaataa qabiiyyeen barnootaa barsiisaarraa gara barataattii fi barataarraa gara barsiisaatti ittiin bira gahuun beekkumsi itti walii qoodamuudha. Daa'imman adeemsa baruu barsiisuu keessatti sagaleewwan naannoo isaaniitti argaman hunda akkeessuun hiika sagaleelee naannoo isaaniitti dhagahanii beekuuf gaaffii dhiheessu; hariiroo sagaleelees ni baru. Adeemsa kana keessatti barsiisonni yemmuu barsiisan sagalee sirrii ta'een sagaleessuu murteessaadha.

Qorannoowwan adda addaa akka ragaa bahanitti akaakuun taphaa adeemsifamu kamiyyuu galma gahiinsa ilmi namaa gama afaaniitiin, aadaafi teekinooloojiitiin gonfateedha. Jaarraa keessa jirru kana keessatti taphni sadarkaasaa eeggate barnoota daa'immanii keessatti gaheen inni qabu ol'aanaadha (Whitebread, 2012). Yaadni kanarraa taphni mala isa ijoo ta'uu isaati. Mala daa'imman daa'immaniin afaan barsiisuu akka meeshaalee baruu barsiisuu waloo fi baay'ee murteessaatti laallama. (Montessori, 1966). Kun immoo adeemsa afaan barachuu keessatti daa'immaniif murteessaadha.

Taphni ijoollee gocha kaayyoofi faayidaa qabu kan karaa dubbii afaaniitiin yookiin karaa sochii qaamaatiin bashannansiisuuf, barnoota dabarsuuf, haamiilee cimsuufi kan kana fakkaatan ofkeessaa qabu jechuun ni danda'ama. Fedhii daa'imman taphaaf qaban uumamumaan kan keessa isaanii jiru ta'ullee taphichi dhugumaan akka bohaarsaa ta'u, akka barumsi irraa argamuufi akka aadaafi safuu hawaasichaa bifa eegeen taphatamuuf gumaachi ga'eessotarraa eegamu iddoo olaanaa qaba.

Gaheen barsiisaa adeemsa baruu barsiisuu kan too'atu osoo hin taane haala mijeesaa, odeeffannoo dhiheessaa, iyyaafataa fi qajeelchaa ta'ee baruu barsiisuu milkeessa. Taphni mala iddoo bu'ee hin qabne kan daa'imman sagalee isaanii ittiin of baraniifi akka filannootti osoo hin taane akka tarsiimoo isa olaanaatti laallama (Tsagaye, 2014). Tarsiimoon barachuu fi barsiisuu barnoota daa'immanii ganamaa kan daa'imman giddu galeeffate ta'uu, hirmaannaan isaanii bu'a qabeessummaa barachuuf gahee qabaachuudha. Malli baruu barsiisuu taphaa isa filatamaafi barnoota daa'immaniin adda bahee hin ilaalamu. Afaan Oromoo baruu barsiisuu keessatti taphni qabiyyee barnootaa keessatti hammatamee yoo dhihaate daa'imman afaanicha sodaa tokko malee barachuu danda'u.

Mala daa'imman giddu galeeffate keessaa malli taphaan daa'imman afaan barsiisuu akka tarsiimoofi teekinikaatti fudhatamee afaan barsiisuurratti hanqinni kan jiru ta'uusaati. Malleen taphaa kunneen tapha/sosochii barumsa kennu/, fakkeessanii taphachuu, tapha ijaarsaa, diraamaa, faaruu, sheekoo, hojjetanii agarsiisuu, daawwannaa dirree too'annaa barsiisotaatiin, marii, gabaasa afaaniifi ibsa daa'imman kan hirmaachisuu dha (BBO, 2018).

Qajeelfama BBO baase irraa wanti hubannu daa'imman taphatti gargaaramuun gaafachuun, dhaggeeffachuun, ilaaluun, mari'achuun, sochii qabatamaan, kanneen biroo akkeessuun, yaaluu fi dogoggoruun, shaakaluun, naannoo isaanii qorachuun, sadarkaa isaaniitti yaaliiwwan sasalphaa geggeessuun dandeettiiwwan afaanii daran cimsachuu akka danda'aniidha.

Barsiisonni Barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti afaan barsiisan daa'imman akka ofitti amanamummaa isaanii dagaagfatan, hiriyoota qixa isaanii waliin hariiroo uumuun rakkoo akka furan bifa taphaan gargaaru. Taphni tarsiimoo meeshaalee duraatti kan ilaalamu; daa'imman cinqii tokko malee bilisaan akka waliin taphachuun naannoo isaanii akka baran gochuuf,barsiisonni of eeggannoon tapha filachuun haala mijeessuu qabu (Barnet, 1997). Raawwii taphaa keessatti barsiisonni akka qajeelchitootaatti kan ilaalamaniifi taphoota adda addaa kan qabiyyee barnootichaa waliin deeman filachuun dhiheessuu akka qabaniidha.

Malli daa'imman giddu galeessa godhateen afaan bartsiisuun daa'imman soda tokko malee dandeettiiwwan afaanii akka gabbifataniif karaa saaqa. Mala daa'imman giddu galeessa godhate keessatti barsiisonni akka haala mijeessitoota barachuu, taphoota bu'aa qaban irratti dammaqinaa akka hirmaatan, walitti dhufeenyi gama muuxannoo walii qooduu akka cimsatan, beekumsa ijaaraniif guddina walii gala gama waa sagaleessuutiin daa'imman qaban akka dagaagfatan gochuun adeemsa baruu barsiisuu dursu. (Gordon and Browne, 2016).

Gochaaleen addaa addaa daa'immaniif dhiyaatan gahumsa yaad-sammuu fi qaama daa'immanii waliin kan walgitanii fi jireenya borii isaaniif gumaacha guddaa kan godhan ta'uu qabu. Sadarkaa kanatti barnoota daa'immaniif kennamu gabbisuu irratti xiyyeeffachuun mala baruu-barsiisuu daa'ima giddu-galeessa godhate bu'ureeffachuu qaba.

Dhuunfaanis ta'ee gareedhaan akka raawwatamaniif gochaaleen addaa addaa qophaa'an haalota qaama, yaad-sammuu, currisaa fi hawwaasummaa daa'immanii tilmaama keessa kan galchan ta'uu qabu. Daa'imman barnoota afaanii dammaqinaan hirmaachuun barachuu akka danda'an gammachuu fi fedhii qabaachuu fi qophaa'oo ta'uu isaanii hubachuun barsiisotni malleen baruu-barsiisuu adda addaa umrii daa'immanii giddu galeessa kan godhate fayyadamuu qabu (BBO, 2018). Yaada kanarraa wanti hubannu malli daa'imman giddu galeeffate hirmaannaa daa'immaan baruu barsiisuu keessatti qaban akka dagaagsuudha.

Malli daa'imman giddu galeeffate yookiin barattoota giddu galeeffate adeemsa afaan barachuufi barsiisuu keessatti akka mala bilisummaan afaan barachuutti ilaalama, daa'immanis waan isaanii hin galle walii walii isaanii gaafachuun dandeettiiwwan afaanii dagaagfatu (Brown, 2006). Yaadni kunis kan nutti mullisu malli barattoota yookiin daa'imman giddu galeeffate daa'imman fedhii afaan barachuu daran akka horataniifi daree barnoota afaanii keessatti waa gaafachuun rakkoo ofii qaban furmaata argachuu akka danda'aniidha.

Daa'imman afaan tokko akka afaan lammaffaatti barataniif taphoota, walaloowwan, sirboota, shubbisaafi baacoowwan adda addaa akka isaan akkeessan gochuun akka tarsiimoo afaan barsiisuutti fudhatamuu qaba(UNESCO, 2010). Yaadni kun kan nutti agarsiisu xiinsammuu bilisaatiin afaan barsiisuun murteessaa akka ta'eefi barsiisonnis hojiirra oolchuu qabaniidha.

### 2.4.5 Hanqina Gama Meeshaalee Barnootafi Deeggarsa Barnootaan Jiru

Meeshaalee barnootaa kanneen afaan barsiisuuf tajaajilan kan umrii daa'immanii waliin deeman, sirna barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa fi sagantaa isaa waliin deemaniifi fedhii bashannana daa'immanii bu'uura kan godhate ta'uu qaba. Meeshaaleen baruu barsiisuu afaan barsiisuuf hojiirra oolu haala barattootaaf mijatuun yoo qophaa'e daran bu'a qabeessa ta'a.

Meeshaaleen barnootaa kan qophaa'u imaammata sirna barnootaa fi sagantaa bu'uura godhatee fedhiifi muuxannoo daa'immanii bu'uurfate filatamaadha. (Morrison, 1961). Yaadni kun kan nutti mullisu meeshaaleen barnootaa sirna barnootaa keessatti hojiirra oolan kamuu yemmuu qophaa'an muuxannoo daa'immaniifi fedhii barachuu daa'immanii kan cimsu ta'uu akka qabuudha. Kana ta'uu baannaan adeemsi baruu barsiisuu mudaa horata.

Barnoota afaaniif meeshaaleen barnootaa daa'imman keessatti kaka'uumsa uumu, hubannoo fi beekumsa cimsuu, hawaasa aad-heddee qabuu fi aadaa hedduu qabu, garee hawaasaa xiinqooqaa hedduu qaban akka wal danda'aniifi wal kabajan taasisa. Meeshaaleen barnootaa akkaataa barbaachisummaa barnoota daa'immaniif ooluun oomishamee daree barnootaa keessatti dhihaachuun murteessaadha (Sinqinash, 2019). Yaadni kunis qophiin meeshaalee barnootaa daa'immaniif dandeettiiwwan afaanii cimsuu keessatti gahee qabaachuusaati. Meeshaaleen barnootaa dandeettii afaanii cimsan kanneen akka raadiyoo, teelevizyiinii, viidiyoo fi maasaajiiwwan filatamoodha.

Addunyaa teekinoolojiin badhaate keessatti meeshaaleen elektirooniksii gahumsa afaanii daa'imman qaban ceesisuu keessatti iddoo olaanaa qabaachuufi akka meeshaalee barnootaatti gargaaruu akka danda'uudha. Gosa barnoota afaan oromoo gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti barsiisuuf ammas meeshaaleen barnootaafi deeggarsa barnootaa umrii daa'immanii giddu galeeffate kan guutuun akka hin jirreedha. Kun immoo adeemsa baruu barsiisuu danquu danda'a. Gulantaa barnootaa kana keessatti haala addunyaan barnootaa barbaadduun gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisuun ulfaataa ta'us dhimma kutannoo barbaaduudha.

Meeshaaleen barnootaa daa'imman afaan barsiisuuf filataman kan guddina daa'immanii giddu galeeffate ta'ee daawwachaa, hojjachaa, muuxannoo walii kennaa, fudhataa akka baratan ta'ee barsiisonni daa'imman barsiisuu danda'u (Wills and Stegeman, 1956). Yaada kanarraa wanti hubannu meeshaalee barnootaa dandeettiiwwan afaanii, qaamaa, kalaqaa, hawaasummaafi waa yaaduu gabbisa. Meeshaaleen deeggarsa barnootaa BSTD keessatti barsiisonni qabiyyee barannoo wayitii tokkoof akka gargaarsaatti itti gargaaramaniidha.

Meeshaaleen deeggarsa barnootaa daree barnoota afaanii keessatti barsiisaa fi daa'immaniin hojiirra oolu kan dandeettiiwwan afaanii hunda galeessa cimsu, miira isaaniin hiika itti kennuu danda'an, si'aayina afaan barachuu cimsuufi kalaqa kan dagaagsu yoo ta'e filatamaadha (MOE, 2010a). Kunis dandeettiin afaaniifi jechaan waa kalaqanii dhiheessuu kutaa barnoota afaanii keessatti murteessaa ta'uu nutti mullisa. Daa'imman miiraa garagaraa fayyadamuun qaqqabuun, tuttuquun, ilaaluun, dhaggeeffachuufi fuunfachuun waan ta'eef, barsiisonni kana beekuun wantoota naannoo irraa meeshaalee deeggarsaa qopheesutu irraa eegama.

Meeshaalee deeggarsaa malee daa'imman jechaan barsiisuun bu'aafi jijjiirama barbaachisu fiduu kan hin dandeenye ta'uu isaa irrayyuu daa'imman barnoota akka jibban waan taasisuuf barsiisonni meeshaalee qopheessuun itti fayyadamuuf xiyyeeffannoo itti kennuu qabu (BBO, 2018). Yaada kanarraa wanti hubannu barsiisonni meeshaalee deeggarsa barnootaa oomishameefi kan ofii isaanii oomishanitti dhimma bahuu baannaa fedhiin barachuu daa'immanii gadi bu'a; fedhii daa'immanii kakaasuuf, meeshaa deeggarsa barnootaa barsiisonni oomishuu akkasumas daa'imman akka oomishan gochuun murteessaa ta'uudha

### 2.4.6 Hanqina Gama Madaallii Walitti Fufaatiin Jiru

Madaalliin tooftaa qabiyyeen barsiifame daa'imman bira gahuufi dhiisuu isaa ittiin addaan baasan ta'ee kan barsiisaan qophaa'ee adeemsa baruu barsiisuu keessatti hojiirra ooluudha. Madaalliin daa'immanii kutaa barnootaa keessattis haa ta'uu alatti kan hojiirra oolu daawwannaa koorniyaa lameenuu bifa giddu galeessa godhateen. Hamileen barsiisonni daa'imman keessatti uuman akka badhaasaatti ilaalama. Odeeffannoowwan nuti funaannu immoo amala, ilaalcha, sonaafi barachuu daa'immanii dagaagsa (Forum for Africa Women Educationalist, 2019).

Yaadni kunis kan agarsiisu hamileen daree keessatti daa'immaniif kennamu dandeettiiwwan afaanii hunda galeessa akka cimsataniif murteessaa ta'uudha. Daa'imman hamileessinaan fedhii barachuu ni dagaagfatu, sodaan dubbachuu, jechoota sagaleessuufi miira wal irraa barachuu cimsachaa deemu. Kutaa barnoota afaanii keessatti immoo dhimma murteessaadha.Adeemsa baruu barsiisuu afaanii keessatti akka daran milkaa'u gochuuf barsiisonni qabiyyee ofgeeggannoo cimaan filatanii hojiirra oolchuu qabaniidha.

Iyyaafannoo gulantaa barnootaa kanaa keessatti hojiirra oolu gulantaa barnoota biraan adda addummaa qaba. Adeemsi iyyaafannoo daree keessaa kan itti fufaa ta'eefi tokkoo tokkoo daa'immanii barnoota isaan guyyaa guyyaan baratan irratti xiyyeeffachuun taasifamuudha. Adeemsicha keessatti hubannoon daa'immanii kallattii garaagaraan akka cimuuf carraan ballaan daa'immaniif kennama. Iyyaafannoon gaggeeffamus kan umrii daa'immanii giddu galeeffateedha. Iyyaafannoon gaggeeffamus duubdeebii daa'immaniifi maatii daa'immaniif kennuufi deebi'anii karoorsuuf gargaara.

Iyyaafannaa walitti fufaafi madaalliin barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa duraa kan gaggeeffamu kallattii sadarkaa guddina daa'immanii bu'ureeffachuun walitti fufiinsaan kan adeemsifamu ta'uu qaba. Kana jechuun, akka mana barnootaa idilee qorumsa kennuun osoo hin ta'in malleen madaallii garagaraa taphaan, gaaffiifi deebiin, gochaalee daa'imman hojjatanii fi hirmaannaa daa'imman yeroo yeroon taasisaniin ta'uu qaba (BBO, 2018).

Barsiisonnis erga afaan barsiisanii booda iyyaafannoo bu'uura godhachuun duubdeebii daa'immaniifi maatii kennan daran bu'a qabeessa ta'u. Daa'immanis dandeettiiwwan afaanii kalaqaan dabaaluun cimsachuu danda'u. Maatiin daa'imman isaanii barsiisuu irratti hubannoo cimsachuu danda'u (Gerstein, 2013). Iyyaafannoon walitti fufaan barsiisotaan kennamu murteessaa ta'uufi duubdeebiin kennamu maatiifi daa'immanii kennamu bu'aa qabaachuudha.

Daa'imman yemmuu afaan baratan dandeettii afaanii qofa osoo hin taane dandeettii fi guddina walii galaa dagaagfachuu danda'u. Guddina walii galaa dagaagsuuf immoo xiyyeeffannoon aadaa fi haasaa kalaqa of keessaa qabu, naannoo fi addunyaa abuuruu afaanii fi beekumsa walii galaa, dandeettii waa hojjachuu daa'immaniiti (MOE Singapore, 2012). Daa'imman dandeettii waa kalaquu kan dagaagfatan yemmuu afaan barataniidha. Dandeettiiwwan afaanii yoo hin goonfatin beekumsa walii galaa kan hin cimsanneedha.

## 2.5 Danqaalee Hojiirra Oolmaa Barnoota Afaanii Bstd Keessatti

Danqaaleen hojiirra oolmaa barnoota afaanii gulantaa barnoota sdarkaa tokkoffaan duraa keessatti muudatan kanneen sadarkaa adda addaatti furamuuf xiyyeeffannoo barbaaduudha.

### 2.5.1 Danqaa Gama Maatiifi Umrii Daa'immaniin Jiru

Gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti daa'imman dandeettiifi muuxannoo maatii isaaniirraa horatan qabatanii dhufu. Milkaa'ina Barnootaa Barnoota Sadarkaa Tokkoffaan Duraa keessatti afaan barsiisuuf maatiin daa'immanii iddoo olaanaa qabaachuu hayyoonni ni addeessu. Maatiin daa'immanii, daa'imman isaanii akka afaan dhalootaa isaaniin barataniifi daaa'imman isaanii milkaa'ina isaanii boruuf tumsi isaanii murteessaadha (Barnett, 2008). Yaada hayyuu kana irraa wanti hubannu maatiin yookiin guddistoonni daa'immanii, daa'imman isaanii akka afaan dhalootaa isaanii barataniifi milkaa'ina isaaniitiifi gahee olaanaa qabaachuu kan nutti mullisuudha.

Daa'imman dandeettii waa akkeessuun dafanii afaan barachuu akka danda'aniifi saffisaan waan naannoo isaanii jiru baruudhaaf qophaa'oo ta'uu isaaniiti. Adababbiin yookiin jajjabeessuu dhabuun, yeroo maraa akka callisan, qooqa sagalee hi'entaa /negative tone of voice/ dagaagina afaanii miidhuu danda'a. Afaan irra caalaa kan baratamu shaakalaan waan ta'eef daa'imman yeroo kana guddina xiinsammuun harkifatoo ta'u.

Maatiin daa'imman isaanii waliin yeroo muraasa dubbatan kan dubbatan taanaan jireenyi daa'immanii gama gahuumsa afaaniin qaban garmalee ni miidhama. Yaadni kun kan agarsiisu mana barnootaa keessas haa ta'uu maatii biratti daa'imman jajjabeessuun akka afaan dafanii barataniifi dandeettiiwwan afaanii goonfatan taasisa,maatiin dubbii daangeffamaa daa'imman waliin gochuu akka hin qabneedha.

Akka ijaarsa beekumsaatti afaan dhalootaan (sanyiin) murtaa'uu fi naannoon dhiibbamuu danda'a. Kunis daa'imman dandeettii afaan barachuu waliin dhalatanii sagalee naannoo isaanii akkeessuun afaaniin walii galtee uumu. Daa'imman dandeettii afaan barachuun dhalatanii sagalee naannoo isaaniitti dhagahamuufi taateewwan ciicata taasifachuun afaan barachuu danda'u. Daa'imman jechoota dura beekan yookiin isaanitti dhihaatu fedhiifi gocha mataa isaanii giddu galeeffatetti dhimma itti bahu, qunnamtiin wantoota muuxannoo karaa miira isaanii waliin walqabate ta'a. Daa'imman namoota isaaniin walii gale amanu, wantoota karaa wal fakkaatuun hubatu, ni hiikkatu. Daa'imman dubbii dagaagfachuu kan eegalan dhimma qunnamtii uumaa jiraniif osoo hin beeknee adeemsa keessa dubbii keessoo isaanii qunnamtii alaatiin walqabsiisuun walii galtee uumu, dubbiin isaan dhuunfatti dubbatan gara dubbii hawaasaatti jijjiiramee walii galtee uuma; yeroo kana daa'imman deeggarsa addaa barbaadu (Paiget fi Inhelder 1969).

Hawaasni yookiin maatiin daa'immanii, daa'imman umrii barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa tiif gahan mana barnootaatti erguu, beekumsa naannoo isaanii jiru kan aadaa fi duudhaa daa'immanii waliin wal qabatu muuxannoo fi muudannoo jiruu fi jireenya isaanii keessatti uumaman sirna barnootaa keessatti akka hammatamu gochuun gumaachuu kaasee hanga beekumsa hawaasaa qabiyyee barnoota isaanii keessatti hammachiisuutti kan hirmaataniidha.

Akkuma maatiin ykn guddistoonni daa’immanii garaagarummaa qaban daa’imman umrii adda addaafi beekumsa adda addaa qabatanii gara mana barnootaa dhufan. Kun immoo kutaa barnootaa keessatti barnoota afaanii walgitiinsa qabu kennuuf rakkoo guddaadha. Daa’imman dandeettiiwwan afaanii karaa salphaan akka dagaagfatan taasisa.

Gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti hirmaannaan daa’immanii gama afaan barachuutiin qaban ni dabala. Guddinni afaaniis saffisaan dabalaa deema; jireenyi gamtaan barachuu daa’immanii akka dagaagu taasisa, maatiinis gahee olaanaa taphatu (UNESCO, 2010). Yaada kanarraa wanti hubannu guddinnniifi dagaagina daa’immanii, dagaagina afaaniin adda bahuu akka hin dandeenye, qunnamtiifi walitti dhufeenya mana barnootaa, maatiifi hawaasaa bakka guddaa qabu.

Biyyoonni guddatan cinqiin isaanii guddaan qulqulina, bu’a qabeessummaa fi fooyya’iinsa dandeettii afaan barnootaati. Egereen biyya tokkoos guddina hunda hammattoofi itti fufiinsa qabu akka ta’eefi qabiinsiifi barnoonni daa’immanii ganamaa bu’a milkaa’ina jiruu barnootaa, walsimannaa hawaasaa, guddina dhuunfaafi carraa hojii argachuun bu’aa buusuuf bu’uura. Daa’imman dandeettiiwwan afaanii kanneen akka dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, seerluga afaanii eeganii barreessuufi dandeettii jechoota shaakaluu walfaana akka cimsataniif karaa saaqa. Dandeettiiwwan afaanii keessaa dubbisuufi barreessuu yoo cimsatan gosa barnoota birootiinis milkaa’uu danda’u. Umriin daa’immanii kutaa barnootaa afaanii keessatti adda addummaa qabaachuun qabiyyee wal fakkaataa iddoo tokkotti afaan barsiisuu,madaallii gaggeessuufi sadarkaa daa’imman gama dandeettii afaaniitiin qaban adda baasanii gulantaa barnootaa itti aanutti dabarsuun ulfaataadha. Qabatamni gosa barnoota Afaan Oromoos kanaan addaa miti.

## 2.6 Madda Hanqinootaafi Danqaalee

Maddi hanqinootaafi danqaalee hojiirra oolmaa barnoota afaanii gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti uumamanii dhimmoota adda addaa kan of keessatti hammatuudha.Isaan keessaa ijoon sirni barnootaa became haala barbaadamuun daa’imman bira gahuu dhabuu, leenjiin gahaan barsiisota afaaniif kennamuu dhabuu, meeshaaleen deeggarsa barnootaa fi haalli maatiin daa’immanii gulantaa barnootaa kana itti hubate garaagarummaa qabaachuudha. Imaammanni barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa akka

biyyaatti bahe daa'imman umriin isaanii gulantaa kanaaf gahan mana barnootaa akka dhufan taasisuudha. Haa ta'u malee qabatamummaan jiru daa'imman yeroon gara mana barnootaatti fiduurratti maatii daa'immanii kan wal hin fakkaanneedha(MOE 2008). Haalli kun immoo kan Afaan Oromootiin garaagarummaa akka hin qabneedha.

## 2.7 Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoon mata duree hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo, barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti, hanqinootaafi danqaalee jedhu irraatti gaggeessuuf qorataan yaaxxina qorannoo yayyabbii yookiin bu'uraa filatee hojiirra oolche. Sababni isaas yaaxxinni yayyabbii qorannoo akkamtaa keessatti odeeffannoowwaan karaa afgaaffii, hubdaawwannaafi marii gareetiin argaman gadi fageenyaan xiinxaluufi yaada itti kennuuf murteessaadha. Yaaxxinni yayyabbii yookiin bu'uuraa ragaalee meeshaalee funaansa adda addaatiin argaman wal madaalchisa, raga meeshaa tokkoon argame dhugummaa isaa kan birootiin mirkaneeffata, akkasumas ragaalee walitti qabaman walitti fiduun akka qaacceffamu taasisa. Keessattuu sirna barnootaa keessatti iddoo guddaa qaba (Creswell, 2012). Yaadni hayyuu kanaa kan nutti mullisu yaaxxinni yayyabbii qorannoo sirna barnootaa keessatti murteessaa ta'uufi ragaaleen qorannoo bifa rogsadeessuutiin kan funaanamaniifi qaacceffaman ta'uu agarsiisa.

Bu'uuruma kanaan qorataan yaaxxina yayyabbii fayyadamee qorannoo isaa gaggeesse. Sababni isaas yaaxxinni kun ragaalee kallattii adda addaatiin funaanaman duuba odeeffannoowwaniifi falaasamoota qabatamaan jamaa odeeffannoo irraa funaanamu bira jiru karaa bilchina qabuun argachuuf murteessaadha. Keessattuu dhimmi afaan barsiisuufi barachuu dhimma dhaabbataa kanaaf kana jennee yeroo tokkotti murtiidhaan bira darbinu osoo hin taane yeroo yerotti beekumsa uumamaa deemuufi kalaqa adda addaan kan walqabatu waan ta'eef akka yaaxxina qorannootti qoratichi filatee hojiirra oolcheera.

# 3. XIINMALA QORANNICHAA

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun saxaxa qorannoo dhimmaatti dhimma ba'e. Malli qorannoo ittiin gaggeeffamu mala qorannoo addeessaati. Sababni saxaxniifi malli qorannoo kun filatameef ragaalee bu'uuraa mata duree qorannoo irratti gaggeeffame gadi fageenyaan adda baafachuuf murteessadha.

## 3.2 Madda Ragaalee Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuuf qorataan barsiisota BSTD keessatti afaan barsiisan, dura taa'ota manneen barnootaa, ogeeyyii waajjira barnootaa adeemsa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa fi afaan dhalootaa irratti hojjatan, itti aanaa waajjira barnootaafi itti gaafatamaa waajjira barnoota aanaa Muunessaa akka madda sadarkaa tokkoffaatti itti gargaarameera.

Qaamoleen armaan olitti tarreeffaman hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraan wal qabatee ragaa bu'uraa kennuu danda'u waan ta'eef qorataan akka madda ragaa sadarkaa tokkoffaatti gargaarame. Adeemsi baruu barsiisuu kutaa barnootaa keessaafi alatti gaggeeffamu xiyyeeffannaan daawwachuun akka madda ragaa sadarkaa tokkooffaatti qorataan gargaarameera.

Qorataan qajeelfamoota, sirna barnootaa, kitaabilee BSTD keessatti Afaan Oromoo barsiisuuf qophaa'an, meeshaalee barnootaafi deeggarsa barnootaati. Sababni isaas hojiirra oolmaa barnootichaa keessatti gahee waan qabaniif, qorannicha keessatti wantoota olitti tuqaman xiinxaluun akka madda ragaatti qorataan itti gargaarameera. Meeshaalee funaansa ragaa keessaa hubdaawwannaa gaggeessuun jiraachuufi dhiisuu isaanii adda baafateera.

## 3.3 Iddattoofi Malleen Iddatteessuu Qorannichaa

Mata duree kana jalatti iddatoowwan qorannicha keessatti ragaan irraa funaanamaniifi mala iddatteessuu isaan ittin filamantu haala itti aanu kanaan dhihaateera.

### 3.3.1 Iddatoo Qorannichaa

Hammi iddatoo manneen barnootaa, barnootni Afaan Oromoo gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa itti gaggeeffamaa jiru keessaa giddu gala manneen barnootaa/WGMB/ kudha sadi keessaa ragaa qorannoo quubsaa ni argama jedhee qoratichi itti amane wiirtuu gurmuu afurtu filatame. Wiirtuu gurmuu manneen barnootaa afur filataman keessaa immoo manneen barnoota giddu gala ta'an ykn qindeessaa ta'an afur ragaan irraa argamu gaaffilee qorannichaa deebisuu ni danda'a jedhee qoratichaan filatamaniiru. Iddattoowwan qorannoo kana keessatti filataman barsiisota manneen barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti barsiisan, dura taa'ota manneen barnootaa, ogeeyyii gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraafi afaan dhalootaa irratti hojjatan, itti aanaafi hoogganaa waajjira barnootaati.

Manneen barnootaa filatamanis Eegoo, Gumgumaa, Muunessaafi Shuunee fa'a. Tokkoon tokkoo manneen barnoota filataman keessaa barsiisota gulantaa barnootaa, BSTD keessatti barsiisan tokko, tokko waliigala barsiisota afur filatamaniiru. Akkasumas dura bu'oonni manneen barnoota filataman irraa tokko, tokko walii gala afurtu filatame. Kanaaf tokkoon tokkoo manneen barnoota filataman keessaa qaamoleen filaman lama, lama ta'u. Manneen barnootaa irraa barsiisota afuriifi dura taa'ota afur waliigala nama saddeeti ta'u. Ogeeyyii waajjira barnootaa, barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa fi afaan dhalootaarratti hojjatan keessaa nama lamafi hooggantoota waajjiraa barnootaa lama filatamaniiru.

Waajjira barnootaa keessaa ogeeyyiin dhimma barnoota sadarkaa tokkoffaan duraafi afaan dhalootaa irratti hojjatan namni lama, hooggantoonni itti aanaa fi itti gaafatamaan waajjiraa barnootaa walitti namni lama, waliigala waajjira barnootaarraa nama afur qorannoo kana keessatti filatamaniiru. Waliigala qorannicha gaggeeffamuuf deemaa jiru kanaaf ragaa kennitoonni yookiin hammi iddatoo kudha lamatu (12) qorannoo gaggeeffame kana keessatti filatameera. Namoonni filataman kunneen karaa afgaaffii, hubdaawwannaafi marii gareetiin ragaa gaaffilee qorannichaa deebisuu danda'u kennaniiru.

Sababni barsiisonni gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti barsiisan, dura taa'onni manneen barnootaa bulchan, ogeeyyiin waajjira barnootaa keessatti dhimma barnoota sadarkaa tokkoffaan duraafi afaan dhalootaarratti hojjatan, itti aanaafi hoogganaan waajjiraa filatamaniif hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo gulantaa banootichaarratti ragaa quubsaa kennuu danda'u; akkasumas raawwii adeemsa baruu barsiisuu sadarkaa mana barnootaatti raawwatamu dhiheenyaa waan hubannoo qabaniif akka iddatootti filatamaniiru.

### 3.3.2. Malleen Iddatteessuu Qorannichaa

Malleen iddatteessuu qorannoo kana keessatti hojiirra oole mala iddatteessuu akkayyoofi hammargeedha. Qorannoo kana keessatti giddu gala manneen barnootaa aanaa Muunessaa 13 keessaa mala iddatteessuu akkayyootiin manneen barnoota 4 filatamaniiru. Manneen barnootaa filataman kunneen akkaataa odeeffannoon argamu aanaa san bakka bu'uu itti danda'uufi ragaan irraa argama jedhee qoratichi amane bu'uura godhachuun filataman.

Manneen barnootaa filataman keessatti barsiisonni lama ta'an kan muuxannoo qabantu mala iddatteessuu akkayyootiin filataman. Waliigala mana barnoota qorannoo irratti gaggeeffamaa jiru keessaa barsiistuu tokkotu filatame. Mala iddatteessuu akkayyoon barsiisonni 4 filatamaniiru. Manneen barnootaa filataman keessatti tokko kan ta'an mala iddatteessuu hammargeen filatamaniiru. Dura taa'onni manneen barnootaa 4 mala iddatteessuu hammargeen filatamaniiru. Ogeeyyiin waajjiraa barnootaa 22 keessaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraafi afaan dhalootaarratti hojjatan 2 mala iddatteessuu akkayyootiin filataman.

Itti gaafatamaafi itti aanaan waajjira barnootaa immoo mala iddatteessuu hammargeetiin kan filatamaniidha. Walumaa galatti barsiisonni mala iddatteessuu hammargeen filataman nama 2 kan mana barnoota shuuneefi muunessaa yoo ta'an kanneen mala iddatteessuu akkayyoon akkayyoon filataman immoo kan mana barnoota Eegoofi Gumgumaati. Duratàa'onni manneen barnootaa nama 4 mala iddatteessuu hammargeen, ogeeyyiin waajjira barnootaa nama 2 mala iddatteessuu akkayyoon, itti aanaan waajjiraa nama 1 mala iddatteessuu hammargeen, itti gaafatamaan waajjira barnootaa nama 1 mala iddatteessuu hammargeen filatamaniiru. Waliigala odeefkennitoonni qorannoo kanaa namoonni 12 filatamaniiru.

Malli iddatteessuu filatame kun hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo, gulantaa BSTD keessatti ragaan guutuun qaamolee armaan oliirraa argame murteessaa waan ta'eef qoratichi kan filateedha. Sababni malleen iddatteessuu akkayyoofi hammargee filatamee qorannoo kana keessatti hojiirra ooleef ragaan kallattii adda addaan argame gaaffilee qorannichaa deebisuufi kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf mala iddatteessuu olii qoratichi hojiirra oolche.

## 3.4 Malleen Funaansa Ragaalee

Malleen funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti qorataan hojiirra oolche; afgaaffii, hubdaawwannaafi marii garee yoo ta'an; akkaataa dhiheenyaafi tooftaalee ittiin hojiirra oolan tokko tokkoon akka armaan gadiitti ilaalla.

### 3.4.1 Afgaaffii

Qorannoo hojjatame kana keessatti deebistoonni afgaaffii itti gaafatamaafi itti aanaa waajjira barnootaati. Gaaffilee qophaa'an hunda keessa deebi'uun akkaataa hamilee ragaa kennitootaa hin tuqnetti gulaaluun qopheesse. Adeemsa funaansa ragaa keessatti immoo yaadqalbii guutuu ta'een dhaggeeffachuu, gaaffilee ifa akka ta'aniif si'a lamaa hanga sadiitti gaafatamtootaaf irra deebi'uu, jechoota sasalphoo hubatamuu danda'uun gaafate. Kunis gaaffilee qorannoo afranuu akkaataa wal keessa itti deebisuu danda'uun qophaa'ee kan dhihaateedha. Afgaaffiin dhihaates banaadha. Yeroo gaaffii gaafadhee gaafatamaan ykn deebisaan yaada isaa kennu yaadannoo qabachuun ragaan funaanamee

### 3.4.2 Hubdaawwannaa

Qorataan qorannoo kana keessatti adeemsa hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo, barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa irratti hanqinoota fi danqaalee, madda hanqinootaafi danqaalee akkasumas miidhaa fiduu danda'u adda baafachuuf yeroo adeemsi baruu barsiisuu barsiisotaafi daa'imman giddutti gaggeeffamu hubdaawwannaa gaggeessuun ragaa funaannateera. Adeemsichi daawwannaas qorataan dursa qabxiilee daawwannaa dhimmoota ijoo ta'an irratti fuulleffachuun qopheeffate. Qaamota dhimmi ilaallaturraa hayyama seera qabeessa ta'e fudhachuun iddoo daawwannaatti dursee argame.

Itti aansee daawwannaaf gola hin seenin barsiisota kaayyoo deemuuf hubachiise. Dareen barnootaa adeemsa baruu barsiisuu keessatti ta'iiwwan hubdaawwannaa keessatti uumaman adda baasuuf hubdaawwannaan daree gaggeeffame. Yeroo baruu barsiisuun gaggeeffamu qoratichi jalqabarraa kaasee hanga dhumaatti marsaa tokko daawwateera. Gochaalee baruu barsiisuu keessatti raawwataman yeroo barsiisonni wayitii barnoota Afaan Oromoo barsiisan adda baasuun maaltu akka ta'aa jiru waan ta'uu malu waliin xiinxala taasiseera.

Meeshaalee barnootaa, deeggarsaa,fi malleen baruu barsiisuu gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisuuf hojiirra oolaa jiran, akkaataa malleen iyyaafannoo walitti fufaa daree keessaa barsiisonni hojiirra itti oolchaa jiraniifi kalaqa daa'immanii kanneen dandeettiiwwan afaanii cimsuuf daree keessattiifi dareen alatti hojiirra oolan daawwatameera. Qorataan ragaaleen hubdaawwannaa golaan funaane karaa cheekliistiifi yaadannoo barreeffachuun galmeeffate. Daawwannaan gaggeeffameen ragaa argame yaada hayyootaan waliin deeggaruun qaacceffame.

Sababni malli kun filatameefis sirni barnootaa bocamee sadarkaa biyyaatti hojiirra oolu raawwiin dhumaafi iddoon ijoon baruu barsiisuun itti gaggeeffamu daree barnootaa waan ta'eef ragaan bu'uraa ni argama. Daawwannaan gaggeeffame qabxiilee gaaffilee qorannichaa deebisan barsiisota barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti barsiisan kaanneen daawwatamaniif qopheessuun kan gaggeeffamuudha. Barsiisota manneen barnootaa afran daawwatamaniifuu qabxiileen dhihaate walfakkaataadha. Qabxiilee daawwannaaf qophaa'e cinatti ta'iiwwan baruu barsiisuu keessatti raawwatamu daawwatee ragaa funaane.

### 3.4.3 Marii Garee

Marii garee barsiisota BSTD afur, dura taa'ota afur, ogeeyyii lama, itti aanaafi itti gaafatamaa waajjira barnootaa walitti makuun ragaa miliqee hafuu danda'u adda baafachuuf dhimma itti bahe. Sababni meeshaan kun filatameefis muuxannoo jiru walii qooduun ragaan gabbataan ni argama jedhee waan itti amanameef filatame.

Baay'inni garee lama yoo ta'an miseensonni garee tokko keessatti argaman jaha. Kunis odeefkennitoonni bakka lamatti qoodamaniiti. Akkaataan gareen itti qoodame immoo itti gaafatamaa waajjira barnootaa, ogeeyyii keessaa tokko, dura taa'ota manneen barnootaa keessaa lamafi barsiisota BSTD keessatti barsiisan lama waliigala garee tokkotti namoota jaha.

Kan garee lammaffaas itti aanaa waajjira barnootaa tokko, ogeessa waajjira barnootaa dhimma barnoota sadarkaa tokkoffaan duraafi afaan dhalootaa irratti hojjatan tokko, dura taa'ota manneen barnootaa lamaafi barsiisota gulantaa BSTD keessatti barsiisan lama miseensi garee kanaas walii gala nama jahatti qoqqoodamanii mariin garee gaggeeffameera. Barsiisonniifi dura taa'onni xalayaan yaamamanii akka waajjiratti dhufan gochuudhaan iddoo tokkotti mariin gaggeeffame. Iddoon mariin garee waajjira barnoota aanaatti gaggeeffame.

Adeemsi marii garee xiyyeeffannoo inni duraa qabxiilee marii garee qopheeffachuun hayyama qaama dhimmi ilaallaturraa fudhatee kaayyoo qorannichaa ibse, inni lammataa hirmaattota marichaaf meeshaalee fi loojistikii barbaachisu guutuun si'aayina akka horatan taasise, inni sadaffaan immoo of barsiise, akka walii, walii isaanii wal baran taasisa kunis eessaa akka dhufan, gaheen isaanii maal akka ta'e, inni arfaffaan garee, garetti qoode. Ragaa gahaa ta'e bifa gabaasa barreeffamaafi dubbiitiin akka dhiheessan taasisuun kan gaggeeffameedha.

Gareetti qoodamanii qabxiilee irratti mari'atan kennuun akka marii bilchina qabu taasisan barreessitoota garee keessaa filuun waan irratti mari'ata akka afaanii fi barreeffamaan gareef dhiheessan taasiseera. Yeroo kana qoratichi yaadannoo fudhate. Dhumarratti qabxiilee mariirratti yaada walii galaa cuunfuudhaan akka barreeffamaan qindeessan gochuun akka madda raggaatti gargaarameera. Adeemsa marii keessatti fedhiin garee hundaatuu akka eeggamu hordoffii taasisuun hirmaattonni garee sodaa tokko malee yaada isaanii gaaffilee marii gareef dhihaate bu'uura godhachuun bilisaan akka kennan taasisuun ragaa qabatamaafi bu'uraa ta'e walitti qabate. Namoonni 12 filataman hunduu mariirratti hirmaataniiru.

## 3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee

Malli qaacceesa ragaa tooftaalee ragaaleen adda addaa hiika itti kennamaniidha. Qorannoo gaggeeffame kana keessatti ragaaleen afgaaffii, hubdaawwannaafi marii gareen argaman mala akkamtaa funaaname hunduu mala akkamtaatiin qaacceffame.

Qorannoo kana keessatti ragaaleen akkamtaan funaanaman akkamtaan kan qaacceffamu ta'a. Hayyuu Creswell mala qaaccessa akkamtaa yoo ibsu; malli qaaccessa ragaa akkamtaa falaasamoota ragaa funaanamaniin walqabatan gadi fageenyaan xiinxaluun tarsiimoofi malleen garaagaraa kan hojiirra oolchuun ta'iiwwan hundaaf bakka kenna (Creswell, 2012). Ragaaleen meeshaalee funaansa ragaa adda addaatiin funaanaman hundi ragaa akkamtaati.

Haalli itti qaacceffame immoo dursa afgaaffii itti aanaa fi hoogganaa waajjira barnootaa, itti aansuun hubdaawwannaa yemmuu adeemsi baruu barsiisuu dareefi ala keessatti gaggeeffamu, dhumarratti yaada marii garee hunda hirmaachisetu qaacceffameera. Qorannoo akkamtaa barnoota keessatti gaggeessuuf odeeffannoon funaanaman isaan bu'uuraa waan ta'eef qorataan ragaalee bu'uuraa uumama waan tokkoof sababa ta'e adda baafachuun furmaata jamaa kaayyoo qorannoo isaa galmaan ga'u filata (Louis Cohen and ibid 2000)

Duraa duuba qaaccessa ragaalee afgaaffii, daawwannaa fi marii garee xiyyeeffannoon funaanamanii kan asii gaditti. Jalqabarraatti afgaaffii ogeeyyii waajjira barnootaa dhimma barnoota sadarkaa tokkoffaan duraafi afaan dhalootaarratti hojjtaniifi hooggantoota waajjiraa hammatee, itti aansuudhaan yeroo adeemsi baruu barsiisuu hojiirra oolu yookiin yeroo barnoota Afaan Oromoo barsiisan hubdaawwannaa gaggeeffame, dhumarratti marii garee xiyyeeffannoo barsiisota, dura taa'ota, ogeeyyiifi hooggantootaattu qaacceffame.

Qorannoon akkamtaa, gaaffilee 'Maaliif? Akkamitti? jedhaman deebisa waan ta'eef, ragaaleen funaanaman mala akkamtaatiin dhihaatu. Malli akkamtaa ragaalee aslii kan rakkoo qoratamu sana gadi fageenyaan dhiheessuun argannoof haala mijeessuurratti human qaban xiyyeeffata(Addunyaa, 2011). Yaada hayyuu kana irraa wanti hubannu malli akkamtaa odeeffannoo argaman lakkoofsaan osoo hin taane bifa ibsaan kan dhihaatu ta'uusaati.

Qorannoo kana keessattis ragaaleen akkamtaa funaanamee rogsadeessuun mala akkamtaan qaacceffameera. Ragaalee karaa sadeeniin argaman walitti fiduun yaada hayyootaa waliin wal bira qabuun mala akkamtaan ibsa itti kennuun yaada argannoofi furmaataaf ooluu danda'u hundeesseera. Ragaaleen iddatoowwan filataman irraa funaaname, yaada hayyootaa waliin wal bira qabuun yaada cuunfaafi argannoo qorannoo balballoomseera.

### 3.6 Naamusa Qorannichaa

Naamusa qorannichaa haala armaan gadiitiin qorataan hordofee qorannoo isaa gaggeesseera. Jalqaba irratti qaamota dhimmi ilaalurraa xalayaa deeggarsaa barreeffachuun iddoo ragaa funaanutti qajeele, itti aansuun aadaa, safuu, fedhii fi yaadqalbii jamaa bifa eegeen kan gaggeesse. Barsiisonni daawwataman hundi bifa obbolummaatiin akka qoraticha laalan itti dhihaachuun adeemsichi akka haaraa hin taane dursa wal barumsa gochuufi dhimma gaggeeffamuuf deemu ifa gochuudhaan raga barbaadamu funaanate.

Daawwannaan, afgaaffiifi mariin garee gaggeeffamu irraa ragaa funaanamu bifa iciitii eegeen akka ta'e dursa hubannoo kenne. Kunis odeeffannoo kennuufi yookiin daawwatamuuf akka hin qoollifanneef gargaara waan ta'eef qorataan bifa miira ragaa kennitootaa eegeen odeeffannoo funaane. Qoratichi yoomessa uumamaa keessatti daa'imman yemmuu baratan akkamitti akka isaan baratan dinqisiifachuufi hamileessuufi itti dhiyaatee ragaa kaayyoo qorannoo galmaan gahuu danda'u funaannatee hojiirra oolcheera.

Ragaaleen namoota akka iddatootti filataman irraa funaanaman hunduu kan ibsaman karaa maqaa namoota yaada kennan hin ibsineen kan dhihaateedha. Namoota karaa afgaaffiitiin odeeffannoon irraa fudhatame koodii kennuun kan ibsameedha. Kan marii garee immoo garee lamatti qooduudhaan yaada miseensonni garee karaa bakka bu'aa isaaniin dhiheessaniifi yaada dabalataa miseensonni garee dhiheessan ykn kennan cuunfuun dhihaate. Kan daawwannaan golaa immoo bifa gabateetiin qaacceffamee ibsi itti kennameera.

# 4. DHIHEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

Mata duree kana jalatti ragaaleen meeshaalee funaansa ragaalee adda addaatiin funaanamantu qaacceffame. Ragaalee afgaafii, hubdaawwannaafi marii garee xiyyeeffaannoon argamantu mata dureewwan adda addaatti qoodamuun wal duraa duubaan qaacceffamee dhihaateera.

## 4.1 Hanqinoota BSTD Keesatti Mul'atan

Hanqinoonni gosa barnoota Afaan Oromoo gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti mul'atan kallattii adda addaatiin ilaaluun ni danda'ama. Hanqinoonni kunneen kan sadarkaa mana barnootaattifi barsiisaatti furamuun milkaa'ina daa'immaniif gahee qabuudha. Hanqinoonni mul'atan kunneenis; hanqina hubannoo, meeshaalee barnootaafi deeggarsa barnootaa, malleen baruu barsiisuufi malleen madaalliifi iyyaafannoo walitti fufaa akka ta'e adda bahee ragaalee funaanaman bu'ureeffachuun haala asii gadiitiin dhihaataniiru.

### 4.1.1 Hanqina Gama Hubannootiin Jiru

Hubannoon ilaalchaafi ijjannoo bu'a qabeessummaa gulantaa barnootichaarratti maatiifi guddistoonni, barsiisonni, hooggansi sadarkaan jiru qabuudha. Akka afgaaffii **G-1** waliin guyyaa 15/09/2015 taasifameen gulantaan barnootaa kun barnoota idileen duraa, daree O (o-class), oolmaa fi KG jedhamee yaamamaa ture amma garuu barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa jedhamee adda bahee waggaa muraasa lakkoofsiiseera. Gulantaa kana keessatti Afaan Oromoo barsiisuu bu'aa heddu isaan keessaa ijoon daa'imman xiinsammuu bilisummaa qabuun barnoota isaanii akka hordofan, saffisaan dandeettiiwwan afaanii dagaagfachuu akka danda'aniifi milkaa'inni barnoota keessatti qabanis olaanaa akka ta'eedha. Haa ta'u malee manneen barnoota mootummaa keessatti gulantaa kanaaf maatiin daa'immanii xiyyeeffannoon isaan kennaniif gadaanaa akka ta'e ibsaniiru. Haalli qabatamaa bu'aa kana beekanii daa'immaniif carraa kennuu laafaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Itti dabaluun G-2 immoo daa'imman dafanii waa qabachuurratti dandeettiin isaan qaban olaanoo waan ta'aniif gulantaa kana keessa gaafa darban dandeettii Afaan Oromoo dubbisuufi barreessuu gulantaa barnoota itti aanu keessatti daran cimsachuu akka danda'aniifi hirmaannaan daa'immanii umrii barnootaaf gahan dafanii gara mana barnootaa akka seenaniif haala mijaawaa uuma. Sababni isaas daa'imman Afaan Oromoo sirnaan baratan barnoota gulantaa itti aanuu gosa barnoota birootiinis fooyya'oo ta'uu ibsaniiru.

Daa’imman yeroo barnoota sadarkaa tokkoffaa seenan kanneen gulantaa kana hin baranneen wal bira qabnee yoo laallu garaagarummaan gama dandeettii afaaniitiin qaban bal’aan jiraachuu nutti agarsiisa. Akka ministeerri barnoota Itoophiyaa jedhutti: Umriin daa’imummaa ganamaa guddina barnootaaf murteessaa akka ta’e, bu’uura milkaa’ina egereefi lammii bu’aa buusuu danda’u akka ta’aniif yeroo murteessaadha (MOE 2008). Yaadni olitti ka’e kanaan wal fakkaatus raawwii keessatti rakkoon jiraachuu argina. Daa’imman gulantaa kanatti eenyummaafi dandeettii afaanii guddifachuu akka danda’an kanneen gulanticha keessatti gahumsa hin horanne egereen isaaniirrati gufuun akka uumamu hubachuun ni danda’ama.

Akka yaada marii garee itti gaafatamtoota waajjira barnootaa, ogeeyyii BSTDfi afaan dhalootaa irratti hojjatan, dura taa’ota manneen barnootaafi barsiisota BSTD keessatti barsiisan hammateen guyyaa 21/09/2015 Garee 1[ffaa] waliin taasifame ibsanitti gulantaan BSTD kun daa’immaniif murteessaafi kan xiyyeeffannoo barbaadu ta’us hubannoon maatiin gulantaa barnootaa kanarratti qaban laafaa ta’uu, gulantaa barnootaa kana manneen barnoota dhuunfaa qofatu barsiisa jedhanii yaaduufi daa’imman umriin isaanii akkuma gulantaa barnootaa kanaaf gaheen mana barnootaatti akka ergaa hin jirre ibsaniiru. Fedhiin Afaan Oromoo barachuu daa’immanii umrii daa’immummaa keessatti si’aayina qabaachuufi milkaa’ina gosa barnoota birootiifis murteessaa akka ta’e ibsaniiru.

Yaadota armaan olitti afgaaffiifi marii gareetiin dhihaaterraa wanti hubannu gulantaa BSTD tiif yaadrimeen adda addaa kennamaafii akka ture, daa’imman gulantaa kana keessa darban gahumsi afaaniirratti qaban fooyya’aa ta’uu, bilisummaa yaadaa horachuu, gulantaa itti aanutti milkaa’oo akka ta’aniifi hirmaannaa qulqulluuf karaa saaquu akka danda’u nutti mullisa. Qabatama jiruuf yaada hayyuun asii gadii kaa’een wal bira qabnee yoo laallu wal buusa.

Maatiin daa’immanii, daa’imman isaanii akka afaan dhalootaa isaaniin barataniifi daaa’imman isaanii milkaa’ina isaanii boruuf tumsi isaanii murteessaadha (Barnett, 2008). Haalli kun immoo umrii dabarsanii daa’imman mana barnootaa yoo seenan dandeettiiwwan afaanii hunda galeessa goonfachuurratti akka rakkachuu danda’an nutti agarsiisa. Gama birootiin immoo bu’a qabeessummaan gulantaa kana irratti hubannoon maatii daa’immanii ykn guddistoota bira jiru laafaa ta’uun daa’imman umrii BSTD dabarsanii akka seenuu danda’an nutti mullisa. Raga afgaaffii gaggeeffamerraa kan jedhamuufi raawwiin garaagar ta’uu argina.

### 4.1.2 Hanqina Gama Meeshaalee Barnootaafi Deeggarsa Barnootaatiin Jiru

Meeshaaleen barnootaafi deeggarsa barnootaa hojiirra oolmaa gosa barnoota Afaan Oromoof murteessaadha. Meeshaaleen barnootaa sirnaan qophaa’uu baannaan baruu barsiisuun ni gufata. Afgaaffii G-1fi G-2 guyyaa 15/09/2015 waliin taasifame akka ibsanitti meeshaaleen barnootaa kanneen akka kitaabni daa’immanii sadarkaa BBOtti manxanfaman yeroodhaan nu bira gahuu dhabuu irraa kan ka’e manneen barnootaaf raabsuu akka hin dandeenye ibsan.

Kitaabileen manxaffamanii dhihaatanis akkaataa umrii qoodamee osoo hin taane walii gala barnoota sadarkaa tokkoffaaf jedhamee kan qophaa’e akka ta’e, kitaabileen daa’immaniif kennamu gonkumaa kan hin jirre ta’uu, silabasiifi qajeelchi barsiisotaaf qophaa’e gahaa akka hin taaneefi haalli itti fayyadama barsiisotaa garagar ibsaniiru. Yaadni kenname meeshaalee deeggarsa barnootaa umrii daa’immanii waliin wal simatu qopheessuurratti sadarkaa barsiisotaafi mana barnootaatti kaka’umsi ta’uufi qophiin jiru laafaa ta’uu nutti agarsiisa.

Ragaan marii garee 1ffaa fi 2ffaa guyyaa 21/09/2015 irraa argame kan G-1fi G-2 afgaaffiin guyyaa 15/09/2015 kennaniin wal fakkaatus sadarkaa waajjira barnootaattis haa ta’uu sadarkaa biiroo barnoota Oromiyaatti gulantaa barnoota kanaaf kenname kan sadarkaa haasawaatti ta’uufi qabatamni meeshaalee barnootaa qopheessuu irraa eegalee xiyyeeffannoon jiru laafaafi meeshaaleen qophaa’anis akkaataa walgitiinsa mirkaneessuun kan hin qophoofne ta’uu, kanneen gabaarraa bituun hojiirra oolus muuxannoo daa’immanii waliin kan hin deemneefi dandeettiiwwan afaanii akka cimsataniif gahaa akka hin taane, kanneen mootummaan maxxansees herregaa, saayinsiifi taphootaafi faaruuwwaniin walitti makamee kan qophaa’ee ta’uufi qabiyyeen barnoota afaanii qophaa’e gahaa akka hin taane ibsaniiru. Meeshaaleen gabaarraa bitamanii daree barnootaatti dhihaatan eenyummaa daa’immanii walii wal simuu dhabuu mala waan ta’eef hamilee isaanii miidhuu akka danda’u nutti agarsiisa.

Akka miseensonni garee 1ffaa marii taasifame keessatti ibsanitti; sadarkaa mana barnootaatti meeshaaleen deeggarsa barnootaa wantoota naannorraa oomishanii daree barnootaa keessatti daa’immaniif dhiheessanii baruu barsiisuun akka milkaa’u gochuu keessatti laafinni akka jiruufi haalli qabiinsa kitaabileen wal qabatee hooggansa mana barnootaa bira harkifannaan jiraachuu ibsaniiru. Sirni too’iifi hordoffii gulantaa irratti jiru laafaa ta’uu nutti agarsiisa.

Miseensonni marii garee 2<sup>ffaa</sup> keessatti hirmaatan immoo meeshaaleen barnootaafi deeggarsa barnootaa gosa barnoota Afaanii barsiisuuf oolan kan gulantaa BSTD tiif murteessoo ta'an kaardiiwwan marii, meeshaaleen elektirooniksii (raadiyoo, televizyiinii, teephii sagalee taphachiisu, masaajiiwwan biroo kan bashannansiisaa dandeettii afaanii gabbisan) koornarii afaaniirratti maxxanfamuu dhabuu dhiheessaniiru. Yaada dhihaate kanarraa wanti mul'atu meeshaalee barnootaa bifa kitaabaatiin maxxanfamu cinatti meeshaaleen elektirooniksii dandeettii afaanii gabbisan akka barbaachisaa ta'eefi kutaan barnoota afaanii meeshaalee deeggarsa barnootaan guutamuu akka qabu nutti mul'isa.

Miseensota garee 1<sup>ffaa</sup> keessaa dhiheessiin walqabatee kitaabni barsiisonni irraa barsiisan hidhaawwan adda addaafi kitaaba iddoo tokkotti barnoota akka herregaa saayinsiifi tapha adda addaa ofkeessaa qabu irraa kan akka barsiisaa jiran, darbee darbee kitaaba Afaan Oromoo kutaa tokkoffaa fayyadamuunis akka jiru ibsaniiru. Meeshaaleen barnootaa sirna barnootaa keessatti hojiirra oolan kamuu yemmuu qophaa'an muuxannoo daa'immaniifi fedhii barachuu daa'immanii kan cimsu ta'uu akka qabuudha. Kana ta'uu baannaan adeemsi baruu barsiisuu mudaa horachuu akka danda'uudha.

Kitaabni akka mujuulaatti yookiin hidhaa koorsiitti qophaa'ee jiru barsiisota qofatu akka qajeelcha barsiisaatti itti gargaaramu malee daa'immaniif kan qophaa'e miti. Yaadi kun deebii afgaaffii hooggantoota waajjira barnootaa waliin taasifame waliin kan wal simuudha. Ragaaleen armaan olitti afgaaffiifi marii garee irraa argame kitaaabilee, silabasiifi qajeelchi yeroo eeggatanii kan hin dhihaanne, daa'immaniif kitaabni addatti kan hin manxaffamne, qabiyyeen daretti dhihaatu umrii daa'immanii waliin kan wal hin fakkaanne, meeshaa deeggarsa barnootaa oomishuufi qopheessuurratti laafinni jiraachuu nutti agarsiisa.

Meeshaaleen barnootaa kan qophaa'u imaammata sirna barnootaa fi sagantaa bu'uura godhatee fedhiifi muuxannoo daa'immanii yoo bu'uurfate filatamaa ta'uu ibsa. Meeshaaleen barnootaa oomishamee akkaataa barbaachisummaa daa'immaniif ooluun daree barnootaa keessatti dhihaachuun murteessaa ta'uu ibsu. Haalli qabatamaan manneen barnoota qorannoon irratti gaggeeffameen wal bira qabnee yoo laallu immoo yaada hayyoota kanneeniin wal faallessa. Hanqinni kun adeemsi baruu barsiisuu gulantaa barnootaa kanatti akka gufatuuf karaa saaquu akka danda'u namoonni marii gareefi afgaaffii keessatti hirmaatan irraa hubachuun ni danda'ama.

Haala qabatamaa manneen barnootaa Eegoo, Gumgumaa, Muunessaafi Shuunee keessa jiru Daawwannaa guyyaa 17/09/2015fi 19/09/2015 taasifameen dhihaatina meeshaalee barnootaafi deeggarsa haala ture gabatee 1 irraa ilaaluun ni danda'ama.

**Gabatee 1** Argamiinsa Meeshaalee Barnootaafi Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa

| Tl | Wantoota/Dhimmoota/ Daawwataman | Manneen barnootaa daawwataman | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | Eegoo | Gumgumaa | Muunessa | Shuunee |
| 1 | Afaan Oromoo Gulantaa BSTD keessatti akka baratamuuf kitaabni Afaan Oromoo daa'immaniif qophaa'eeraa? | L | L | L | L |
| 2 | Qajeelchiifi silabasiin barnoota Afaan Oromoo gulantaa BSTD tiif qophaa'e jiraa? | L | L | L | L |
| 3 | Kaardiiwwan marii adda addaa daa'immaniif qophaa'ee barnoonni Afaan Oromoo barsiifamaaraa? | L | L | L | L |
| 4 | Barsiisonni gulantaa BSTD keessatti barsiisan MDB, wayitii barnoota Afaan Oromoo adda baasanii itti gargaaramuu? | E | L | L | E |

Furtuu: Qubeen E: Eeyyeen /ni raawwatama/ Qubeen L=Lakki hin jiru/hin raawwatamu/

Gabatee armaan olii kan agarsiisu mana barnoota Eegoo, Gumgumaa, Muunessaafi Shuuneetti kitaabni daa'immaniif kophatti qophaa'e akka hin jirre, qajeelchiifi silabasiin gosa barnoota Afaan Oromoo barnoota birootiin wal keessa makamuun kan dhihaataniidha. Qabiyyeen makamanii dhihaatanis gahaa akka hin taane. Manneen barnootaa afran daawwataman keessatti kaardiiwwan marii kutaa barnootaa keessatti dhiheessuun daa'imman dandeettiiwwan afaanii akka cimsatan taasisuurratti sochiin jiru gaarii ta'us mana barnootaa mana barnootaatti haalli filannaa qabiyyee adda addummaa qabaachuu, meeshaaleen deeggarsa barnootaa wayitii barnoota afaaniitti manneen barnoota daawwataman keessaa mana barnoota Eegoo,Gumgumaafi Muunessa keessatti barsiistonni meeshaalee deeggarsa barnootaa adda baasanii itti gargaaramu, kan mana barnoota Shuunee itti hin gargaaramne.

Daawwannaa gaggeeffamerra wanti hubatamu, haalli dhihaatina meeshaalee barnootaafi deeggarsa barnootaa kutaa barnootaa keessatti mana barnootaa mana barnootaatti adda addummaa qaabaachuu agarsiisa. Yaadni kunimmoo ragaa afgaaffiifi marii gareetiin argameen kan wal simatuudha. Qajeelfamni biiroon barnoota Oromiyaa yoo ibsu, meeshaalee deeggarsaa malee daa'imman jechaan barsiisuun bu'aafi jijjiirama barbaachisu fiduu kan hin dandeenye ta'uu isaa irrayyuu daa'imman barnoota akka jibban waan taasisuuf barsiisonni meeshaalee qopheessuun itti fayyadamuuf xiyyeeffannoo itti kennuu qabu(BBO, 2018). Qabatamni jiru yaada biiroon barnoota Oromiyaa akka qajeeltootti kaa'ateen kan wal faallessuudha.

### 4.1.3 Hanqina Gama Malleen Baruu Barsiisuutiin Jiru

Malli baruu barsiisuu tooftaalee, qajeelfamoota, dhihaatinaafi teekinika kutaa barnootaa keessattis haa ta'uu kutaa barnootaatiin alatti kaayyoo qabiyyee barnootaa galmaan gahuuf dhimma itti bahamuudha. Akka afgaaffii guyyaa 15/09/2015 G-1fi G-2 Waliin taasifame ibsanitti malli baruu barsiisuu gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti hojiirra oolaa jiru mala odibsaa, mala taphaa, mala daa'imman giddu galeessa godhate yoo ta'u malli baruu barsiisuu irra caalaa hojiirra oolaa jiru garuu mala odibsaati.

Sababni malli odibsaa kun hedduuminaan hojiirra ooluuf baay'ina daa'immanii kutaa barnootaa keessatti heddu waan ta'aniif barsiisonni mala biro caalaa mala kanatti dhimma bahuun baruu barsiisuu akka gaggeessaa jiran ibsaniiru. Yaadni dhihaate kun kan nutti mul'isu kutaa barnootaa, barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti daa'imman barachaa jiran heddu ta'uurraa malli baruu barsiisuu odibsaa hojiirra kan oolaa jiru akka ta'eedha. Kun immoo kaka'uumsa afaan barachuufi qabiyyeen kutatti dhihaate akka hin hubatamne taasisuu akka danda'u argina. Kun immoo dandeettii daa'immanii adda baasuuf rakkisaadha.

Ragaa miseensota marii garee 1ffaa 21/09/2015 argameen malleen baruu barsiisuu kutaa barnoota daa'immanii keessatti kan daa'imman giddu galeessa godhatefi malli taphaa wayitii barnootaa keessatti darbee darbee bifa cimdiin taphachiisuun akka daa'imman dandeettii afaanii gabbifatan ni godhama, garuu itti fufiinsa akka hin qabne yookiin ciccitaa akka ta'e ibsaniiru. Kun immoo daa'imman kutaa barnoota afaanii keessatti bilisummaan yaada ofii ibsachuun yaada amansiisaa ta'e dhiheeffachuun qabiyyee baratan irratti waan isaanii hin galle barsiisota gaafatanii furmaata argachuurratti rakkachuu akka danda'aniidha.

Hayyuu ‘Whitebread’ mala afaan barsiisuu ilaalchisee yoo ibsu; Jaarraa keessa jirru kana keessatti taphni sadarkaasaa eeggate barnoota daa’immanii keessatti gaheen inni qabu ol’aanaadha (Whitebread, 2012). Keessattuu yeroo teekinoolojiin baballate kana keessatti malli afaan barsiisuu daa’imman giddu galeessa godhate murteessaafi dhimma filannoo hin qabne ta’us qabatamni jiru garuu yaada olitti hayyoonni kaasaniin adda addummaa qaba. Kun mala filatamaa kana hojiirra oolchuuf wanti hojjatamaa jiru laafaa ta’uu nutti agarsiisa.

Miseensonni marii garee 2ffaa keessatti hirmaatan akka jedhanitti immoo malli afaan barsiisuufi barachuu kutaa barnoota afaanii keessatti daa’imman umrii adda addaa qabiyyee tokko waan barataniif mala dhaabbataa ta’e filachuun akka ulfaatuufi leejiin barsiisonni fudhatan gahaa akka hin taane ibsan. Ragaa kanarraa wanti hubannu barsiisonni leenjii akka hin qabneefi umriin daa’immanii kutaa barnootaatti gargar ta’uun akka rakkoo ta’uu mul’isa. Daawwannaa guyyaa 17/09/2015fi 19/09/2015 gaggeeffamerraa malleen baruu barsiisuu kutaa barnootaa keessatti raawwatamaa ture gabatee 2 irraa ilaaluun ni danda’ama.

Gabatee 2 Dhihaatina Malleen Baruu Barsiisuu Hojiirra Oolaa Jiru

| Tl | Wantoota/Dhimmoota/ Daawwataman | Manneen barnootaa daawwataman | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | Eegoo | Gumgumaa | Muunessa | Shuunee |
| 1 | Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan dandeettii hunda galeessa/integrated skill/ irratti xiyyeeffatuu? | L | L | L | L |
| 2 | Malli baruu barsiisuu daa’imman giddu galeessa godhate hojiirra oolaaraa? | L | L | L | E |
| 3 | Daa’imman akka taphaan dandeettiiwwan afaanii hunda galeessa goonfatan gochuuf barsiisonni tapha filachuun daa’immaniif carraa kennuu? | L | L | L | L |
| 4 | Wayitii barnoota Afaan Oromootti daa’imman wal irraa akka baratan barsiisonni haala mijeessuu? | E | L | L | L |

Furtuu: Qubeen E: Eeyyeen /ni raawwatama/ Qubeen L=Lakki hin jiru/hin raawwatamu/

Gabateen armaan olii kan nutti mul’isu barsiisonni mana barnoota Eegoo Gumgumaa, Muunessaafi Shuunee keessatti yemmuu gosa barnoota Afaan Oromoo daa’imman barsiisan dandeettiiwwan afaanii hunda galeessa irratti hin xiyyeeffatan. Kun immoo miirri nuffii daa’imman keessatti akka uumamuuf haala akka mijeessuudha. Dandeettiiwwan afaanii wal simataa kutaa barnoota afaanii keessatti akka mala baruu barsiisuutti ilaaluurratti hubannoo barsiisota bira jiru laafaa ta’uu nutti mullisa. Mana barnoota Eegoo, Gumgumaafi Shuunee keessatti irra caalaa  mala odibsaa yoo ta’u; darbee darbee immoo barsiisonni kan mala barattoota hirmaachisu fayyadamuun Afaan Oromoo kan barsiisaa jiraniidha. Malleen baruu barsiisuu akka daa’imman giddu galeessa godhateefi malli taphaan afaan barsiisuu hojiirra oolaa kan hin jirre ta’uu gabatee armaan oliirraa hubanna.

Akkuma afgaaffiifi miseensota marii garee gaggeeffame irraa  ragaan funaaname mullisutti raawwiin kutaa barnootaa keessa jirus yaada duraa san waliin kan wal simuudha. Akka hayyuu ‘Brown’ jedhutti malli daa’imman giddu galeeffate yookiin barattoota giddu galeeffate adeemsa afaan barachuufi barsiisuu keessatti akka mala bilisummaan afaan barachuutti ilaalama, daa’immanis waan isaanii hin galle walii, walii isaanii gaafachuun dandeettiiwwan afaanii dagaagfatu (Brown, 2006). Haalli qabatamaa manneen barnoota daawwatamanii gama mala baruu barsiisuutiin yaada hayyuun olii  kaa’een kan wal faallessuudha. Sababni isaas lakkoofsi daa’immanii kutaa barnootaa keessatti heddummaachuun akka mala daa’imman giddu galeessa godhate hojiirra hin oolchine taasiseera.

Manneen barnootaa daawwataman keessatti barsiisonni wayitii barnoota Afaan Oromoo daa’imman qabiyyee  barnootaa barsiisuuf karoorfatan akka taphaan dandeettiiwwan afaanii hunda galeessa goonfatan gochuuf tapha  filachuun daa’immaniif carraa kennuurratti laafinni jiraachuu  nutti mullisa. Taphni mala iddoo bu’ee hin qabne kan daa’imman sagalee isaanii ittiin of baraniifi akka filannootti osoo hin taane akka tarsiimootti laallamus qabatamni jiru yaada kanaan kan wal hin fakkaanneedha. Kun immoo hamilee afaan barachuutii qabaniifi gama dandeettiiwwan afaanii akka  hin  gabbifanne taasisuu akka danda’u nutti agarsiisa.

Mana barnoota Eegoofi Shuunee keessatti barsiisonni wayitii barnoota Afaan Oromootti daa’imman wal irraa  akka baratan haala mijeessu, mana barnoota Gumgumaafi Muunessa keessatti garuu barsiisonni wayitii barnoota afaaniitti daa’imman wal irraa  akka barataniif haala  mijeessaa kan hin jirre ta’uu daawwannaan gaggeeffamerraa  hubachuun ni danda’ama.

Haalli kun kan nutti agarsiisu adeemsi daa'imman akka walirraa baratan jajjabeessuu mana barnootaa mana barnootaatti hubannoon barsiisotaa adda adda ta'uudha. Kun immoo malli daa'imman akka walirraa baratan gochuun afaan barsiisuurratti laafinni jiraachuu agarsiisa.

Mana barnoota Eegoo malee mana barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa Gumgumaa, Muunessaafi Shuunee keessatti barsiisonni wayitii barnoota Afaan Oromoo daa'imman akka ofitti amananiifi ofibsan hin godhan. Beekumsa isaaniifi waan maatii isaanii irraa argatan fkn ogafaan, aartiifi oguma daa'immanii kanneen dandeettii afaanii cimsan akka daretti ibsan jajjabeessaa akka hin jirre daawwannaarraa hubatameera.

Yeroo baruu barsiisuu barsiisonni daa'imman yeroo mara hirmaatan qofarratti xiyyeeffachuun kanneen hafan dubbachuurratti ofitti amanamummaa akka hin horanne taasisuu akka danda'u hubachuun ni danda'ama. Yaadni kunis kan nutti mullisu malleen baruu barsiisuu daa'imman giddu galeeffate hojiirra oolchuurratti hanqinni jiraachuufi miirri ofitti amanamummaan jechoota sagaleessuufi qubee sagaleeleen walsimsiisanii daree barnootaa keessatti daa'imman giddutti sodaa malee walirraa barachuun akka cimu gochuurratti hanqinni jiraachuu agarsiisa.

### 4.1.4 Hanqina Gama Malleen Madaalliifi Iyyaafannoo Walitti Fufaatiin Jiru

Malleen madaallii teekinika, tooftaaleefi dhihaatina dandeettiifi beekumsa daa'immanii qabiyyee isaan baratan irratti qaban adda baasuuf kan hojiirra ooluudha. Iyyaafannoon immoo gochaalee barachuu keessatti gahumsa yoo xiqqaate daa'imman goonfachuu qaban daree barnootaa keessatti walitti fufiinsaan adda baasuuf kan itti gargaaramnuudha.

Afgaaffii guyyaa 15/09/2015 G-1 waliin taasifameen barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa manneen barnoota aanaa keenya keessa jiran irra caalaa mala madaallii itti fufaa ta'us wanti ifatti adda bahee daa'imman gosa barnoota kanaan madaalamanii kan gulantaa itti aanutti cee'anii miti. Sababni kun ta'eef daa'imman umrii gulantaa barnoota kanaa manatti xumuranii yeroo naannoo waggaa jahaa ta'an gara gulantaa barnootaa kanatti dhufu. Yaadni kun daa'imman umrii gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa manatti fixanii yoo waggaan tokko hafe gara mana barnootaatti dhufuun madaalanii ceesisuuf rakkoo akka ta'e nutti agarsiisa. Daa'imman umrii barnootaa dabarsanii dhufan milkaa'inni isaaniis gadaanaa akka ta'eefi barnoota addaan kutuuf yookiin harca'uuf qophaa'oo akka ta'aniidha.

Akka afgaaffii guyyaa 15/09/2015 tti G-2 waliin gaggeeffameen gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa kanaaf hangi irraa madaalamuu qaban wanti adda bahe hin jiru. Daa'imman gara gulantaa itti aanutti kan darban madaalliin osoo hin taane umriin isaanii waggaa torba yoo guutaniidha. Kutaa barnootaa keessatti iyyaafannoon walitti fufaan harcaatii qabaatus barsiisotaan ni gaggeeffama jedhan.

Akka yaada kanaatti daa'imman gulantaa kanaa gara gulantaa sadarkaa tokkoffaatti ceesisuuf kan madaalamu gahumsa yoo xiqaate daa'imman goonfachuu qaban osoo hin taane umrii isaaniittu laallamee gara kutaa tokkoffaatti akka ceesisaniidha. Kun daa'imman gulantaa barnootaa kanatti osoon hin gahoomin kutaa qofa lakkaa'uufi gulantaa itti aanuttis milkaa'oo akka hin taane agarsiisa.

Akka miseensonni marii garee 1ffaa fi 2ffaa guyyaa 21/09/2015 gaggeeffameen qajeelfamni madaallii ifaan ifatti bahee kan nu bira gahee miti. Malli irra caalaa hojiirra yoo oole bu'aa qabaatu mala iyyaafannoo walitti fufaa ta'us kan hojiirra oolaa jiru faallaa kanaati jechuudha. Keessattuu baay'inni barattootaa ykn daa'immanii gola barnootaa tokko keessatti garmalee baayyachuun madaaluufis ta'ee dandeettii daa'immanii afaan irratti qaban adda baafachuuf rakkisaa akka ta'e ibsan. Daa'imman gahumsa isaan qaban beekuuf rakkisa.

Qajeelfamni biiroon barnoota Oromiyaa baase ifa taasisee daa'imman umriidhaan addaan qoodee ulaagaa madaallii baase akka hin jirre ibsaniiru. Yaada afgaaffiifi marii garee lamaanii wanti hubannu malli madaallii ifaa ta'eefi malli iyyaafannoo walitti fufaa kan hin jirreefi baay'ina daa'immanii irraa kan ka'e madaalliin daa'immanii wayitii barnoota Afaan Oromoo keessatti kan hin jirre tahuufi akkaataan jireenya isaas ciccitaa ta'uu nutti agarsiisa. Adeemsi kun xiinsammuu daa'immanii miidhuu akka danda'uufi miirri waldorgommii daa'imman giddutti akka hin uumamne taasisa. Qabatama manneen barnootaa daawwatamanii haala gabatee gadiirraa ilaaluun ni danda'ama.

Daawwannaa guyyaa 17/09/2015fi 19/09/2015 gaggeeffamerraa malleen madaalliifi iyyaafannoo walitti fufaa raawwatamaa ture haala gabatee 3 irraa ilaaluun ni danda'ama.

Gabatee 3 Hojiirra Oolmaa Madaalliifi Iyyaafannoo Walitti Fufaa Adda Baasu

| Tl | Wantoota/Dhimmoota/ Daawwataman | Manneen barnootaa daawwataman | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | Eegoo | Gumgumaa | Muunessa | Shuunee |
| 1 | Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan hojii guyyaa, guyyaa daa'immanii jijjiirama gama dandeettiiwwan afaaniin jiru kuusuun madaaluu? | E | E | L | L |
| 2 | Malli iyyaafannoo walitti fufaa wayitii barnoota Afaan Oromootti hojiirra oolaaraa? | L | L | L | L |
| 3 | Malli iyyaafannoo walitti fufaa hojiirra oolaaru umrii daa'immaaniin wal simaa? | L | L | L | L |
| 4 | Barsiisonni maatii daa'immanii karaa kallattiifi alkallattii ta'een qunnamuu fkn hojii manaa kennuun maatitti akka agarsiisan taasisuu? | L | L | L | L |
| 5 | Qabiyyeen barnoota Afaan Oromoo daa'imman baratan gulantaa isaanii waliin kan walsimuudhaa? | E | E | E | E |
| 6 | Barsiisonni daa'imman ofitti amanan, ofibsan, beekumsa isaaniifi waan maatii isaanii irraa argatan fkn ogafaan, aartii... akka daretti ibsan jajjabeessuu? | E | L | L | L |
| 7 | Daa'imman ofii isaaniitiin daree barnootaafi bifa hojii maneetiin manatti akka kalaqan taasisuu? | L | L | L | L |

Furtuu: Qubeen E: Eeyyeen /ni raawwatama/ Qubeen L=Lakki hin jiru/hin raawwatamu/

Gabatee armaan olii kan agarsiisu mana barnoota Eegoofi Gumguma keessatti Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan hojii guyyaa, guyyaa daa'immanii jijjiirama gama dandeettiiwwan afaaniin jiru madaaluurratti ragaa isaan faayila tokkoo tokkoo daa'immanii keessaa ilaalameen hanga tokko kuusuun madaaluun ni jira. Haata'u malee madaallii barsiisonni kennan kan gulantaa daa'immanii waliin deemu osoo hin taane kan saadarkaa tokkoffaan walfakkaata. Mana barnoota Muunessaafi Shuunee keessatti garuu hojii guyyaa guyyaa daa'immanii madaalanii kuusuurratti gonkumaa hin jiru.

Ragaan daawwannaa kun kan nutti mullisu haalli madaalliifi iyyaafannoo walitti fufaa daa'immanii itti kuusan rakkioo ta'uufi mana barnootaa mana barnootaatti adda addummaa qabaachuu argina. Kun immoo adeemsa baruu barsiisuu keessatti murtii kennuuf rakkoo akka ta'u hubachuun ni danda'ama. Qajeelfamni biiroon barnoota Oromiyaa baase akka ibsu: Akka mana barnootaa idilee qorumsa kennuun osoo hin ta'in malleen madaallii garaagaraa taphaan, gaaffiifi deebiin, gochaalee daa'imman hojjatanii fi hirmaannaa daa'immanii yeroo yeroon taasisaniin ta'uu qaba (BBO, 2018). Qajeelfamafi raawwii wal bira qabnu kan wal faallessu ta'uu agarsiisa. Daa'imma waan isaan gama dandeettii isaanii fooyyessuun hojjatan kan gulantaa isaanii waliin hin deemneefi guutumatti dhabamuun si'aayina daa'immaniirratti dhiibbaa gadhee kan fiduufi miira nuffii uumuu, akkasumas dareefi alatti akka isaan wal hin dorgomne taasisuu danda'a. kun immoo saffisa afaan barachuu ni quucarsa.

Manneen barnootaa daawwataman afran keessattuu malli iyyaafannoo walitti fufaa daree keessatti hojiirra oolaa kan hin jirre ta'uu kan darbee darbee barsiisonni daa'imman madaaluuf itti gargaaramanis umrii daa'immaanii waliin kan wal hin simnee ta'uu hubanna. Adeemsi kun ammo xiinsammuu, kaka'uumsaafi hamilee daa'immanii irratti dhiibbaa gadhee akka uumu hubachuun ni danda'ama. Manneen barnoota afran keessattuu barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan maatii daa'immanii karaa kallattiifi alkallattiin qunnamaa akka hin jirreefi hojii manaa kennuun maatitti akka agarsiisan taasisuurratti hanqinni jiraachuu agarsiisa.

Akka miseensonni marii garee1$^{ffaa}$fi 2$^{ffaa}$ waliin guyyaa 21/09/2015 taasifame ibsanitti hojii manaa barsiisonni kennan gaafa daa'imman maatii isaaniitti agarsiisan dandeettiiwwan afaanii keessaa barreessuufi dubbisuun akka cimuu danda'uufi maatii ykn guddistoonni daa'immanii manattis shaakalsiisuu akka danda'an ibsa. Maatiin dandeettii dubbisuufi barreessuu qabu daa'imman manattis dandeettiiwwaan afaaniirratti shaakalsiisuu akka danda'an nutti mullisa.

Manneen barnoota daawwataman afran keessattuu qabiyyeen barnoota Afaan Oromoo wayitii barnoota afaaniitti daa'immaniif dhihaate umrii daa'immanii waliin walsimataadha. Haata'u malee marii garee1ffaafi 2ffaa guyyaa 21/09/2015 waliin taasifame akka mul'isutti qabiyyee barnoota afaanii itti fufiinsaan dhihaatu kan umrii daa'immanii waliin walsimu akka hin taane ibsaniiru. Kunis qabiyyee kutaa tokkoo filatanii barsiisuun akka jiruudha. Yaadni kun kan nutti mullisu qabiyyeen afaanii wayitii barnoota Afaan Oromootti daa'immaniif dhihaata jiru umrii daa'immanii waliin walsimsiisanii barsiisuurrattii adeemsa ciccitaa qabaachuu argina.

Manneen barnootaa daawwataman afran keessaa mana barnoota Eegoo malee gumgumaa, muunessaafi shuunee keessatti daree barnootaa keessatti barsiisonni daa'imman akka ofitti amanan, ofibsan, beekumsa isaaniifi waan maatii isaanii irraa argatan ogafaan akka daretti ibsan jajjabeessuun kan hin jirree ta'uudha. Kun immoo dandeettiin dubbachuu daa'immanii irratti sakaallaa ta'uu nutti mullisa. Daa'imman beekumsa maatii isaanii keessatti goonfatan raacitii baruu barsiisuu sadarkaa mana barnootaatti gaggeeffamuu akka ta'e beekanii hirmaannaa daa'immanii jajjabeessuu irratti laafinni akka jiru hubachuun ni danda'ama.

Manneen barnootaa daawwataman afran keessattuu barsiisonni hojii dandeetti kalaqaa daa'immanii cimsan daree barnootaa keessattiifi bifa hojii maneetiin hin kennan. Keessattuu dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu akka cimsatan gochuu keessatti hojiin kalaqaa murteessaadha. Qabatamni manneen barnootaa afran keessa jiru garuu akkuma barattoota gulantaa olaanuu gilgaalota adda addaa kennuufi sororsuudha. Kun immoo daa'imman akka barattoota sadarkaa tokkoffaafi lammaffaatti madaaluun xiinsammuu daa'immanii irratti dhiibbaa hi'entaa ykn dhiibbaa gadhee akka fiduu danda'u argina.

Yaada hayyuun (Gerstein, 2013) Hojiiwwan kalaqaa barsiisonni bifa hojii dareetiinis haa ta'uu hojii maneetiin kennan dandeettii kalaqaa daa'immanii cimsuu bira darbee akka mala iyyaafannoo walitti fufaatti kan ilaalamuudha. Yaada hayyuu kanaafi qabatamni jiru kan wal faallessuudha. Manneen barnootaa kanneen keessatti hubannoo dandeettii kalaqaarratti jiruufi raawwiin isaa baayyee laafaadha. Daa'imman si'aayinaan akka hin baranneefi dandeettiiwwan afaanii hunda galeessa cimsachuu akka hin dandeenye taasisuu akka danda'u mullisa.

Akka qajeelfamni biiroon barnoota Oromiyaa baase jedhutti ; Iyyaafannaa walitti fufaafi madaalliin barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa kan gaggeeffamu kallattii sadarkaa guddina daa'immanii bu'ureeffachuun walitti fufiinsaan kan adeemsifamu ta'uu qaba. Kana jechuun, akka mana barnoota sadarkaa tokkoffaa ykn lammaffaa qorumsa kennuun osoo hin ta'in malleen madaallii garagaraa taphaan, gaaffiifi deebiin, gochaalee daa'imman hojjatanii fi hirmaannaa daa'imman taasisaniin ta'uu qaba (BBO 2018). Haala madaalliifi iyyaafannoo walitti fufaa manneen barnoota daawwannaan irratti gaggeeffame qajeelfama biiroon barnootaa kaa'een wal bira qabnee yoo laallu raawwiifi qajeelfamni jiru kan wal hin fakkaanneefi hanqinni hubannoo, dhiheessiifi barsiisota leenjii qabanii akka jiru hubachuun ni danda'ama. Kun immoo sirna madaallii akka gufachiisu akka danda'u agarsiisa.

## 4.2 Danqaalee Gulanta BSTD Afaan Oromoo Barsiisuu Keessatti Mul'atan

Danqaaleen gulantaa barnootaa kana keessa jiran dhimmoota ijoo karoora addaa barbaaduufi furamuudhaaf sadarkaa mana barnootaattis haa ta'uu aanaatti furamuuf rakkisaa ta'eefi osoo furamuu qabuu sadarkaa baruu barsiisuutti osoo hin furamin hafan kanneen akka sirna barnootaa, leenjii barsiisotaa, deeggarsa maatii ykn guddistootaafi seenduubee daa'immanii yoo ta'an kanneenis ragaalee funaanamaniin wal bira qabamee haala itti aanuun dhihaateera.

### 4.2.1 Danqaalee Gama Sirna Barnootaatiin Jiru

Sirni barnootaa qabiyyee imaammataafi qajeelfama bu'uura godhachuun barsiifamuudha. Akka miseensonni marii garee 1^ffaa^fi 2^ffaa^ ibsanitti kitaabni gosa barnoota Afaan Oromoo qophaa'ee wayitiin barnootaas akkuma gulantaa sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa sadarkaa biiroo barnootaatti qophaa'e mana barnootaa bira gahuu dhabuufi qabiyyeen gulantaa barnoota kanaa umrii daa'immanii bu'uura godhatee kan qophaa'e ta'uu dhabuu ibsaniiru.

Dabalataanis daa'imman umrii adda addaa keessa jiran iddoo tokkotti barsiifamuufi kitaabileen sadarkaa biirootti qophaa'an umrii daa'immanii kan giddu galeessa godhate ta'uu dhabuu, daa'imman dandeettiiwwan afaanii yoo gabbifatan gosa barnoota birootiin milkaa'uu akka danda'a hubatamuu dhabuun hojiirra oolmaa gosa barnoota Afaan Oromoo gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti rakkoo guddaa akka ta'e ibsaniiru. Daawwannaa manneen barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa gaggeeffameenis umriin daa'immanii gargar ta'an daree barnootaa tokko keessatti qabiyyee walfakkaatu barachaa jiraachuu argameera.

Afgaaffii G-1fi G-2 waliin guyyaa 15/09/2015 taasifameen gosti barnoota Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti barsiifamaaru wal keessatti kitaabni maxxanfameeti malee addatti bahee kan qophaa'e miti. Kitaabileen Afaan Oromoo akkaataa umrii daa'immanii waggaa 4, 5,fi 6tti addaan qoodamee osoo qophaa'uu dhabuun burjaaja'inni akka uumamu ta'uufi qabiyyee mujula yookiin hidhaa keessatti qophaa'es gahaa akka hin taane dandeettiiwwan afaanii daa'imman akka hin cimsanne akka taasisaa jiru ibsaniiru. Ragaan G-1fi G-2 kennan kun ragaa daawwannaa irraa argameen walsimataadha. Yaadni kun kan nutti agarsiisu kitaabni gosa barnoota Afaan Oromoo akka kophatti hin maxxanfamneefi gosa barnoota birootiin walkeessa akka ta'eedha. Haalli kun immoo adeemsa baruu barsiisuu kutaa barnoota afaanii keessatti raawwatamu gufachiisuufi adeemsa baruu barsiisuu keessatti miira burjaajii barsiisota biratti uumuu danda'a.

### 4.2.2 Danqaalee Gama Barsiisota Gosa Barnoota Afaan Oromootiin Leenji'aniin Jiru

Barsiisonni gulantaa barnootaa kam keessatti barsiisan qabiyyee barnootaa barsiisan irratti leenjii gahaa yoo fudhatan kaayyoon baruu barsiisuu galma gahuu danda'a. Keessattuu gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti barsiisota barsiisaniif murteessaadha.

Akka afgaaffii guyyaa 15/09/2015 G-1fi G-2 waliin taasifame ibsanitti; Barsiisonni gulantaa barnoota kanaan leenji'an gahaan jiraachuu dhabuufi kanneen leenji'anis leenjiin kennameef gosa barnoota Afaan Oromoorratti xiyyeeffannaan kennameef laafaa ta'uu afgaaffii dhihaaterraa hubachuun danda'ameera. Leenjii dhabuun barsiisotaa immoo kutaa barnootaa keessatti haala qabiinsa daa'immaniirratti amala isaan daree keessatti mul'san hifachuun tapharratti xiyyeeffachuun bal'inaan akka mul'atu daawwannaa gaggeeffamerraa hubachuun danda'ameera. Yaadni kan nutti mul'isu gahumsi daa'immanii gahumsa barsiisota gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti barsiisan waliin adda bahee kan hin ilaalamne ta'uufi milkaa'ina daa'immaniif leenjiin hojiirraa barsiisotaa murteessaa ta'uu hubanna.

Ragaa marii miseensota garee 1$^{ffaa}$ fi 2$^{ffaa}$ irraa argameen immoo barsiisonni gahaan gosa barnoota afaaniin eebbifaman kan caasaa afaanii bu'urarraa daa'imman qabsiisuu danda'an ramadamuu dhabamuu, barsiisonni ogummaa barsiisummaa ittiin leenji'an cinatti leenjii walii, walii sadarkaa mana barnootaattis haa ta'uu sadarkaa aanaatti bifa qindoomina qabuun akkaataa gosa barnoota Afaan Oromoo gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti barsiisan kennamuu dhabuu miseensonni garee ibsaniiru.

Yaadni isaan kennan afgaaffii G-1fi G-2 waliin taasifameen wal fakkaata. Leenjiin isaan fudhatan walii gala yoo ta'u inni sunuu gahaa akka hin taaneefi baruu barsiisuu keessatti miirri nuffii barsiisota bira akka jiru ibsaniiru. Kun immoo daa'imman irratti dhiibbaa hi'entaa akka fiduufi fedhiin dandeettiiwwan afaanii hunda galeessa akka daa'imman dagaagfatan gochuufi miirri kaka'umsaa laamsha'uu akka danda'u hubanna. Sababni isaas daa'imman barsiisuun hojii ulfaataafi obsa fixachiisaa waan ta'eef fedhiin guutuun yoo hin jiraanne milkaa'inni argamuu akka hin dandeenyeefi akkaataa daa'imman itti kunuunsanii akka barnoota hordofan taasisuu dhiisuu bira darbee daa'imman akka harca'aniif karaa saaquu akka danda'u agarsiisa.

### 4.2.3 Danqa Gama Deeggarsa Maatii Ykn Guddistoota Daa'immaniitiin Jiru

Maatiin yookiin guddistoonni, milkaa'ina daa'imman isaaniitiif gahee olaanaa qabu. Gaheen isaanii kun adeemsa baruu barsiisuu mana barnootaa keessatti gaggeeffamu milkeessuuf murteessaadha. Keessattuu daa'imman ulaagaa isaaniif barbaachisu guutuun mana barnootaatti erguu irraa eegalee hanga waan isaan kutaa barnootaatti baratan ilaaluun fooyya'iinsa gama dandeettiiwwan afaaniitiin jiru yaada kennuurratti gahee olaanaa qabu.

Akka afgaaffii G-1fi G-2 waliin gaggeeffame ibsanitti maatiin daa'immanii; daa'imman umriin barnoota sadarkaa tokkoffaan duraatiif yoo gahan gara mana barnootaa erguu, yoo baratanii gara manaatti galan immoo waan isaan baratan irratti yaada kennuun akka dandeettii dubbisuu, barreessuu dagaagfataniifi sodaa tokko malee barnoota isaanii akka addaan hin kunne taasisuu, meeshaalee barnootaa guutuufi too'iifi hordoffii godhu; haa ta'u malee maatiin daa'immanii hubannoo adda addaa qabaachuu ibsan.

Yaadni isaan kennan kan nutti mullisu gulantaa barnootaa kana milkeessuuf maatiin gahee qabaachuufi maatii giddutti garaa garummaan gama barnootaan jiraachuudha. Akka miseensonni marii garee 1^ffaa^ keessatti hirmaatan jedhanitti immoo maatiin barnoota qaban ykn baratan dafanii akkuma daa'imman isaanii waggaa 4 guuteen gara mana barnootaa ergu, kanneen barnoota hin qabneefi gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraarratti hubannoo hin qabne dafanii daa'imman isaanii mana barnootaatti hin ergan; hedduuminaan kan isaan ergan yeroo umriin isaanii waggaa 6 gara waggaa 7 tti cee'uuf jedhaniidha. Darbee darbee immoo daa'imman umriin waggaa 7 ta'anis gulantaa barnootaa kanatti erguun ni mullata.

Yaadni miseensonni garee $1^{ffaa}$n kennan kan nutti agarsiisu maatiin daa’immanii barnoota qabaachuun gahumsa daa’immanii gama afaan barachuutii qaban kan fooyyessuu danda’uufi maatii daa’immanii tokko tokko bira umrii hagamiitti daa’imman gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa galuu akka qaban kan hin hubanne ta’uu nutti agarsiisa. Daa’imman yeroo dabarsanii mana barnootaa galan kanneen umrii isaanii gadii waliin barachuuf hamilee guutuu akka hin qabaanne hubachuun ni danda’ama.

Akka qajeeltoowwan Dhaabbata Barnootaa, Aadaafi Saayinsii Mootummoota Gamtoomanii, imaammata barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa Itoophiyaattiifi akka qajeelfama biiroo barnoota Oromiyaa baase ragaa  odeefkennitootarraa argameen  wal bira qabnee yoo laallu agarsiisanitti mirgi barachuu daa’immanii dhiibamaa akka jirufi daa’imman umrii malee mana barnootaa gala akka jiran hubachuun ni danda’ama.

Akka miseensonni garee $2^{ffaa}$ ibsanitti, immoo maatiin ragaa umrii daa’immanii isaani isa dhugaa ta’e barsiisotaafi mana barnootaaf walfakkaatanii kennuu dhabuu, maatiin daa’immanii qixa tokkoon daa’imman isaanii mana barnootaatti erguurraa kan hafe bu’anii bahuun hordoffii gochuurratti hanqina ballaan jiraachuufi gulantaa barnootaa kana akka oolmaa qofatti ilaalaa akka jiran ibsaniiru. Kun immoo kan nutti mul’isu ragaan dhugaa ta’e maatiirraa dhufuu dhabuufi hordoffiin maatiin daa’immaniif godhan laafaa akka ta’eefi daa’imman akkaataa umrii isaanii qooduuf akka danqaa ta’uu  danda’u argina.

Afgaaffii G-1fi G-2 waliin taasifameefi  marii  garee $1^{ffaa}$fi $2^{ffaa}$ waliin   gaggeeffameen ragaan argame maatiin daa’immanii, daa’imman isaanii mana barnootaatti erguu irraa kan hafe irra caalaan isaanii daa’imman  isaanii hordofuu dhabuufi ragaa  daa’immanii keessattuu akkuma umriin isaanii barnoota sadarkaa tokkoffaan duraatiif gahan erguu dhabuu, dalagaalee barsiisonni ajajanii hojjatan ilaaluun yaada itti kennuu dhabuu  marii garee keessatti ka’eera.

Ragaa olitti dhihaate afgaaffiifi marii garee irraa ka’e kan nutti agarsiisu  daa’imman gulantaa barnootaa kana keessatti dandeettii gama afaaniin qaban osoo hin goonfatin gara gulantaa itti aanuutti cee’uu akka danda’aniidha. Hawaasni daa’imman isaanii akka afaan dhalootaa isaaniin barataniifi daaa’imman isaanii milkaa’ina isaanii boruuf tumsi isaanii murteessaadha (Barnett, 2008). Yaadni hayyuu kanaa ragaa gaafatamtoonni afgaaffiifi miseensonni marii garee keessatti  hirmaatan kennaniin kan wal simuudha.

### 4.2.4 Danqaa Gama Seenduubee Daa'immaniitiin Jiru

Seenduubee yemmuu jennu haala umrii daa'immanii, sadarkaa guddistoonni yookiin maatiin daa'immanii gama barnootaan, hawaasummaan, naannoo keessa jiraataniifi kan biroo, afaan naannoo isaan jiraatan keessatti dubbatamuufi kan maatii isaanii, fageenya mana barnootaa irraa qabaniifi dhimmoota hawaasa gargar taasisan hunda ofkeessatti hammata.

Akka afgaaffii G-1fi G-2 waliin gaggeeffametti seenduubee daa'immanii waliin walqabatee akka danqaatti dhimmoonni ilaallaman kanneen akka umrii daa'immanii, haala barnoota maatii isaanii, haala afaan dhalootaa ykn afaan tokkoffaan isaanii afaan biroo ta'an muraasni bakka tokkotti walkeessa makamuun isaanii baruu barsiisuurratti gufuu akka ta'e, daa'imman umrii adda addaan mana barnootaa seenan gahumsi isaaniis adda addummaa qaba.

Daa'imman umrii adda addaa kutaa barnootaa tokko keessatti barsiisuun immoo rakkisaa akka ta'e barsiisonni marii garee keessatti hirmaatan dhiheessan. Sababni isaa fedhiin daa'immanii akkuma umrii isaanii adda adda waan ta'eef bakka tokkotti barsiisuun ni ulfaata. Gama birootiin daa'imman maatii barataniifi kan hin barannerraa dhufan adda addummaa qabaachuu ibsaniiru. Daa'imman maatii baratan irraa dhufan maatii hin barannerraa dhufan caalu jechuun ibsaniiru. Miseensonni marii garee 1$^{ffaa}$fi garee 2$^{ffaa}$ keessatti hirmaatan akka jedhanitti immoo daa'imman mana barnootaatti dhihaataniifi mana barnootaarraa fagoo jiran dafanii mana barnootaa seenuurratti adda addumma qabu.

Daa'imman muraasni maatii afaan biroo dubbatan biraa dhufan, kanneen Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti dubbatan irraa dhufan wal keessa makamuun barachuu qixabarsiisuufi madaaluu ulfaataa akka ta'eedha. Ragaan dhihaate kun kan nutti mul'isu garaagarummaan maatii daa'immanii gama barnootaan, diinagdeen, hawaasummaa gidduu jiru, argamnii mana barnootaa iddoo jireenya isaaniirraa qabuufi umriin dhiibbaa fiduu akka danda'u agarsiisa.

Gulantaa kana keessatti dhimmoonni danqaa ni ta'a jedhamee marii gareefi afgaaffii irraa argame, daa'imman umrii adda addaa bakka tokkotti walitti makuun barsiisota leenjii hin qabnee barsiisuu. Kunis leenjii sadarkaa biirootti kennamu kan ilaallatuudha. Daa'imman afaan dhaloota isaanii afaan biroo ta'aniif xiyyeeffannaan jiru laafaa ta'uu, baayyinni daa'imman Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti dubbatan muraasa ta'uu, daa'imman

umriin isaanii gargar ta'an kutaa barnootaa tokko keessa jiraachuurraa qabiyyeen umrii daa'immanii giddu galeessa godhate kitaabaan maxxanfamuu dhabuudha.

Gahumsi daa'immanii, daa'immanitti adda addummaa qabaachuu kunis seenduubeen daa'immanii adda addummaa qabaachuu, daa'imman umrii adda addaa qabatanii daree barnootaa tokko keessatti walitti makamanii barachuun qabiyyee barnootaa walfakkaatu dhiheessuun rakkisaa akka ta'e marii garee godhameen adda baheera. Garaagarummaan maatii daa'immanii gidduu jiraachuus ni hubanna. Kun daa'imman sadarkaa umrii wal fakkaataa, qabiyyee barnoota afaanii walfakkaatu akka barataniif haala mijeessa.

## 4.3 Madda Hanqinootaafi Danqaalee Barnoota Afaan Oromoo BSTD

Madda hanqinootaafi danqaalee yoo jennu dhimmoota akka sababaatti yookiin ka'uumsatti ilaalamaniidha. Sababoonni ykn ka'umsi hanqinootaafi danqaalee barnoota Afaan Oromoo gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti bifa milkaa'ina qabuun hojiirra akka hin oolchine taasisan ragaa afgaaffiifi marii gareerraa argameen asii gaditti ilaalla.

Akka afgaaffii G-1 waliin gaggeeffametti sadarkaa mana barnootaattis haa ta'uu sadarkaa aanaatti qabiinsa daa'immaniifi akkaataa dandeettiiwwan afaanii cimsuun danda'amu irratti sirni leenjii walii waliin muuxannoo kennuufi fudhachuu dhabamuu akka ta'e kaasaniiru. Kun kan nutti mullisu gulantaan barnootaa adda bahuu dhabuufi leenjiin kennamuu dhabuun akka sababaatti ilaalamuu agarsiisa. Kun immoo gulantaan barnootichaa keessatti bu'aa barbaadamu akka hin buusneefi adeemsa afaan barachuufi barsiisuu gufachuu akka danda'uudha.

Akka afgaaffii G-2 guyyaa 15/09/2015 waliin taasifame ibsanitti maatiin gulantaa BSTD keessatti daa'imman barsiifachuun dirqama akka ta'e beekuu dhabuufi sirni deeggarsaafi hordoffii laafaa ta'uu, kunuunsitoonni kutaa barnootaa keessatti ramadamuu dhabuu, iddoo daa'imman qubee sagaleessuufi barreessuun itti shaakalan mijaa'aa ta'uu dhabuu, daa'imman daretti baay'achuufi dareen dhiphachuun gulantaa kana keessatti afaan barsiisuuf madda rakkoolee armaan olitti ka'anii akka ta'e ibsaniiru. Yaada kanarraa wanti arginu gulantaa barnootaa kana keessatti bifa milkaa'in qabuun dandeettiiwwan afaanii cimsuuf mijaa'inni daree barnootaa afaan adeemsa baruu barsiisuu murteessaa murteessaa ta'uu agarsiisa.

Miseensonni marii garee 1[ffaa] guyyaa 21/9/2015 waliin gaggeeffame ibsanitti maddi hanqinootaafi danqaalee gosa barnoota Afaan Oromoo gulantaa BSTD keessatti barsiisuu qajeelfamoonniifi sirni barnoota gulantaa kanaa ifatti bocamee qaama hunda bira gahuu dhabuu, hubannoo gulantaa barnootichaa sadarkaa adda addaatti kan wal hin fakkaanne ta'uu, leenjiin akkaataa barnoota Afaan Oromoo itti bilchinaan barsiifamee bu'aa itti buusu irratti leenjiin gahaan kennamuu dhabuu, hubannoon maatii bu'aa gulantaa kanarratti qaban laafaa ta'uu ibsaniiru. Yaadni isaan kennan kan nutti agarsiisu qajeelfamoonniifi hammattoon sirna barnoota afaanii gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraatiif haala walfakkaatuun raabsamuu dhabuun sababa rakkoolee gulantaa barnootaa kana keessatti uumanii ta'uudha.

Akka miseensonni marii garee 2[ffaa] gulantaa BSTD keessatti Afaan Oromoo barsiisuu akka hojii duulaa yeroo tokko barsiifamee yeroo biroo itti dhaabbatuutti ilaaluun darbee darbee kan mullatu ta'uu, bu'aa daa'imman gulantaa barnootaa kana keessa darban argatan gama dagaagina afaaniifi gosa barnoota birootiinis akka cimuu danda'an hubachuu dhabuu ibsan. Dabalataan leenjii ogummaa dhabamuu, yeroo hunda ta'uu baatus daa'imman afaan dhaloota isaanii afaan biroo ta'an muraasni kutaa barnootaa tokko keessa jiraachuu, kitaabilee qophaa'an akkaataa umriin qoodamee qophaa'uu dhabuufi daa'imman umrii adda addaa walitti makamanii barachaa jiraachuufi qajeelfamni cee'umsa ykn darbiinsa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa mana barnootaa keessa jiraachuu dhabuu ibsaniiru.

Yaadni miseensonni garee 2[ffaa] dhiheessan gulantaa kana akka hojii yeroo qofatti ilaaluufi hubannoon walfakkaataan dhabamuu, gulantaa barnootaa kana keessatti daa'imman Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti dubbatan muraasni jiraachuun walqixa barsiisuufis haa ta'uu madaaluuf akka madda rakkootti kan ilaalamu ta'uufi daa'imman kanneeniif addatti meeshaalee barnootaa qopheessuun barsiisuun ulfaataa ta'uu, qabiyyeen qophaa'e umrii kan bu'uurfate ta'uu dhabuufi ulaagaan madaalli ifa ta'uu dhabuu nutti agarsiisa.

Qabiyyeefi ulaagaan cee'umsaa umrii, seenduubee, gahumsa daa'imman yoo xiqqaate goonfachuu qaban bu'uura godhatee qophaa'a. Akka 'Landry'ibsetti: sirni barnootaa yoo wixineeffamu umrii daa'immanii giddu galeessa godhachuu akka qabuufi gulantaa guddina isaanii ilaaluun murteessaa akka ta'eedha (Landry, 2007).

Qabatamni yookiin dhugaan jiru yaada hayyuu kanaan adda addummaa qaba. Umriin daa'imummaa ganamaa yeroo murteessaa afaan barachuuti waan ta'eef, gulantaa barnootaa kana keessatti qabiyyeen daa'immaniif dhihaatu, sirni madaalliifi ulaagaan cee'umsaa isaanii ofeeggannoo cimaa barbaada.

Walumaagalatti maddi hanqinootaafi danqaalee barnoota Afaan Oromoo barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa; qajeelfamoonni adda addaa sadarkaa biyyaatti dhimma barnoota sadarkaa tokkoffaan duraarratti qophaa'an mana barnootaatti gadi bu'ee hubannoon kennamuu dhabuu, leenjiin barsiisotaaf kennamuu dhabuu, daa'immaniif haalli mijaa'aan kutaa barnootaa keessatti uumamuu dhabuu, ragaan daa'immanii ykn seenduubeen daa'immanii waa'ee umrii isaanii ragaan dhugaa ta'e maatiirraa haa ta'uu guddistootarraa dhabamuufi lakkoofsi dubbattoota afaan biroo kutaa barnootaa keessatti muraasa ta'uudha.

## 4.4 Miidhaa Hanqinoonniifi Danqaaleen Fiduu Danda'an

Miidhaa yoo jennu hanqinoonniifi danqaaleen sadarkaa adda addaatti uumaman mudaa ykn balaa akkamii akka fiduu danda'an kan ilaallatuudha. Miidhaa dhufuu danda'an ragaalee funaanameen walbira qabuun asii gaditti ilaalla.

Akka afgaaffii G-1fi G-2 waliin taasifame ibsanitti miidhaan hanqinoonniifi danqaaleen barnoota Afaan Oromoo, barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti uumaman fidan daa'imman umrii daa'imummaa isaaniitti dandeettiiwwan afaanii kanneen akka dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, bareessuu, jechootaafi seerluga Afaan Oromoo osoo adda hin baafatin gulantaa itti aanutti darbuu, ofitti amanamummaan barachuu akka daanga'u, umrii dabarsanii mana barnootaa seenuun milkaa'inni isaan addunyaa barnootaa keessatti qaban gufachuu akka danda'u nutti agarsiisa.

Maatiin ykn guddistoonni daa'immanii gulantaa BSTD akka oolmaa daa'immaniitti ilaaluun bal'inaan akka jiru ibsaniiru. Yaadni kun kan nutti mul'isu daa'imman dandeettii afaanii bu'uura irraa kan itti cimsatan gulantaa kana ta'us sababoota umrii dabarsuun mana barnootaa seenaniif gahumsi isaanii gadi akka bu'u hubanna. Akka miseensonni marii garee 1ffaa keessatti hirmaatan miidhaa dhufuu malu dhiheessanitti; daa'imman dandeettii afaanii dagaagfachuu irratti gufachuu akka danda'an ibsan.

Umriin daa'immanii kutaa barnootaa keessatti gargar ta'uurraa sirni madaalliifi iyyaafannoo walitti fufaa daree keessaa akka gufatufi ulaagaa madaallii irratti burjaajiin uumamuufi daa'imman gahumsa yoo xiqqaate goonfachuu qaban osoo hin goonfatin gulantaa itti aanutti akka cee'aniifi sirni madaallii dhabamuurraa umrii malee dandeettiin ilaaluun ni hafa.

Akka miseensonni marii garee 2ffaa ibsanitti immoo kutaa barnootaa keessatti akkuma umrii isaanii gochi isaan raawwatanis adda addummaa akka qabu isan kunis; daa'imman qubeefi sagalee wal simsiisuun shaakaluuf yaalii taasisuu, barreessuuf shaakaluu, kanneen umriin isaanii naannoo waggaa torbaatti siiqan immoo sadarkaa jechoota barreessuufi dubbisuurratti kan argaman yoo ta'an daa'imman muraasa ta'an kanneen umriin isaanii waggaa afurii ta'an immoo callisanii kutaa barnootaa keessa taa'uu akka filatan ibsuun isaan kanneen immoo kutaa barnootaa keessatti iddoo tokkotti madaaluun akka ulfaataa ta'eedha.

Malleen baruu barsiisuu Afaan Oromoo kan barsiisota giddu galeeffate irra caalaa hojiirra ooluun hirmaannaan daa'immanii laafaa akka ta'e ibsaniiru. Yaadni kun kan nutti mul'isu umriin daa'immanii adda addummaa qabaachuun madaallii irratti dhiibbaa akka uumuu danda'ufi kutaa tokko keessatti daa'immaniif mala baruu barsiisuu filachuurratti dhiibbaa akka uumu agarsiisa. Daa'imman umrii waggaa 4 fi 6 waliin madaaluun xiinsammuurratti rakkoo uumuu danda'a. Kun immoo daa'imman mana barnootaarraa akka harca'aniif haala mijeessa.

Akka miseensonni garee 1ffaa 2ffaa keessatti hirmaatan ibsanitti Adeemsa baruu barsiisuu keessatti barsiisonni daa'imman Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barataniifi akka afaan lammaffaatti baratan muraasa adda baasanii deeggaruuf itti ulfaachuu, kitaabileen daa'immaniif manxaffamee raabsamuu dhabuun manatti maatiin yookiin guddistoonni akka hin deeggarre godheera. Umriin daa'immanii waggaa 4-6 umrii murteessaa ciicata barbaadu waan ta'eef, sadarkaa kanatti dandeettiiwwan afaaniitiin quucarraan gulantaa itti aanuutti afaaniifi gosa barnoota birootiinis harkifatoo akka ta'aniidha.

Kaka’uumsa daa’immanii afaan barachuu akka dadhabsiisu, ofitti amanamummaan gadaanaa akka ta’u, barsiisonni qabiyyee mijateef filatanii barsiisuun qabiyyeen walfakkaataan manneen barnootaa hunda keessatti akkuma gulantaa barnoota biroo akka hin kennamne ta’uu, milkaa’inni daa’immanii egeree barnootaarratti qabaniifi afaan barachuuf qaban gaaffii keessa akka seenu ibsaniiru. Yaadni dhihaate kun kan nutti agarsiisu kaka’uumsi daa’immanii, deeggarsi maatii ykn guddistootaa, adda addummaa afaan dhalootaafi lammaffaa gidduu jiru milkaa’inna daa’immaniirratti dhiibbaa uumuu akka danda’u hubachuun ni danda’ama.

Walumaagalatti miidhaan hanqinoonniifi danqaaleen raawwii barnoota Afaan Oromoo gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti uumamu fiduu danda’u; daa’imman kutaa barnootaa tokko keessatti dandeettiiwwan afaanii haala wal fakkaatuun gonfachaa deemuu dadhabuu, fedhiin afaan barachuu daa’imman afaan dhaloota isaanii Afaan Oromoo hin taane laafaa ta’uu, seenduubeen daa’immanii gargar ta’uurraa sirni madaallii ulfaataa akka ta’e, kutaa barnootaa keessatti daa’imman heddummaachuun gahumsa yoo xiqqaate isaan goonfachuu qaban irratti barsiisonni hojjachuu dadhabuun umrii daa’immanii qofa ilaaluudhaan kutaa tokkoffaatti ceesisuu; kun immoo milkaa’ina egeree daa’immanii gama barnoota isaaniitiin jiru irratti dhiibbaa gadhee uumuu akka danda’uudha.

# 5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

## 5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun mataduree hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa hanqinootaafi danqaalee godina Arsii aanaa Muunessaa keessatti mullatan xiinxaluun ragaa qabatamaa bu'uureeffachuun fala ni ta'a jedhee qoratichi itti amane qaama dhimmi ilaallatuufi qooda fudhattootaaf kennuun kaayyoo qorannichaati.

Qorannichi mala qorannoo akkamtaa hojiirra oolcheera. Iddattoowwan qorannoo kanaas manneen barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa, sadarkaa tokkoffaa keessatti hammatamanii jiran kan godina Arsii aanaa Muunessaa mala iddatteessuu akkayyootiin wiirtuu gurmuu manneen barnootaatti kaanneen qindeessitoota ta'an: Eegoo, Gumgumaa, Muunessa,fi Shuunee walii gala afur irratti kan fuulleffatee gaggeeffameedha.

Jamaan qorannoo kanaas itti gaafatamaa waajjira barnootaa 1fi itti aanaa 1 iddatteessuu haammargeen, ogeeyyii waajjira barnootaatti dhimma barnoota sadarkaa tokkoffaan duraafi afaan dhalootaarratti hojjatan 2 iddatteessuu akkayyoon, dura taa'ota 4 iddatteessuu hammargeen, barsiisota 4 iddatteessuu akkayyoon waliigala 12 ta'antu ragaa kennan.

Ragaaleen qorannoo, meeshaalee funaansa ragaalee afgaaffii itti gaafatamaafi itti aanaa waajjira barnootaa, hubdaawwannaa daree yeroo barsiisonni baruu barsiisuun gaggeessaniifi marii garee qaamolee asii olitti tuqaman hunda hammate gargaaramuun ragaaleen funaanameera. Ragaaleen qorannoo afgaaffii, hubdaawwannaafi marii gareen funaanaman hunduu ragaa akkamtaa yoo ta'u; ragaaleen argamanis mala qaaccessa ragaa akkamtaati

Hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo, BSTD keessatti hanqinootaafi danqaalee mullatan, madda hanqinootaafi danqaalee, miidhaa hanqinoonniifi danqaaleen kunneen fiduu danda'an adda baheera. Hooggantootaa, ogeeyyii waajjira barnootaa BSTDfi afaan dhalootaarratti hojjatan bira jiru, dura taa'ota manneen barnootaa, barsiisota, maatii ykn guddistoota daa'immanii bira hanqinni hubannoo akka jiruudha.

Maatii ykn guddistoota daa'immanii hubannoon isaan gulantaa barnootaa kanaaf qaban laafaa ta'uun milkaa'ina daa'immanii gama afaan barachuutiin qaban laaffisuu danda'a. Hubannoon hooggantoota waajjira barnootaa, ogeeyyii, dura taa'otaafi barsiisota bira jiru kan wal hin

fakkaanne ta'uurraa gulantaa barnootaa kana keessatti gosa barnootaa addatti baasuun barsiisuun akka hin barbaachifnetti kaasuufi darbee, darbee gosa barnoota biroon wal keessa akka barsiifamaa jiru bira gahamee ibsameera

Meshaaleen barnootaa manneen barnootaa keessaatti raabsamuu dhabuun barsiisonni qabiyyee kutaa tokkoffaa keessaa filachuun barsiisuufi haaluma isaanii mijateen qabiyyee filachuun barsiisuun mullateera. Qabiyyee barnootaa kutaa barnootaa keessatti daa'immaniif dhihaatee gosa barnoota Afaan Oromoo barsiifamaa jiru kan umrii daa'immanii waliin wal gitu gahaan akka hin jirre ibsameera. Meeshaaleen deeggarsa barnootaa daa'imman waantota naannotti argaman irraa akka oomishan jajjabeessuurratti kaka'uumsi jiru laafaa akka ta'eefi kutaa barnoota afaanii keessatti daa'imman miira nuffii akka horatan godheera. Meeshaaleen barnootaafi deeggarsa adeemsa baruu barsiisuu akka gufachiisuu danda'an ibsameera

Kutaa barnootaa keessatti malleen baruu barsiisuu akkamiittu barsiisotaan filatamee hojiirra oolaa jira kan jedhu ibsameera. malli baruu barsiisuu daa'imman giddu galeeffatefi mala taphoota adda addaa daa'immaniif dhiheessuun gahumsi daa'immanii akka daran dabalu gochuu irratti hanqinni jiaachuudha. Kanaaf immoo wanti sababa ta'e daa'imman kutaa barnootaa tokko keessatti baay'achuudha. Gahumsa daa'imman gama dandeettii afaaniitiin qaban bira gahuun barsiisuufi deeggaruuf barsiisonni akka rakkatan ibsameera.

Malleen madaalliifi iyyaafannoo walitti fufaa daree keessaa gargaaramuun gahumsafi dandeettiiwwan daa'immanii afaan irratti qaban yeroo yeroon baasuun sadarkaa barnoota itti aanuuf qopheessuurratti hanqinni jiraachuu ibsameera. Gahumsa daa'immanii sadarkeessuufi dalagaalee isaanii kuusuun akka hin jirre ibsameera. Dandeettiiwwan afaanii hunda galeessa daa'imman akka goonfatan gochuuf wantoonni danqaa ta'an umriin daa'immanii kutaa barnootaa tokko keessa jiran garaagarummaa qabaachuu, daa'imman afaan dhalootaa isaanii afaan biroo ta'an muraasni isaanii jiraachuu daree barnootaa keessatti barsiisuufis haa ta'uu dandeettiiwwan afaaniirratti madaaluuf danqaa akka uumuu danda'u ibsameera.

Barsiisonni gulantaa barnootaa kana keessatti barsiisan gosa barnoota hundaa dhuunfachuun barsiisuufi leenjii gahaan gosa barnoota Afaan Oromoorratti kan hin kennamne ta'uu, sirni barnootaa ifa ta'e jiraachuu dhabuurraa haalli deeggarsaa,hordoffiifi madaallii ogeeyyii waajjiraa biratti laafaa ta'uun kan jedhamuufi raawwiin walsimataa akka hin taane ibsameera.

Barsiisotaaf leenjiin gosa barnoota Afaan Oromoo irratti kennuun barsiisota gahoomsuurrati hanqinni jiraachuu adda baheera.

Gulantaa BSTD keessatti sirni barnootaa bocamee manneen barnootaa bira gahuu dhabuun,leenjiin barsiisotaa dhimma kunuunsa daa'immaniifi akkaataa dandeettiiwwan affanii daa'immanii itti dagaagsan kennamuu dhabuun, maatiidhaaf ykn guddistootaaf dhimma gulantaa barnootichaafi deeggarsa isaan daa'imman isaaniif taasisuu qaban irratti hubannoon kennamuu dhabuu akka danqaatti ilaallameera. Daa'imman maatii barnoota qaban keessaa dhufaniifi maatii barnoota hin qabne irraa dhufan kutaa barnootaa keessatti gama dandeettiiwwan afaaniitiin qabanii adda addummaa qabaachuu ibsameera.

Imaammanni barnootaafi leenjii akkasuma sirni barnoota Afaan Oromoof bocame ifatti jiraachuu dhabuu, danqaaleen gama seenduubee daa'immaniitiin jiru kanneen akka umriifi afaan dhalootaa heddummaachuu baatus akka mul'atu ibsameera. Daa'imman afaan dhalootaa isaanii Afaan Oromoo hin taane muraasni isaanii kutaa barnootaa keessa jiraachuurraa haalli isaan kanneen birootiin walfaana barachuu kan wal buuse ta'uufi daa'imman umriin isaanii gargar ta'e walitti makamanii barachuun isaanii gahumsa isaanii madaaluufi qabiyyee wal fakkaataa al tokkotti barsiisuun danqaa akka ta'e ibsameera.

Walumaagalatti gosa barnoota Afaan Oromoo gulantaa BSTD keessatti bifa milkaa'ina qabuun barsiisuun rakkoolee gama dandeettii afaanii daa'imman muudatan fala murteessaa ta'uu ibsameera. Meeshaaleen barnootaafi deeggarsa barnootaa daa'immaniif oomishaman, deeggarsaafi hordoffiin gulantaa kana irratti taasifamaa jiru laafaa akka ta'e, malli baruu barsiisuu daa'imman giddu galeeffate barsiisotaan hojiirra ooluu irratti qaawwi jiraachuu ibsameera. Malli madaalliifi iyyaafannoo walitti fufaa daree gaggeeffamaa jiru umrii daa'immanii waliin kan hin deemne ta'uu, sirni barnootaa addatti bocame kan hin jirreefi barsiisonni leenjii gahaa qaban ramadamuu dhabuun ibsameera. Maatii waliin walitti dhufanii hojjachuun laafaa akka ta'eefi seenduubee daa'immanii gama umrii, maatiifi afaan dhalootaan jiru adda baasuun daa'immaniif deeggarsa godhamuurratti hanqanni jiraachuu ibsameera

## 5.2 Argannoo

Gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti gosti barnoota Afaan Oromoo sirni barnoota isaa addatti akkuma gulantaa barnoota biroo kan hin qophoofne ta'uufi kan jirus gosa barnoota birootiin walkeessatti bocamuu adda baheera. Qabiyyeen afaanii kitaabilee maxxanfamee hojiirra oolaa jiruus kan dandeettiiwwan afaanii cimsuufi sadarkaa umrii daa'immanii waliin kan wal hin simneefi kan jiruu gahaa akka hin taane bira gahameera.

Malli baruu barsiisuu irra caalatti hojiirra oolaa jiru kan barsiisota giddu galeessa godhate ta'uu, malleen madaalliifi iyyaafannoo walitti fufaa daree keessaa gahumsa yoo xiqqaate daa'imman gulantaa BSTD keessatti goonfachuu qaban adda baasuuf qophaa'e ifa ta'uu dhabuurraa umrii akka ulaagaa madaalliitti ilaaluu, baay'inni daa'imman kutaa barnootaa tokkotti heddummaachuurraa barsiisonni dandeettiiwwan afaanii hundarratti yeroo yeroon gahumsa daa'immanii gama afaaniin qaban calalaa deemuu dhabuun, daa'imman dalagaalee sirrii yoo hojjatan jajjabeessuufi yoo dogongoran sirreessuuf ulfaataa ta'uu hubatameera.

Manneen  barnoota sadarkaa tokkoffaan duraatiif barsiisonni gosa barnoota Afaan Oromoo ramadamuu  dhabuu, hanqinni barsiisota leenjiii fudhatanii jiraachuu, kanneen  leenjii hin fudhanne barsiisaa jiraachuu, leenjiin gahaan barsiisotaaf barnoota sadarkaa tokkoffaan duraafi kunuunsaafi barnoota daa'immaniirratti kennamuu dhabuun bira gahameera.

Sirni too'iifi hordoffii hojiirra oolmaa gosa barnoota Afaan Oromoo gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti hooggantootni waajjira barnootaa, ogeeyyii waajjira barnootaa, barnoota sadarkaa tokkoffaan duraafi afaan dhalootaarratti hojjatan, dura bu'ootni manneen barnootaa biratti laafaa ta'uu, dandeettiiwwa afaanii hunda galeessa daa'imman bu'uurarraa akka cimsataniif walqunnamtii maatiifi barsiisotaa laafaa  ta'uu, maatiin daa'immanii ykn guddistoonni daa'imman isaanii mana barnootaatti erguu irraa kan hafe hordoffiin jiru laafaa ta'uu bira gahameera.

Yeroo wayitii barnoota tokkoof kenname kan golaa gahaa ta'us kan kutaa barnootaan alaa qabiyyee gosa barnoota Afaan Oromoo bifa taphaan akka  isaan  sagalee, jechoota, sagaleen jechoota gargaaramanii hima ijaaruu akka danda'aniifi qabiiyyee gosa barnoota Afaan Oromoo qopheessuu irratti hanqinni jiraachuu mirkanaa'eera.

Daa'imman umriin isaanii umrii waggaa 4-6 ta'aniifi kanneen dandeettii waa adda baafachuu qabaniifi waa adda baafachuu hin dandeenye walkeessa makuun qabiyyee walfakkaataa kutaaa barnootaa tokko keessatti karoorsanii barsiisuun, gahumsa daa'imman dandeettiiwwan afaaniirraatti qaban iyyaafachuufis haa ta'uu madaallii gaggeessuun danqaa akka ta'e bira gahameera

Hanqina gama deeggarsaafi hordoffiitiin jiru, hanqina gama mala baruu barsiisuu barsiisonni kutaa barnootaa keessatti hojiirra oolchaa jiraniifi hanqina gama malleen madaallii daa'immaniifi iyyaafannoo walitti fufaa daree keessaatiin jiru akka ta'e adda baheera. Sirni barnootaa, BSTD gosa barnoota Afaan Oromoo, hanqinni barsiisotaa jiraachuu, deeggarsi maatiin daa'immaniif taasisu laafaa ta'uu, seenduubeen daa'immanii gama umrii isaaniifi afaan dhaloota isaaniitiin jiru adda addummaa qabaachuu bira gahameera.

Maddi hanqinootaafi danqaalee kanneenii sirni barnootaa yeroo bocamu umrii daa'immanii giddu galeessa godhachuu dhabuufi too'iifi hordoffii taasifamaa jiru laafaa ta'uu, barsiisonni leenji'an dhabamuu, maatiin daa'immanii daa'imman mana barnootaatti erguurraa kan hafe hordofuu dhiisuun bira gahameera. Miidhaan hanqinoonniifi danqaaleen kunneen fidan daa'imman dandeettiiwwan afaanii osoo hin goonfatin kutaa lakkaa'uufi gahuumsi keessoo isaanii gama barnootaan qaban gadaanaa akka ta'u bira gahameera.

## 5.3 Yaada furmaataa

Gulantaa barnootaa kana keessatti gosa barnoota Afaan Oromoo bifa milkaa'ina qabuun, sirni barnootaa bocamee hojiirra yoo oole rakkoolee dandeettiiwwan afaanii bu'uraa daa'imman qaban furuu, milkaa'ina gosa barnoota birootiifi barnoota sadarkaa tokkoffaa keessatti daa'imman ni milkaa'u waan ta'eef caasaan barnootaa sadarkaan jiru maatii ykn guddistoota daa'immaniifi hawaasa mana barnootaaf hubannoofi ilaalcha bu'a qabeessummaa gulantaa barnootaa kana keessatti afaan barsiisuun qabu cimsuuf hojjachuu qabu.

Meeshaaleen barnootaafi deeggarsa barnootaa akkaataa umrii isaaniitiin, akkuma gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa kophaa, kophatti barsiisotaafi daa'immaniif kutaa barnootaa keessatti dhihaachuu qaba. Barsiisonni meeshaalee deeggarsa barnootaa waan naannotti argamurraa kanneen umrii daa'immanii waliin walsimu oomishuufi daa'immanis akka oomishan gochuun dandeettiin afaanii akka cimu taasisuu qabu. Meeshaaleen qophaa'an kamuu kan walgitiinsa barnoota daa'immanii mirkaneessu ta'uu qaba.

Barsiisonni umriin daa'imummaa, umrii baay'ee murteessaa ta'uun beekanii mala baruu barsiisuu kan daa'imman giddu galeessa godhateen Afaan Oromoo barsiisuu qabu. Gama mala taphaan dandeettiiwwan afaanii daa'immanii akka cimuu danda'u tapha akka mala ijoo afaan barsiisuutti fudhachuun taphoota ijoollee daretti fiduun akka akkeessan taasisuufi daa'immanis taphoota naannoo isaanii daretti akka dhiheessan taasisuu qabu. Daa'imman Afaan Oromoo akka afaan lammafaatti barataniif carraa bal'aa kennuu qabu.

Barsiisonni daree barnootaafi daree barnootaan alatti miirri wal irraa barachuu daa'imman giddutti akka dagaagu gochuufi tapha akka tarsiimoo, yaadamaafi teekinika Afaan Oromoo barsiisuutti fudhachuun hojiirra oolchuu qabu. Malleen Afaan Oromoo baruu barsiisuurratti leenjiin walii walii barsiisota akka taasifamuun sirni muuxannoo walii kennuufi wal irraa fudhachuu cimsuuf hooggansi barnootaa sadarkaan jiru haala mijaawaa uumuu qabu.

Malli madaalliifi iyyaafannoo itti fufaa daa'immanii akkaataa umrii isaaniin qophaa'uu qaba. Ulaagaam madaalliifi iyyaafannoo bifa qajeelfamaan qophaa'uu qaba. Barsiisonni daa'imman dandeettiiwwan Afaan Oromoo gabbifachaa jiraachuu beekuuf mala madaalliifi iyyaafannoo walitti fufaa hojiirra oolchuu qabu. Bu'aan madaalliifi iyyaafannoo bifa duubdeebiitiin maatiifi daa'immaniif kennaa deemuu qabu.

Daree barnootaa keessatti barsiisonni, gahumsa daa'immanii gama dandeettiiwwan afaaniitiin jiru adda baasaa deemuuf baay'inni daa'immanii kutaa barnootaa keessatti daa'imman 25-30 ta'uu qabu. Barsiisonni gulantaa kana yoo xumursiisan dandeettii jechoota dubbisuufi barreessuurratti xiyyeeffachuun ceesisuu qabu.

Sirni barnootaa Afaan Oromoo gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraatiif bahu umrii daa'immaniifi seenduubee daa'immanii bu'uura godhachuun qophaa'ee haala wal fakkaatuun manneen barnootaaf raabsamuu qaba. Kitaabilee, qajeelchiifi silabasiin umrii bu'uurfachuun daa'imman waggaa 4, waggaa 5 fi waggaa 6 jedhamee adda qoodamee bocamuu qaba. Hojiirra oolmaa barnootichaarratti sirni too'iifi hordoffii akka cimuuf hooggansi barnootaa sadarkaa mana barnootaatti gulantaa kanaaf addatti ramadamuu qaba.

Daa'imman gahumsa gama dandeettiiwwan afaaniitiin qaban oomishuuf barsiisota gahumsaafi dandeettii qaban oomishuun murteessaa ta'uun beekamee ministeerri barnootaa, biiroon barnoota Oromiyaafi caasaan barnootaa sadarkaan jiran gosa barnoota Afaan Oromoorratti barsiisotaaf leenjii akkaataa qabiinsafi barnoota daa'immanii irratti leenjii gahaa kennuun ramaduu qabu. Akkaataa daa'imman dandeettiiwwan afaanii hunda galeessa goonfachiisuun danda'amuufi qabiinsa daa'immanii irratti leenjiin hojiirraa barsiisotaaf kennamuu qaba.

Daa'imman umriin isaanii gargar ta'an walitti makuun Afaan Oromoo barsiisuun gahumsa gama dandeettii afaaniin qaban adda baafachuuf madaaluun ni ulfaaata; kanaaf haala umriin gola adda addaatti ramaduun irra fooyya'aa ta'uun beekamee hooggansi, ogeeyyiin, dura bu'oonni manneen barnootaafi barsiisonni wal ta'anii cichanii irratti hojjachuu qabu.

Caasaan barnootaafi hayyoonni sirna barnootaa Afaan Oromoo irratti hojjataa jiran daa'imman gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti, Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniif sirna barnoota walgitiinsa mirkaneessu bocuun tumsa gochuu qabu. Daa'imman Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniif akkaataa dandeettiiwwan afaanii itti gabbifachuu danda'an irratti barsiisonniifi manni barnootaa xiyyeeffannoo kennuun hamileefi kaka'uumsa barachuuf qaban jajjabeessuun deeggarsaafi kunuunsa gochuu qabu.

Qorannoon kun aanaa Muunessaa qofarratti xiyyeeffata; qorannoowwan kana fakkaataniifi kanaan walqabatan iddoo birootti hojjatamee kan fudhatama bu'aa qorannoo kanaa cimsuu ykn falmuu danda'an hojjetamuu akka qaban yaada kenna.

# WABIILEE


Addunyaa Barkeessaa 2011. *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Oromiyaa

Barnett, W. S. 1997. *Costs And Financing Of Early Child Development Programs: Early Child development. Investing In Our Children's Future.* Washington D.C. World Bank.

Barnett, W. S. 2008. Preschool Education And Its Lasting Effects: Research And Policy Implications. Phd. Thesis, Nieer, The State University Of New Jersey, United States.

Bibi W, Ali A. 2012. The Impact Of Pre-Primary Education On The Academic Achievements Of Primary School Students. The Dialogue Vii (2):152-159.

Brown, H. D. 2006. *Principles Of Language Learning And Teaching.*United States Of America: Pearson Education, Inc.

Biiroo Barnoota Oromiyaa. 2018. Qajeelfama Barnoota Idileen Duraa. Finfinnne: BBO

Chomisky N. 2006. *Language And Mind.* Third Edition. Cambridge: Cambridge University Press

Corson D. 1999. *Language Policy In Schools: A Resource For Teachers And Administrators.* London: Lawrence Erlbaum Associates, Publishers Mahwah, New Jersey

Cresswell.J.W. 2012. *Educational Research:Planning And Conducting Qualitative Research (*4th Edition). Upper Saddle River, Prentice Hall Kristin E. Geiser, Ilana M. Horwitz, Amy

European Commission. 2011. *Communication From The Commission:Early Childhood Education And Care.* Brussels Un,

FDRE. 2023. *National Early Childhood Development and Education Policy Framework.* Addis Ababa

FDRE, MoE. 2002. *Curriculum Frame Work For Ethiopia Early Childhood Care And Education (ECCE) In Ethiopia.* Addis Ababa: Ultimate Printing Press

_____.2008. *Ethiopia Pre-Primary Quality Standard.* Addis Ababa, Ethiopia

_____.2009. *Curriculum Framework For Ethiopian Education (Kg–Grade 12).* Addis Ababa

______.2010a. *Guidelines:For Early Childhood Care And Education* :Addis Ababa, Ethiopia

Forum for African Women Educationalists. 2019. *Gender-Responsive Pedagogy in Early Childhood Education:A toolkit for teachers and school leaders.* Ngong Road,Nairobi,Kenya


.

Gerstein. 2013. *Kindergarten Program Statment: Improving The Quality And Continuity Of Practice Across Early Childhood Education And Elementary Community School Settings*. Alberta Education: Alberta, Canada

Gezehagn A. 2005. The Relevance Of Kindergarten Curriculum And Its Implementation In South Wollo (Unpublished Master`s Thesis). Addis Ababa University, Ethiopia.

Gordon, A. M., & Browne, K. W. 2016. *Beginnings & Beyond: Foundations In Early Childhood Education.* Cengage Learning

Hailu Dinka. 2017. The Challenges of Government Preprimary Education Schools/Centers in Addis Ababa. 7th National Educational Conference on: Building the Foundations: Status, Challenges, and Prospects of Early Years education and Care in Ethiopia. Addis Ababa Addis : Ababa University

ISCED. 2011. *International Standard Classification Of Education Development.* UNESCO An Institute Of Statistics

Jeilan Aman. 2013. Challenges Of Mother Tongue Education In Primary Schools: The Case Of Afan Oromo In The East Hararge Zone, Oromia Regional State, Ethiopia.Un Published PhD Thesis). University Of South Africa, Department, Literature And Philosophy.

Joseph J. Caruso and M. Temple Fawcett. 2007. *Supervision In Early Childhood Education A Developmental Perspective*.3rd Edition,NY and London Published By Teachers College

Louis Cohen, Lawrence Manion and Keith Morrison. 2000. *Research Methods in Education* Fifth edition. London and New York : First published by RoutledgeFalmer 11 New Fetter Lane, London EC4P 4EE

Landry E. Davy. 2007. The Truth About Kindergarten: A Guide To Understanding Kindergarten, Presented By The New Jersey Department Of Education Trenton

Margaa Guddataa. 2019. *Gadaa Journal/Barruulee Gadaa*: Xiinxala Adeemsa Saxaxa Sirna Barnootaa Afaan Oromoo Sadarkaa Lammaffaa. Wollega University Institute Of Language Studies And Journalism Vol. 2 No. 2 Https:Journals.Ju.Edu.Et

Mhabiswas. 2013. American Journal Of Educational ResearchVol. 1, No. 1, 31-36 Doi: 10.12691/Education-1-1-7

Milkeessaa Miidhagaa 2015. *Afaan Oromoofi Imaammata Afaanii Biyya Itoophiyaa 1855-2015.* Finfinnee: Oromiyaa

MOE Republic Of Singapore. 2012. *Nurturing Early Learners:A Curriculum Framework For Kindergartens In Singapore:* Singapore The Neu Print Pte Ltd

Montessori, M. 1966. *The Montessori Method Introduction By J. Mc. V Hunt.* Seventh Printing. New York. Schocken Books

Morrison, E. & Perry. 1961. *Kindergarten Primary Education Teaching Procedures.* New York: The Ronald Press Company.

Piaget, J., & Inhelder, B. 1969. *The psychology of the child*. New York: Basic Books.

Sinqinash  Alamaayyoo. 2016. Xiinxala Gahee  Taphni Ijoollee Daa'imman Barsiisuurratti Qabu. Qorannoo Digirii Maastarsii. Yuunivarsiitii Adaamaa. (Kan hin maxxaffamne)

Suzanne L.Krogh  Kristine L. Slentz. 2001. *The Early Childhood Curriculum.* Lawrence Erlbaum Associates, Publishers Mahwah, New Jersey: London

Tsegaye Seifu. 2014. Practice And Challenges Of Preschool Education In Nefasilk Lafto Sub  City Of Addis  Ababa. Unpublished MA Thesis Addis Ababa

UNESCO. 2010. The World Conference On Early Childhood Care and Education (ECCE): Building  The Wealth Of Nations.  2010/Ed/Bas/Ecce/Me/1 Rev.2

_______. 2021. *Right To Pre-Primary Education   A global study*: Published by UNESCO 7, place de Fontenoy, Paris Printed in France

Whitebread, D., Bingham, S., Grau, V., Pino Pasternak, D. And  Sangster, C. (2012). *Development Of Metacognition And Self-Regulated Learning In Young Children: The Role Of Collaborative And Peer-Assisted Learning. Journal Of Cognitive Education And Psychology,*

Wills And Stegeman. 1956. *Living In The Kindergarten.* Chicago: Follett Publishing comp.

Worthy, Jo. 2003. Fifth-Grade Bilingual Students And Precursors To Subtractive "Schooling".RetrievedFromHttp://Www.Findarticles.Com/P/Articles/Mi_Qa3722/

Zawudinash Balaachoo. 2019. Sakatta'a Hojiirra Oolmaa Barnoota Idileen Duraa. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa: Kan Hin Maxxanfamne. Yuuninarsiitii Haramaayaa

# DABALEE A: AFGAAFFII HOOGGANTOOTA WAAJJIRAA

YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA

QAJEELCHA SAGANTAA EEBBA BOODAA

KOOLLEEJJII SAAYINSIIWWAN HAWAASAAFI NAMUMMAAWWANII

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGUMAAFI QUNNAMTII

**Afgaaffii Hooggantoota(Itti Gaafatamaafi Itti Aanaaf) Waajjira Barnootaaaf Dhihaate**

Afgaaffiin kun qorannoo mata duree ‘hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo, barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti (hanqinootaafi danqaalee) jedhurratti gaggeessuuf kan dhihaateedha. Ragaan isin qulqulinaan, haqummaafi ofitti amanamummaan kennitan qorannoo kanaaf gumaacha taasisa. Shakkii malee deebii sirriifi ifaa ta’e akka kennitan abdii qaba. Ragaa qoratichaa kennuuf qophii ta’uu keessaniif galatoomaa!

Qoraticha: Ahimad Amaan

1. Barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti barnoota Afaan Oromoo barsiisuun bu’aa akkamii qaba jettanii yaaddu? **Bu’aan nuti arginu yoom? Eessatti? Maaliif?**
2. Hanqinoonni gulantaa BSTD keessatti gosa barnoota Afaan Oromoo maal fa’a jettanii yaaddu? Wantoonni danqaa ta’an maal fa’a? Maddi hanqinootaafi danqaalee kanneenii maal fa’a? hanqinoonniifi danqaaleen kunneen miidhaa akkamii fiduu danda’u?
3. Meeshaalee Barnootaa raabsamaniiruu? kanneen akkamiiti? Yoo hin raabsamne maaliif?
4. Malli baruu barsiisuu barnoota Afaan Oromoo barsiisuu gulantaa BSTD keessatti hojiirra oolaa jiru kan akkamiiti? Mala Taphaa, mala daa’imman giddu galeessa godhateefi malleen biroo kan daran bu’a qabu biroo hojiirra oolaaraa?
5. Gulantaa BSTD keessatti malli iyyaafannoo walitti fufaa barnoota Afaan Oromoo kanneen akkamiittu hojiirra oola? Irra caalaa isaan kamtu dandeettiiwwan afaanii hunda galeessa daa’imman goonfachiisuuf bu’aa qaba jettanii yaaddu?
6. Sirna Barnootaa, BSTD sadarkaa mana barnootaatti gadi bu’ee hojiirra oolaaraa? Akkamitti? Rakkooleefi danqaaleen kanaan walqabatan maal fa’a?
7. Gahee Maatiin daa’immanii gulantaa BSTD barnoota Afaan Oromoo barsiisuu keessatti qaban maal fa’a? Tokkoon tokkoo gahee isaan qabanii sababeessuun haa dhiyaatu**.**

# DABALEE B: MIRKANEEFFANNAA HUBDAAWWANNAA GOLAA

YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA

QAJEELCHA SAGANTAA EEBBA BOODAA

KOOLLEEJJII SAAYINSIIWWAN HAWAASAAFI NAMUMMAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGUMAAFI QUNNAMTII

**Qabxiilee Mirkaneeffannaa Hubdaawwannaa Golaatiif Dhihaate**

Hubdaawwannaan kun qorannoo mata-dureen isaa 'hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti (hanqinootaafi danqaalee)' jedhurratti gaggeessuuf kan dhihaateedha. Daawwatamuuf qophii ta'uu keessaniif guddaa galatoomaa!

Furtuu: E=Eeyyee L=Lakki Qoraticha: Ahimad Amaan

| Tl | Wantoota/Dhimmoota/ Daawwataman | Manneen barnootaa daawwataman | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Eegoo | | Gumgumaa | | Muunessa | | Shuunee | |
| | | E | L | E | L | E | L | E | L |
| 1 | Afaan Oromoo Gulantaa BSTD keessatti akka baratamuuf kitaabni Afaan Oromoo daa'immaniif qophaa'eeraa | | | | | | | | |
| 2 | Qajeelchiifi silabasiin barnoota Afaan Oromoo gulantaa BSTD tiif qophaa'e jiraa | | | | | | | | |
| 3 | Kaardiiwwan marii adda addaa daa'immaniif qophaa'ee barnoonni Afaan Oromoo barsiifamaaraa? | | | | | | | | |
| 4 | Barsiisonni gulantaa BSTD keessatti barsiisan MDB, wayitii barnoota Afaan Oromoo adda baasanii itti gargaaramuu? | | | | | | | | |
| 5 | Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan dandeettii hunda galeessa/integrated skill/ irratti xiyyeeffatuu? | | | | | | | | |
| 6 | Malli baruu barsiisuu daa'imman giddu galeessa godhate hojiirra oolaaraa? | | | | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 7 | Daa'imman akka taphaan dandeettiiwwan afaanii hunda galeessa goonfatan gochuuf barsiisonni tapha  filachuun daa'immaniif carraa kennuu? | | | | | | | | |
| 8 | Wayitii barnoota Afaan Oromootti daa'imman wal irraa  akka baratan barsiisonni haala mijeessuu? | | | | | | | | |
| 9 | Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan hojii guyyaa, guyyaa daa'immanii  jijjiirama gama  dandeettiiwwan afaaniin jiru kuusuun madaaluu? | | | | | | | | |
| 10 | Malli iyyaafannoo walitti fufaa wayitii barnoota Afaan Oromootti hojiirra oolaaraa? | | | | | | | | |
| 11 | Malli iyyaafannoo walitti fufaa hojiirra oolaaru umrii daa'immaaniin wal simaa? | | | | | | | | |
| 12 | Barsiisonni maatii daa'immanii karaa kallattiifi alkallattii  ta'een qunnamuu fkn hojii manaa kennuun maatitti akka agarsiisan taasisuu? | | | | | | | | |
| 13 | Qabiyyeen barnoota Afaan Oromoo daa'imman baratan gulantaa isaanii waliin kan walsimuudhaa? | | | | | | | | |
| 14 | Barsiisonni daa'imman ofitti amanan, ofibsan, beekumsa isaaniifi waan maatii isaanii irraa argatan fkn ogafaan, aartii... akka  daretti ibsan jajjabeessuu? | | | | | | | | |
| 15 | Daa'imman ofii isaaniitiin daree barnootaafi bifa hojii maneetiin manatti akka kalaqan taasisuu? | | | | | | | | |

# DABALEE C: GAAFFILEE MARII GAREE XIYYEEFFANNOO

YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA

QAJEELCHA SAGANTAA EEBBA BOODAA

KOOLLEEJJII SAAYINSIIWWAN HAWAASAAFI NAMUMMAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGUMAAFI QUNNAMTII

**Gaaffilee Marii Garee Xiyyeeffannoo Barsiisota, Dura Bu'oota Manneen Barnootaa, Ogeeyyii Waajjiraafi Hooggantoota Waajjiraa Dhihaate**

Gaaffilee marii gareef dhihaate kun qorannoo mata-dureen isaa ''hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti (hanqinootaafi danqaalee) jedhurratti gaggeessuuf. Ragaan isin qulqulinaan, haqummaafi ofitti amanamummaan gareedhaan mari'attanii kennitan galma gahiinsa qorannoo kanaaf gumaacha guddaa taasisa. Kanaaf shakkii malee gaaffilee mariif dhihaatan irratti ibsa ifaa ta'e akka kennitan abdii qaba.

Marii gareen ragaa qoratichaa kennuuf qophii ta'uu keessaniif guddaa galatoomaa!

Qoraticha: Ahimad Amaan

Ajaja A. Gaaffilee armaan gadii gareedhaan irratti mari'adhaa

Ajaja B. Mariin booda yaada cuunfaa irratti walii galtan bakka duwwaa irratti barreessaa

Ajaja C. Kan barreessitan karaa barreessaa garee keessaniitiin dhiheessaa

1. Gulantaa barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa keessatti, gosa barnoota Afaan Oromoo baruu barsiisuutiin hanqinoonni mul'atan maal fa'a jettanii yaaddu?
2. Barnoota Afaan Oromoo gulantaa BSTD keessatti hojiirra oolchuu keessatti danqaa dhimmoonni ta'an maal maal jettanii yaaddu?
3. Maddi hanqinootaafi danqaaleen kanneenii maal fa'a ?
4. Hanqinoonniifi danqaaleen gulantaa BSTD keessatti barnoota Afaan Oromoo baruu barsiisuu keessatti mul'atan kunneen miidhaa akkamii geessuu danda'an jettanii yaaddu?

# DABALEE D: RAGAAFI ODEEFFANNOO IDDATOOWWANII

Gabatee 04 Baay'ina Daa'immanii Manneen Barnooota Filamanii Umriidhaan

| Tl | MB Filataman | umrii 4 | | | umrii 5 | | | umrii 6 | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Dhi | Dub | W/G | Dhi | Dub | W/G | Dhi | Dub | W/G |
| 1 | Shuunee | 3 | 4 | 7 | 22 | 23 | 45 | 32 | 35 | 67 |
| 2 | Eegoo | 8 | 5 | 13 | 36 | 28 | 64 | 32 | 22 | 54 |
| 3 | Muunessa | 5 | 6 | 11 | 17 | 15 | 32 | 24 | 26 | 50 |
| 4 | Gumgumaa | 18 | 19 | 37 | 21 | 21 | 42 | 18 | 26 | 44 |

*Maddi: Manneen barnoota akka iddatootti filatamaniidha*

Gabatee 05 Hooggantoota Waajjiraa, Ogeeyyii, Dura Taa'otaafi Barsiisota Filataman

| Tl | Namoota filataman | Saala | Iddoo hojii | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Amaan Araarsoo | Dhi | WBAM | B/B I/G |
| 2 | Nugusee Midhaaksaa | Dhi | WBAM | B/B I/A |
| 3 | Ushaa Nuuree | Dhi | WBAM | Ogeessa BSTD |
| 4 | Furnoo Hojiisaa | Du | WBAM | Ogeettii BSTD |
| 5 | Darajjee Amaan | Dhi | MB Shuunee | Dura taa'aa MB |
| 6 | Hasan Amaan | Dhi | MB Eegoo | Dura taa'aa MB |
| 7 | Gammachuu Duumechaa | Dhi | MB Muunessa | Dura taa'aa MB |
| 8 | Baacaa Naannoo | Dhi | MB Gumgumaa | Dura taa'aa MB |
| 9 | Boontuu Tasfaa | Dub | MB Shuunee | Barsiistuu |
| 10 | Gannet Hayilee | Dub | MB Eegoo | Barsiistuu |
| 11 | Kabbabush Shaambal | Dub | MB Muunessa | Barsiistuu |
| 12 | Tsiggee Isheetuu | Dub | MB Gumgumaa | Barsiistuu |

Gabatee 06 B/B Itti Gaafatamaafi B/B Itti Aanaa Waajjiraa Afgaaffiirratti Hirmaatan..

| Tl | Qaamota afgaaffii irratti hirmaate | Guyyaa afgaaffiin taasifame | Koodii |
|---|---|---|---|
| 1 | B/B Itti Gaafatamaa Waajjira Barnootaa | 15/09/2015 A.L.I | G-1 |
| 2 | B/B Itti Aanaa Waajjira Barnootaa | 15/09/2015 A.L.I | G-2 |

Gabatee 07 Guyyoota Manneen Barnootaa Daawwannaan Itti Gaggeeffame

| Tl | Manneen Barnootaa | Guyyaa Daawwannaan | Marsaa Daawwatame | Wayitii | Barsiisota daawwatamanii | Marsaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Eegoo | 17/09/2015 A.L.I | Marsaa tokko | 4ffaa | 1 | 1 |
| 2 | Gumgumaa | 17/09/2015 A.L.I | Marsaa tokko | 3ffaa | 1 | 1 |
| 3 | Muunessa | 19/09/2015 A.L.I | Marsaa tokko | 2ffaa | 1 | 1 |
| 4 | Shuunee | 19/09/2015 A.L.I | Marsaa tokko | 4ffaa | 1 | 1 |

Gabatee 08 Iddatoofi Iddatteessuu

| Tl | Qaama fialatame | Mala iddatoo | Baayyina | W/G |
|---|---|---|---|---|
| 1 | B/B Itti Gaafatamaa Waajjira Barnootaa | Hammargee | 1 | 1 |
| 2 | B/B Itti Aanaa Waajjira Barnootaa | Hammargee | 1 | 1 |
| 3 | Ogeeyyii BSTDfi Afaan Dhalootaa | Akkayyoo | 2 | 2 |
| 4 | Dura Taa'ota Manneen Barnoota | Hammargee | 4 | 4 |
| 5 | Barsiisota BSTD Keessatti Barsiisan | Akkayyoon | 4 | 4 |

Gabatee 09 Miseensota Marii Garee 1ffaa fi 2ffaa Keessatti Hirmaataniifi Gahee Isaanii

| Tl | Qaamota Marii Keessatti Qooda Fudhatan | Iddoo hojii | Garee | Gahee |
|---|---|---|---|---|
| 1 | B/B I/G Waajjiraa | WBAM | 1ffaa | Miseensa |
| 2 | Ogeessa BSTD | WBAM | 1ffaa | Miseensa |
| 3 | Dura taa'aa MB | MB Shuunee | 1ffaa | Barreessaa |
| 4 | Dura taa'aa MB | MB Muunessa | 1ffaa | Miseensa |
| 5 | Barsiistuu BSTD | MB Shuunee | 1ffaa | Miseensa |
| 6 | Barsiistuu BSTD | MB Muunessa | 1ffaa | Miseensa |
| 7 | B/B I/A Waajjiraa | WBAM | 2ffaa | Miseensa |
| 8 | Ogeettii BSTD | WBAM | 2ffaa | Miseensa |
| 9 | Dura taa'aa MB | MB Eegoo | 2ffaa | Barreessaa |
| 10 | Dura taa'aa MB | MB Gumgumaa | 2ffaa | Miseensa |
| 11 | Barsiistuu BSTD | MB Eegoo | 2ffaa | Miseensa |
| 12 | Barsiistuu BSTD | MB Gumgumaa | 2ffaa | Miseensa |

Furtuu: WBA=Waajjira Barnootaa Aanaa Muunessaa MB=Mana Barnootaa

I/A= Itti Aanaa B/B=Bakka Bu'aa BSTD=Barnoota Sadarkaa Tokkoffaan Duraa